# XIINXALA FAYYADAMA AFAANII QORICHA AADAA KENNUUFI FUDHACHUU KEESSATTI: HAALA UUMMATA OROMOO AANAA HIDHABUU ABOOTEE

FIRAA'OL DAFFAROO QILXUU

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOOLLEJJII NAMOOMAA,
QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

WAXABAJJII, 2013/ 2021

FINFINNEE

# XIINXALA FAYYADAMA AFAANII QORICHA AADAA KENNUUFI FUDHACHUU KEESSATTI: HAALA UUMMATA OROMOO AANAA HIDHABUU ABOOTEE

FIRA’OOL DAFFAROO QILXUUTIN

GORSAAN: ADDUNYAA BARKEESSAA (Ph.D)

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO,OGBARRUUFI FOOKILORII BARSIISUU GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIITTI DHIHAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOOLLEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

WAXABAJJII,2013/ 2021

FINFINNEE

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa Dhaabbata Qorannoo Digirii Lammaffaa**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii Barsiisuu guuttachuuf Fira'ool Daffaroo Qilxuutin, Mata duree: *Xiinxala Fayyadama Afaanii Qoricha Aadaa Kennuufi Fudhachuu Keessatti: Haala Uummata Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee* jedhurratti qophaa'ee, sadarkaa ulaagaa yuunvarsiitiin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa:

Qoraa Alaa: ______________________ Mallattoo __________ Guyyaa __________

Qoraa Keessaa: ___________________ Mallattoo __________ Guyyaa ___________

Gorsaa: __________________________ Mallattoo __________Guyyaa ___________

______________________________________________________________

Dura taa'aa Muummee yookin walitti qabaa Digirii lammaffaa (MA)

**Qabiyyee** **Fuula**

Axeerara ........ I

Galata ........ II

Jibsoo ........ III

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1

1.1.Ariirata Qorannichaa ........ 1

1.2.Ka'umsa Qorannichaa ........ 2

1.3. Gaaffilee Qorannichaa ........ 4

1.4.Kaayyoowwan Qorannichaa ........ 4

1.5.Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 4

1.6.Daangaa Qorannichaa ........ 5

1.7.Hanqina Qorannichaa ........ 5

8.1.Ibsa Iddoo Qorannichaa ........ 6

8.1.1.Hidda Latinsa Uummatichaa ........ 6

1.8.2. Baay'ina Uummatichaa ........ 7

1.8.3. Amantii Uummatichaa ........ 8

1.8.4. Diinagdee Uummatichaa ........ 8

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ........ 10

2.1.Seensa ........ 10

2.2.Yaadrimee Qorichaa ........ 10

2.3.Gosoota Qorichaa ........ 11

2.3.1.Qoricha Ammayyaa ........ 12

2.3.2.Qoricha Aadaa ........ 13

2.3.2.1.Barbaachisummaa Qoricha Aadaa ........ 14

2.3.2.2.Qoricha Aadaafi Dhukkuba Inni Irraa Nama Fayyisu ........ 15

2.4.Yaadrimee Fayyadama Afaanii ........ 16

2.4.1.Akaakuu Fayyadama Afaanii ........ 17

2.4.1.1. Fayyadama Jechamaa ........ 17

2.4.1.2. Fayyadama Malleen Dubbii ........ 18

2.4.1.2.1. Fayyadama Akkasaa ........ 18

2.4.1.2.2. Fayyadama Nameessaa ........ 19

2.4.1.2.3. Fayyadama Iddeessaa ........ 19

2.4.2.Fayyadama Afaaniifi Haala ........ 20

2.5.Fayyadama Afaanii Qoricha Aadaa Keessatti ........ 20

2.5.1.Afaan Makanii Fayyadamuu ........ 21
2.6. Gahee Fayyadama Afaanii ........ 22
2.7.Sakatta'a Barruu Walfakkii ........ 24
2.8.Yaaxina Qorannichaa ........ 26
2.8.1.Yaaxina Xiinqooqa Tajaajila Sirnawaa 'Systemic Functional Linguistic' ........ 26
2.8.2.Yaaxina Hasgochaa 'Speech Act Theory' ........ 27
BOQANNAA SADII: BEEDDUUBA, SAXAXAAFI XIMMALA 'PARADIGM,DESIGN AND METHODOLOGY OF THE RESEARCH' ........ 29
3.1.Seensa ........ 29
3.2.Beedduuba Qorannichaa 'Paradigm' ........ 29
3.3. Saxaxa Qorannichaa 'Design of the Research' ........ 30
3.4.Ximmala Qorannichaa 'Methodoogy of the Research' ........ 30
3.4.1.Irraawwatamaa Qorannichaa ........ 31
3.4.2.Madda Ragaalee ........ 31
3.4.3.Mala Iddatteessuu ........ 31
3.5.Mala Ragaan Ittiin Funaanname ........ 32
3.5.1.Afgaaffii ........ 32
3.5.2.Daawwaannaa ........ 34
3.6.Mala Xiinxala Ragaalee ........ 34
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE ........ 36
4.1.Seensa ........ 36
4.2.Ibsa Adeemsa Qoricha Aadaa Kennuufi Fudhachuu ........ 36
4.3.Makaa Afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti ........ 37
4.4.Fayyadama Afaanii Qoricha Aadaa Kennuufi Fudhachuu Keessatti Mul'atan ........ 43
4.4.1.Fayyadama Afaanii Sadarkaa Jechamaatti ........ 44
4.4.2.Fayyadama Afaanii Sadarkaa Malleen Dubbii ........ 60
4.4.2.1.Fayyadama Afaanii Sadarkaa Akkasaa ........ 61
4.4.2.2.Fayyadama Afaanii Sadarkaa Nameessaa ........ 63
4.4.2.3.Fayyadama Afaanii Sadarkaa Iddeessaa ........ 65
4.4.2.4.Fayyadama Afaanii Sadarkaa Afoolaa ........ 66
4.5.Qabiyyeewwan Fayyadama Afaanii Qoricha Aadaa Kennuufi Fudhachuu ........ 67
4.5.1.Ibsa Kennuu ........ 67
4.5.2.Gorsa Kennuu ........ 69

4.5.3.Ajaja Kennuu ..... 70
4.5.4.Akeekkachiisa Kennuu ..... 70
4.5.5.Abdii Kennuu ..... 70
4.5.6.Gaaffii gaafachuu ..... 71
4.6.Gahee Fayyadama Afaanii Qoricha Aadaa Kennuufi Fudhachuu Keessatti ..... 71
4.6.1.Akka Meeshaa Waliindubbiitti ..... 71
4.6.2.Akka Yaala Xinsammuutti ..... 72
4.6.3.Maqaa Dhukkubaafi Yaadrimeewwan Yaala Aadaa Moggaasuuf ..... 73
4.6.4.Ulfina Qoricha Aadaa Agarsiisuu ..... 75
4.6.5. Iccitii Yaala Fayyaa Aadaa Eeguu ..... 76
4.6.6.Beekkumsa Qoricha Aadaa Tursiisuu ..... 77
4.6.6.1.Safuun tursiisuu ..... 77
4.6.6.2.Waadaa Galchuun tursiisuu ..... 79
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ..... 80
5.1.Cuunfaa ..... 80
5.2.Argannoo ..... 81
5.3. Yaboo Qorannichaa ..... 83
Wabiilee ..... 85
DABALEE, A
DABALEE, B
DABALEE, C
DABALEE,D
DABALEE,E
DABALEE,F
DABALEE,G

## Axeerara

*Qorannoon kun kan geggeeffame mata duree Xiinxala Fayyadama Afaanii Qoricha Aadaa Kennuufi Fudhachuu keessatti Haala: Uummata Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee jedhurratti. Kaayyoowwan qorannichaa; fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti mul'atu adda baasuu; qabiyyeewwan fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti dhimma itti bahaman adda baasuufi gahee fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti qabu ibsuudha. Kaayyoowwan kana galmaan gahuuf, qorataan mala qorannoo akkamtaatti dhimma bahaeera. Maddi ragaalee qorannoon kun dhimma itti bahe madda ragaalee sadarkaa tokkoffaati. Kana malees, malli iddattoo qorannoo kanaa keessatti hojiirra ooolan: mala iddatteessuu kaayyeeffataafi walhimaa yookin darbaa dabarsati. Malleen kanatti dhimma bahuun qorataan iddattoowwan filate. Akkasumas, ragaalee qorannoo kanaaf oolan funaanuufis, meeshaalee funaansa ragaalee afgaaffiifi daawwannaan qorannicha keessatti dhimma itti bahamanii jiru. Ragaaleen funaannaman mala qaacceessa ragaa ibsaatti dhimma bahuun xiinxalamanii dhihatan. Argannoowwan gurguddoon qorannoo kanaan bira gahaman akka ibsanitti; ogeessonni qoricha aadaa kennaniifi namoonni yeroo qoricha aadaa ogeessota qoricha aadaa fudhataanii itti fayyadaman fayyadamni afaan isaanii jechoota afaan biraa; jechoota afaan Oromoo waliin walitti makuun akka itti dhimma bahan mul'isa. Akkasumas,ogeessonni qoricha aadaa kennaniifi namoonni qoricha aadaa fudhachuun itti dhimma bahan; fayyadamni afaan isaanii: jechama, mallen dubbii gara garaafi mammaaksatti akka fayyadaman agarsiisa. Kunimmoo, karaa salphaa ta'een mallattoo dhukkubichaa ibsuun qoricha dhukkuba isaanitiif ta'u argachuufi ogeessonni qoricha aadaa kennan odeeffannoo gahaa argachuun qoricha dhukkuba isaanitiif ta'u kennuu keessatti gahee olaanaa akka qabu hubatameera. Kanamalees, ogeessoonni malleen dubbii, jechamootaafi mammaaksa fayyadamuun gorsa, ajaja, ibsafi akeekkachiisa kennuuf itti fayyadamuun waliin dubbii nama qoricha aadaa fudhatuufi ogeessa gidduu jiru karaa salphaan akka walhubatan gochuurratti gahee guddaa akka qaban hubachuun danda'ameera. Walumaagalatti, qorannichi mata duree xiinxala fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti haala: uummata Oromoo aanaa Hidhabuu Abootee jedhurratti geggeeffame kun gaaffilee qorannichaarratti hunda'uun kaayyoolee kurfeesse bu'uura godhachuun; yaaxinootaafi mala qorannichi ittiin geggeeffamu filate. Kanumarratti hunda'uun qorannichi ragaalee funaannaman xiinxaluun argannoo bira gaheerratti hunda'uun yaboo qorannichaa ka'ee jira.*

# Galata

Jalqabarratti, hojiin qorannoo kun akka milkaa'uf jalqabaa hanga xummuraatti osoo nuffe, dadhabee hinjedhiin yaada bilchaataafi gabbataa naaf kennuun kan naqajeelchaa ture gorsaa koo Dr. Addunyaa Barkeessaa guddaan galateeffadha.

Itti aansuun, carraa barnootaa kana kan naaf kenneefi hojii qorannoo kana keessatti deeggarsa maallaqaa kan naaf taasise bulchiinsi aanaa Hidhabuu Abootee galanni nabiraa qabu guddaadha. Akkasumas, bulchaa aanaa yeroo sanaa kan turan obbo Haabtamuu Zallaqaafi koree isaaniifi waajjira Barnootaa Aanaa Hidhabuu Abooteetif galata guddaan qaba.

Hojii qorannoo kana obsaafi ciminaan akkan hojjedhuuf deeggarsa walirraa hincinnee naaf gochuun kan nawaliin dhama'aa turte haadha manaa koo barsiistuu Lalisee Hayiluutiin galatoomin jedha. Itti aansuun, waan humna isaaniitiin kan nadeeggaraa turan ijoollee koo Siifan Firaa'oliifi Nuufhikii Firaa'oliin galatoomaan jedha. Akkasums, hojii qorannoo kanarratti kan najajjabeessaa turan harmee koo aadde Shawayyee Alii, obbolaawwan koo Hayiluu Daffaroo, Daanyee Daffaroo, Tsahaay Daffaroofi Maatii ishee guddaan galateeffadha.

Hojii qorannoo kanarratti kan deeggarsa naaf godhaniifi haamilee naaf kennuun nabira dhaabbatan: obbo Katamaa Saffisaa, Ermiyaas Yaareed, Ashannaafii Taaddasaa, Fayyisaa Badhaadhaafi maatii isaa, Xibabuu Badhaadhaa, Birhaanuu Haabtamuu, Salamoon Naggasaa, Naatina'eel Faxxanaa, Immabeet Lammaa, Daanyee Abbabbuu, Balaayinash Abbaabbuu, Daffaraa Baay'isaa, Daanyee Toleeraafi maatii isaa, Mariid Taaddasaafi haadha manaa isaa barsiistuu Asteer Lammii galatoomaan jedha.

Dhumaratti yeroon ragaa qorannoo kanaa funaanuutti rakkoo namuudachuu malu jalaa akkaan ooluuf kan xalayaa deeggarsaa naaf barreessan Waajjira Bulchiinsa Aanaa Hidhabuu Abootee, Waajjira Aadaafi Turizimiifi namoota raga qorannoo kanaa yeroo isaanii aarsaa gochoon yeroofi iddoon beellameetti argamuun naaf kennan hundaaf dacha dirriba.

## Jibsoo

**Beenduuba-** muuxannoo qorataarratti hunda'uun ragaan funaanname akkamitti akkailaallameefi hiikkame kan nutti himu.

**Fayyadama afaanii-** Tajaajila afaan haala keessatti dubbatamu keessatti qabu. Kana jechuun, fayyadamni afaanii iddoofi yeroo itti dubbatamurratti hunda'uun tajaajilli inni kenne hubatama. Kanaaf, fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti dhimma itti bahamu kan yeroo kaaniirraa adda.

**Natoo -**Beekkumsa bara dheeraaf gufuuwwan adda addaa damdamatee dilbii ta'ee kuufame. (Addunyaa, 2010)

**Qoricha-** Dawaa aadaa namoota ogummaafi muxxannoo qabaniin biqiloota adda addaafi bineessotarraa qophaa'ee fayyaa namaafi bineeldotaa eeguuf ogeessa qoricha aadaatin kennamuu.

**Qoricha aadaa fudhachuu-** Namoonni dhukkuuba garagaraa dhukkubsatan ogeessa qoricha aadaa qopheessee kennu biraa qoricha dhukkuba isaanii fayyisu fudhachuun kan dhukkuba isaanirraa itti fayyannidha.

**Qoricha aadaa kennuu-** qoricha aadaa qaama bqiloota adda addaafi bineessota adda addaarraa ogeessa qoricha aadaatiin qophaa'ee namoota dhukuubsatanif akkaataa dhukkuba isaanitiin kennuudha.

**Ximmala (Methodology)-** Karaa qorataan tokko qabee qorannoo beekkamana keessaa gosa qorannoo kamfaa filatee geggeessuu yookin raawwachuu akka barbaade kan ittiin adda baasuufi filatu kan agarsiisudha. (Yaadasaa, 2008)

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1.Ariirata Qorannichaa

Dhalli namaa bineelda hawasummaati. Kanaafuu, gamtaan jiraachaa ture; jiraataa jira. Haala jiruufi jireenya gamtaa kana keessatti yeroo waliin jiraatu haala gammachuufi gadda, jibbaafi jaalala, aariifi muufii, quuqqaafi gidiraa isa muudatu; waliin jireenya gamtaa keessatti muuxxannoo yeroo hedduu keessatti kuufate fayyadamuun waljajjabeessaa, waldeeggaraa, yaada walii qoodaa har'a gahee jira. Dhimmoonni gurguddoon jireenya gamtaa dhala namaa kana utubaa ta'anii jiraachisaa turaniifi jiraachisaa jiran: aadaa, safuu, diinagdee, afaan, siyaasaafi kankanafakkaatan isaan qooda guddaa fudhatani. Dhimmoota kana kan walitti hidhuufi daandiin inni jalqabaa afaan dhalli namaa dubbatuufi jiruufi jireenya guyyuu guyyuu keessatti dhimma itti bahu.

Qorichi aadaa haala jiruufi jireenya hawaasaa keessatti fayyummaa hawaasa tokkoo tiksuufi diinagdee isaa utubuu keessatti murteessaa kan ta'u; waliigalteefi hubannaan namoota qoricha aadaa kennaniifi qorichicha fayyadaman gidduutti yoo jiraate. Kana jechuun milkaa'inni qorichummaa qoricha aadaa kan hundaa'u fayyadama afaanirratti.Yaaduma kana kan deeggaru barreeffamni akka addunyaatti jiru, kan Dhaabbanni Fayyaa Addunyaa, barreeffama mata dureen isaa "Guidelines on Developing Consumer Information on Proper Use of Traditional, Complementary and Alternative Medicine" jedhu keessatti "…geographical separation and cultural diversity, communication, even in the same tongue, presents a barrier to harmonization.The development of a "modern" language for TM may lead to better understanding of its theory and practice by the public, policy–makers and the medical society.Acommon language will contribute to further cooperation amongst researchers." (World Health Organization, 2004:36) jechuun ibsa. Yaada kanarraa kan hubannu, haalli teessuma laafaa, garaagarummaan aadaafi waliin dubbiin afaanii qoricha aadaa fayyadamuu keessatti akka gufuutti ilaallamu. Kunis, hawaasa afaan tokko dubbatan gidduuttis akka mul'atu ibsa.

Akkuma afaan qoricha aadaa ammayya'aa deemu hubannoon yaadiddamaafi shaakalli uummataan, seera tumtootaafi hawaasa seektara fayyaa keessa dalaganii fooyya'aa akka deemu hubanna. Kana malees, fayyadamni afaanii hunda galeessa ta'e yoo jiraate; hariiroon qorattoota gidduu jiru daran akka dagaguuf gahee olaanaa akka qabu agarsiisa. Akkasumas, akka Afrikaatti qorannoon gababaan qoricha aadaatiin walqabatu kan dhaabbata WWF-World Wide Fund For Nature jedhamuun bara 2009 mata duree "Traditional Medicinal Plant Practice in Southern Africa: A Situation Analysis in Zambia and

Zimbabwe" jedhun kaayyoo "The objectives of this Study were to gain a better understanding of the status of traditional medicinal plant practice in Zambia and Zimbabwe and to identify opportunities for its sustained growth." ( WWF-World Wide Fund For Nature, 2009: iv) jedhu galmaan gahuun argannoofi yaboo dhimmota ijoo ta'an: shaakala qoricha aadaa biqilootarraa argaman madaluu, faayidaa biqilootaa qorichaaf oolan, funaansaafi adeemsa qophiisaanii, bu'aa filatamaa biqiloota qorichummaaf oolaniifi qophii qoricha aadaatiif hammattoo seeraa jirurratti dhiheessa.

Hojiiwwan qoricha aadaarratti akka Itoophiyaatti hojjetaman keessaa: kan Wagaye (2016) qorannoo isaa mata duree "Indigenous Knowledge Of Herbal Medicine And Healing Practice Among The Gamo People: The Case Of Dorze Dere, Southern Ethiopia" jedhu keessatti mata duree xiqqaa qorannoo isaa keessa jiru kan "Knowledge Transfer" jalatti akkamitti uummanni Doorzee qoricha aadaa dhalootatti akka dabarsan kaasa. Yaata'u malee qoratichi uummanni beekumsa isaanii kana afaaniifi shaakalaan dhaloota labatatti akka dabarsan ibsa malee; fayyadamni afaanii uummatichi qoricha aadaa waliin qabu adda baasee hinteechisu. Kana jechuun qorannoo kana keessatti dhimmi fayyadama afaanii xiyyeeffannoo gahaa hinarganne. Kana malees, Kitilaa (2017) qorannoo mata duree "Qaaccessa Qabiyyee Qoricha Aadaa: Godiina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu Irratti Kan Xiyyeeffate" jedhu keessatti mata duree xiqqaa "Itti Fayyadama Afaaniifi Qoricha Aadaa" jedhu jalatti, dhimma fayyadama afaanii jedhee yaa kaasu malee fayyadamni afaanii qoricha aadaatiin walqabatee jiru adda baasee waan dhiheesse hinqabu. Kunis, fayyadamni afaanii qoricha aadaatiin walqabatu xiyyeeffannaa akka hinarganne agarsiisa.

Walumaagalatti qorannoowwan hedduun qoricha aadatiin walqabatanii geggeeffaman dhimma fayyadama afaanii qoricha aadatiin walqabatu waan dhiheessan hinqaban. Kan qorannoowwan tokko tokko keessatti dhihaatanis, qorichi aadaa afaaniin namaa namatti darbaa dhufuu eeru malee fayyadamni afaanii qoricha aadaa kana jedhanii xinxaalanii waan dhiheessan qoratan waan hinarganneef, qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti gama fayyadama afaaniin walqabatee uummata Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee biratti mul'atu xinxaleera.

### 1.2.Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoon kun xiinxala fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuun walqabaturratti xiyyeeffata. Qorannoon qoricha aadaarratti geggeeffamu qorattoota biyya keessaafi alaatiin geggeffamaa tureera. Garuu, qorattoonni kun qorannoo isaanii kan geggeessan qabiyyee, hariiroo inni qoricha ammayyaa waliin qabu, gahee qorichi aadaa diinagdee keessatti qabu, faayidaafi miidhaa isaafi waan

kana fakkaaturratti qofa xiyyefatu. Irra caalaan isaanii dhimma qoricha aadaatiin walqabatan walitti qabuun xiinxaalu.

Qorannoon qabiyyee, faayidaa, miidhaa, akkaataa itti qophaa'ufi waan kana fakkaaturratti qofa xiyyeeffatamee geggeeffamu qoricha aadaarratti qorannoon guutuu ta'e geggeeffameera jechuuf nama rakkisa. Qabannisaa, qorichi aadaa kan kennamuufi itti fayyadamamu afaaniin yookiin waliin dubbii ogeessa qoricha aadaafi namoota qoricha aadaatti fayyadaman gidduu jiruurratti hundaa'a. Kanaaf, qorannoo kana geggeessuuf kan na kakaasan keessaa inni **tokko**: fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti; jechoota afaan biraa makuun dhimma yeroo itti bahamu waan argeef; jechoonni kun jechoota Afaan Oromoo keessaa jecha gitaa qabu moo kan hinqabne yaada jedhu adda baasee mirkaneessuufi. Kunimmoo, jechoota afaan sanaa afaanicha keessaa hanbisaa; kan afaan biraan bakka buusaa deemuun guddina afaanichaarratti dhiibbaa qaba. Inni **lammataa**: beekkumsi qoricha aadaa kun kan darbaa asgahe himamsa afaaniin waan ta'ef fayyadamni afaanii qoricha aadaan walqabatee jiru qorannoon adda bahee galma'ee waan hijirreef galmeessee olkaa'uu barbaadee. Inni **sadaffaa**: qorichi aadaa fayyina dhala namaatiifi beelladaatiif dawaa ta'e, madda saayinsii fayyaa ammayyaaf, har'alleen fayyisummaan isaa iddoo olanaa qabuufi madda diinagee cimaa ta'uu danda'u kun bu'uura aadummaa isaa osoo hingadhiisin, hiika fayyadama afaan sanaa keessa jiru bu'uureeffatee qorannoowwan hedduun gadi fageenyan akka hojjetaman waanan hawwuufi. Dhimmoonni ijoon sadan kun, nakakaasaniiru.

Mata duree kanarratti qorannoo geggeessuun aadaa, safuu, duudhaafi fayyadama afaanii qoricha aadaatiin walqabatee hawaasicha keessatti mul'atu; dagaagsuufi beeksisuu, akkasumas, bu'aan qorannoo kanaa dhaloota dhufuufi qorattoota birootiif ka'umsa ta'a jedhee waan amaneef qorannoo kana geggeesera. Kanuma bu'uura godhachuun, fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti dhimma itti bahame xiinxalamee ibsameera.

Walumaagalatti, fayyadama afaanii qoricha aadaarratti gadi fageenyan qorannoo geggeessun, dhimma fayyadama afaanii qofa osoo hintaane, haala jireenyaa, duudhaa, safuufi rakkoo fayyaa hawaasicha keessa tureefi jiru akkamiin hiikaa akka tureefi jiru hubachuuf murteessadha. Kanaaf, qoratichi fayyadama afaanii qoricha aadaatiin walqabatee jiru sakatta'uun xiinxalee dhiheessera. Ka'umsi qorannoo kanaas, xiinxala fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti uummata Oromoo Aanaa hidhabuu Abootee biratti mul'atu qorachuudhan gaaffilee bu'uura armaan gadii deebiseera.

### 1.3. Gaaffilee Qorannichaa

1.Fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti walmakinsi afaanii jiraa?

1.Akaakuun fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti mul'atu kami?

2.Qabiyyeewwan fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuuf dhimma itti bahaman kami?

3.Gaheen fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti qabu maali?

### 1.4.Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti haala uummata Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee biratti mul'atu xiinxaalun ibsuudha. Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa ammoo kan armaan gadiiti:

1.Fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti walmakinsa mul'atu adda baasuu.

2.Akaakuu fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti mula'atu adda baasuu.

3.Qabiyyeewwan fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti dhimma itti bahaman adda baasuu.

4.Gahee fayyadamani afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti qabu ibsuu.

### 1.5.Barbaachisummaa Qorannichaa

Bu'aan qorannoo kanaa, karaa adda addaatiin haawaasa Afaan Oromootti fayyadamuufi namoota dhimma kanarratti qorannoo geggeessuu barbaadaniif barbaachisummaa armaan gadii kana qaba:

- Bu'aa qorannoo kanarraa hawaasni fayyadama afaanii qoricha aadaa waliin jiru hubachuun fuulduratti fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti haala gaariin akka itti fayyadamniif nigargaara.
- Fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti ogeessi qoricha aadaafi namoonni qoricha aadaatti fayyadaman dhimma itti bahan namoonni biroo beekuun akka itti fayyadamaniif nitajaajila.
- Koreen waaltina Afaan Oromoo bu'aa qorannoo kanaa akka ka'umsaatti itti fayyadamuun galmee jechootaa tajaajila qoricha aadaatiif oolu qopheessuu akka danda'uuf nigargaara.
- Bu'aan qorannoo kanaa qabiyyee barnoota idilee keessa galuun dhaloonni dhufu akka beekuu danda'u daandii saaqa.

- Waajjirri Aadaafi Turizimii Aanaa Hidhabuu Abootee bu'aa qorannoo kanaa hawaasa aanichaa hubachiisuun gahee itti fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti qaburratti hubannoo kennuuf akka itti fayyadaman taasisa.
- Waajjirri Aadaafi Turizimiifi Eegumsi Fayyaa Aanaa Hidhabuu Abootee waliin ta'uun bu'aa qorannoo kanarratti hunda'uun beekumtaa Oromoo qoricha aadaa kennuufi itti fayyadamuu waliin jiru galmeessanii teechisuun yaalii qoricha qopheessuufi ajaja qorichaa qopheessuuf bu'uura buusuu akka danda'aniif gargaara.

Walumaagalatti, namoota gara fuulduraatti mata duree kanaafi kankana fakkaatu irratti qorannoo bal'aa gaggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaatti dhimmoota gargaaruu danda'an argamsiisera.

## 1.6.Daangaa Qorannichaa

Mata dureen qorannoo kanaa, Xiinxala Fayyadama Afaanii Qoricha Aadaa kennuufi Fudhachuu Keessatti Haala Uummata Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee biratti muul'atu maal akka fakkaatu xiinxaluurratti xiyyeeffate. Akkuma waliin jireenyi hawaasaa bal'aa ta'e; wanti hawaasichi raawwatuus nibal'ata. Wanti hawaasni raawwatu hundi afaan bu'uureeffata. Kunimmoo, fayyadamni afaanii hawaasichi qabus bal'aa akka ta'e mul'isa. Kanarraa ka'uun, fayyadama afaanii dhimmoota adda addaa keessatti mul'atu hundarratti qorannoo geggeessuun rakkisaadha. Sababnisaa, hanqina yeroo,hanqina baajetaafi kan kana fakkaataniin waan daanga'uufi. Kanumarraa ka'uun, daangaan qorannoo kanaa: Xiinxala fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti haala uummata Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee biratti mul'atu xiinxaluun dhiheessuurratti daanga'e.

## 1.7.Hanqina Qorannichaa

Hanqinaaleen qorannoo kana keessatti muudatan hanqina yeroofi baajataa irraa kan ka'e namoota qoricha aadaa fudhatanii itti fayyadaman hundarraa ragaa funaanuu dhabuu, qorannoo kanaan kan walfakkaatu kanaan dura qorannoon waan hinhojjatamneef ragaa sakatta'a barruu walfakkii gahaa dhabuufi namoonni qoricha aadaa kennaniifi fudhatan ragaa kennuurraa of qusachuudha. Kana malees, rakkoon akka biyyaatti dhukkuba koronaa vaayirasii koovid-19 walqabatee muudate qoratichi yeroofi baajata karoorfameetti gargaarramuun ragaa funaanuuf hanqinni yeroofi baajataa muudachuufi ragaa kennitoonni bilisa ta'anii ragaa kennuuf fedhiin isaanii gadi bu'uun rakkoo hammataa ture. Haata'u malee, qoratichi hanqinoota ibsaman kanaaf akka furmaatatti kan fayyadame, yeroo argameetti karooraan fayyadamuun, labsii muddama yeroo dhukkubicha ilaalchisee bahe kabajuufi iddattoowwan isaas, kabachiisuun sodaa muudate furee, iddattoo isaarraa ragaa funaannateera. Hanqina baajataa isa

muudateef bulchiinsa aanaa gargaarsa gaafatee itti gargaarrameera. Dabalataanis, mata duree qorannoo kanarratti kan hojjetame bal'inaan dhabamus, kanneen walfakkiiifi walitti dhufeenya qaban keessatti mata duree xixiqqaarratti kan dhihaatan kan digirii lammaffaan hojjetaman itti gargaaramee jira. Akkasumas, fedhii iddattoowwanii ragaa kennuurratti gadi bu'e irra deebiin barbaachisummaa qorannichaa hubachiisuniifi sodaa dhukkuba koranaatiin walqabatee uumame hubannoo cimaa uumuufi gorsa kennuun akka furamu taasisee jira.


### 8.1.Ibsa Iddoo Qorannichaa

Iddoon qorannoon kun itti gaggeeffame Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Hidhabuu Abooteeti. Aanaan Hidhabuu Abootee akka aanaatti of dandeessee kan hundoofte bara 1965 A. L. H. tti. Aanaan Hidhabuu Abootee naannoo Oromiyaa, Godina Shawaa Kaabaatti, magaalaa godinichaa Fiicheerraa gara Kaabaatti kiiloomeetira 42, magaalaa guddittii biyyattiifi Oromiyaa, Finfinneerraa gara Kaaba bahaattii kiiloomeetira 154 fagaatee, kan argamtu yoo ta'u, karaa bahaa aanaa Dagam, karaa dhihaa aanaa Kuyyuufi Warra Jaarsoo, karaa kibbaa aanaa Dagamfi karaa kaabaa immoo aanaa Darraatiin daangafamtee jirti. Aanaan kun gandoota baadiyyaa kudha sagaliifi magaala tokko walitti gandoota diigdama qabdi. Bal'inni lafa aanaachaa heektaara 508970.39 uwwisa. Haalli teessuma lafa aanaa kanaa %6 baddaa, 50% baddadareefi 44% gammoojjiidha. (Madda, Waajjira Qonnaa Aanaa Hidhabuu Abootee)

#### 8.1.1.Hidda Latinsa Uummatichaa

Oromoon aanaa Hidhabuu Abootee gosa Oromoo Tuulamaa keessaa; gosa Bacho jedhamu jalatti ramadama. Tuulamni gosa gurguddaa sadi qaba. Isaanis: Daaci, Bachoofi jiille. Isaaan kunis gosa xixiqqaa balabala yookin mana jedhamanii qoodamanitti galu. Oromoon tuulamaa kan aanaa Hidhabuu Abootee keessa jiraatan kun ilmaan uruuti. Uru ilmaan sagal kan Hidhabuufi Diiramurraa horate qaba. Kunis, mana Hidhabuufi mana Diiramuu jedhamuun beekkamu. Ilmaan uruu kan Hidhabuu: Baantuu, Ariiroo, Abbaadhoo Nya'aafi Waajjuu; yoo ta'an, ilaan Diiramuu: Amuumaa, dhaahe, Darroofi -----dha. Walumaa galatti, hiddi latiinsa Oromoo aanaa Hidhabuu Abootee shanaan Hidhabuufi afran Diiramuu saglan uruu keessaa fuudhama. (OCTB, 2006)

**Caatoo 1: Latiinsa Hidda Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee Agarsiisu.**




**(Madda, OCTB,2006)**

### 1.8.2. Baay'ina Uummatichaa


Akka lakkoofsa uummataa bara 1999 A.L.H gaggeeffame agarsiisutti baay'inni uummata aanaa Hidhabuu Abootee dhiira 51,030 (48.8%), dhalaa 53412 (51.2%) waliigalatti 1044,442 ta'u. Akkasums, uumanni aanichaa 97.5% Oromoo, 2.5% amaraafi 0.1% saboota biroo akka ta'an muul'isa. (Madda, Lakkoofsa uummataa bara 1999 A.L.H)

### 1.8.3. Amantii Uummatichaa

Oromoon Tuulamaa jaarraa hedduuf amantii mataa isaa qabachaa turulleen, sababa dhiibbaa siyaasa mootummoota biyya kana bulachaa turanitiin amantii isaa dhiisee akka amantii biraa fudhatu taasifamaa ture. Sababa kanaaf, yeroo ammaa uummanni Oromoo kutaalee Oromiyaa garagaraa keessa jirataan amantii adda addaa hordofaa jiru. Oromoon Tuulamaa aanaa Hidhabuu Abootee keessa jiratanis, akkuma Oromoota kutaa Oromiyaa biro amantii garagaraa hordofu. Aanaa Hidhabuu Abootee keessatti gosoota amantaa beekkamoo saditu jiru. Isaanis amantaa Ortodoksii, amantaa Pirotestaantiifi amantaa Waaqeffannaati. Uummanni aanichaa harki caalu amantii Ortodoksii yoo hordofan, kanneen muraasa ta'an amantii Pirotestaantiifi Waaqeeffannaa hordofu. Akkasumas, amantii Islamaa kan hordofaniis nijiru. (Madda, Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Hidhabuu Abootee)

### 1.8.4. Diinagdee Uummatichaa

Dinagdeen aanichaa harki caalu qonnaafi loon horsiisuu irratti kan hunda'e. Gandoota baadiyyaa hunda keessatti qonnaan bultoonni gosa midhaanii xaafii, qamadii, garbuu, boqqoolloo, mishingaa gammoojjitti, talbaa, ayyolee yookin Zangadaa, nuugii, atara, baaqela, shumburaafi yeroo roobaafi jal'isiidhan kuduraafi muduraa baay'inaan hoomishama. Akkasumas, horii fooniifi ro'ootni, darbee darbee hoolonni nihorsiifamu. Akkasumas, kotte duudaan nihorsiifamu. (Madda, Waajjira Qonnaa Aanaa Hidhabuu Abootee)




Kaartaa aanaa Hidhabuu Abootee.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

## 2.1.Seensa

Qorannoo kana keessatti gabbisi qoricha aadaa galmoo ‘context’dha. Kunimmo, jijjiirramaa dhaabbataa yookiin ofdanda’aa ‘independent variable’qorannichaati. Akkasumas, fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti dhimma itti bahame jijjiirramaa hirktaadha. Kutaa kana jalatti, barruuleen sakata’aman galmoo ‘context’irraa eegalu. Bu’uura kanaan, yaadonni dhihatan: yaadrimee qorichaa, gosoota qorichaa, maalummaa qoricha ammayyaa, maalummaa qoricha aadaa, barbaachisummaa qoricha aadaa, gosoota qoricha aadaa, qoricha aadaafi dhukkuuba inni irraa nama fayyisu, yaadrimee fayyadama afaanii, akaakuu fayyadama afaanii, fayyadama afaaniifi haala, fayyadama afaanii qoricha aadaa keessatti, sakatta’a barruu walfakkiifi yaaxina qorannichaa sakata’uudha. Kanaaf, tokko tokkoon mata dureewwan kanneen jalatti akkaataa barbaachisummaa qorannoo kanaatti qabxiileen ijoo ta’an sakatta’amanii dhihaataniiru.

## 2.2.Yaadrimee Qorichaa

Muuxxannoo dhalli namaa falaasama jiruufi jireenya isaa keessatti horateen, bara dheeraaf beekumsa isaatiin fayyummaa isaafi beelladoota isaa tikfachaa dhufeera. Muxxannoon kun kuufamuun, jiruu isaa keessatti muuxxannoo biroo isa kan biroorra fooyya’aa horachaa dhufuun sadarkaa qoricha fayyummaa isaa eegu tolfateera. Kunis, muuxxannoon dhalli namaa aadaa isaatiin masakee itti fayyadamaa ture kun qoricha ammayyaa har’a addunyaan itti fayyadamtuuf gumaacha taasisuun, tajaajilaa jira. Yaaduma kana, kan deeggaru barreeffamni Dhaabbata Fayya Addunyaa waa’ee qorichaarratti dhiheesse yaaduma kana cimsa.

> Traditional and modern systems of medicine were developed by different philosophies in different cultural backgrounds. They look at health, diseases and causes of diseases in different ways. These differences bring different approaches to health and diseases. However, both systems deal with the same subject – human being. The old and modern arts of healing should exist together. *(World Health Organization, 2000)* jedheet ibsa. Yaada kanarraa kan hubannu:

Tooftaan yaalaa qoricha aadaafi ammayyaa kan dagaagaa dhufee falaasama aadaa adda addaa keessatti. Isaan kunis, fayyummaa, dhukkubaafi sababoota dhukkubaa garagaraarraa karaa adda addaatiin akka ilaalan ibsa. Garaagarummaan kunimmoo, haala yaalaa garagara ta’e akka hordoofaniif haala mijeessuu

eera. Yaata’umalee, tooftaawwan lachuu nama fayisuurratti kan walutuban ta’uu barreeffama kanarraa hubachuun nidanda’ama.

### 2.3.Gosoota Qorichaa

Qoricha hawaasni fayyaa isaafi loon isaa eeggachuuf dhimma itti bahu iddoo gurguddaa lamatti qooduu dandeenya. Yaata’u malee, qorichi aadaafi ammayyaa tajaajilli isaan kennan walfakkachuun hariiroo qorichoonni kun lamaan qaban olaanaa ta’uu isaa muul’isa. Yaadni dhaabbata fayyaa addunyaas, kanuma mul’isa.

> The integration of traditional medicine with modern medicine may have three different meanings. First, it may mean incorporation of traditional medicine into the general health service system. The government recognizes the practice of traditional medicine and the use of traditional medicine is incorporated into the mainstream of health service system… Second, it may mean integration of the practice of traditional medicine with that of modern medicine… Third, it may mean the integration of traditional and modern medicine as two branches of medical science. Although traditional and modern medicines have developed in different cultural contexts and are at different stages of scientific development, they have many similarities. (World Health Organization, 2000)

Akka yaada barreeffama kanaatirraa hubannutti, walitti dhufeenyi qoricha aadaafi ammayyaa hiika sadi qabachuu isaati.Inni duraa, qorichi aadaa tooftaa yaala fayyaa waliigalaa keessatti hamatamuudha. Kunis, qorichi aadaa yaala fayyaa keessatti mootummaarra beekkamtii argatee tajaajiluu isaati. Inni lammataa, qorichi aadaafi qoricha ammayyaa waliin yaalii keessa jiraachuu isaaniti. Kunis, dooktaroonni beekkumsa gahaa qoricha aadaarratti qabaan qoricha aadaarraa qoricha ammayyaa qopheessuuf hojii guyya guyyaa godhachuu isaanii ibsa. Kunis, qorichi aadaafi ammayyaarratti walcinaatti yaaliin geggeeffamaa jirachuu agarsiisa.

Qorannoowwanis kan mul’isan, dhukkubsattoonni qoricha gosa lachuu fayyadamaa jirachuu isaanii agarsiisu. Inni sadaffaan, qorichi aadaafi ammayyaa kan walitti dhufan akka damee saayinsii fayyaa lamatti. Yaata’u malee, qorichi aadaafi ammayyaa kan qopha’aan haala aadda addaafi sadarkaa guddina saayinsii adda addaa keessatti. Garuu, walfakkeenya baay’ee akka qaban barreeffama kanarraa hubachuun nidanda’ama.

Beekumsi aadaa daangaa bal’aa artiidhaa hanga qonnaatii; akkasumas, biqiloota qorichummaaf oolaniifi yaala mala aadaatti jiru hammata. Kunis, hawaasa keessatti akka iccitiitti afaaniin dhaloota dhalootatti dabraa akka dhufe hubanna. Garuu, beekumsi aadaa kun akka uummanni argachuu danda’uutti barreeffamaan yookin meeshaalee elektrooniksiitiin galma’uu qaba.

> Ryan (2014:1) Traditional medical knowledge is experiencing increased attention worldwide in light of global health care demand and the significant role of traditional medicine in meeting the public health needs of developing countries. Traditional medicines already comprise a multibillion dollar, international industry, and the biomedical sector is increasingly investigating the potential of genetic resources and traditional knowledge. Documenting and protecting these medicines is becoming a greater priority.

Akka yaada haayyuu kanarraa hubachuun danda'amutti, beekumsi qoricha aadaa akka addunyaatti fedhii fayyummaa addunyaa keessatti xiyyeeffannoo olaanaa qabachuufi biyyoota guddataa jiran keessatti gahee murtessaa qabachuun isaa nuhubachisa. Qorichi kun, warshaalee addunyaa keessatti qarshii biliyoonaatti tilmammamu argamsisuun gama diinagdeetinis, humna qabachuu agarsiisa. Kanaaf, qoricha kana galmeessanii kunuunsun hojii hangafaa akka ta'e hubanna.

### 2.3.1.Qoricha Ammayyaa

Addunyaa bara kanaa keessatti, jiruu dhala namaaf qormaatawwan gurguddoo ta'an keessaa tokko dhukkuba. Dhalli namaa erga gara addunyaa kanaatti dhufee jalqabee fayyaa isaa eeggachuuf yaaliwwan hedduu gochaa dhufee jira. Yaaliwwan dhalli namaa jiruufi jireenya isaa keessatti dhukkuboota fayyaa isaafi beelladoota isaa miidhuu danda'an irraa ofittisuufi fayyuuf taasisu keessatti muuxxannoo yookin ogummaa qorichaa waan naannoo isaarraaa argamurraa qopheessuun fayyummaa isaafi beelladoota isaa eeggachaa ture, eeggachaas jira. Muuxxannoon jiruu isaa keessatti kuufamaa dhufe kun, hanguma guddinni saayinsiifi teeknolojii dabalaa dhufe muxxannoon inni dhukkubarraa of eeguufi of ittisuuf taasisaa dhufe kun beekumsa ammayyaatiin deeggaramee, argama qoricha ammayyaatiif bu'uura ta'e.

Qorichi ammayyaa ka'umsi isaa qoricha aadaa ta'e kun daraan guddachaa yaa dhufu malee har'alleen utuubaan qorichummaa isaa beekumsa qoricha aadaa waliin jiru irraa bilisaa miti. Adaduma barbaachisummaan isaa dabalaa dhufe fedhiin qoricha aadaafi ammayyaa walcinaa fayyadamuu guddachaa dhufe seeraa baastotaa, dhaabbilee fayyaafi ogeessota fayyaa biratti xiyyeeffannaa guddaa argachaa dhufe. Kun, kan muul'isu maddi qoricha ammayyaa qoricha aadaa ta'uufi hariiroon isaan gidduu jiru xiyyeeffannaa akka barbaadu. Yaaduma kana Dhaabbanni Fayyaa Addunyaa (2004:4) yoo ibsu:

> Modern medicine developed very quickly and made major contributions to disease control in the past century. Interestingly, despite a rapid growth in knowledge and techniques in modern medicine, the end of the last century also saw a dramatically increased interest in traditional medicine. The increasing public demand for its use has led to considerable interest among policy–makers, health administrators and medical doctors on the possibilities of bringing traditional and modern medicine together.

Jaarraa darbee keessa qorichi ammayyaa ariitiin guddina agarsiisun dhukkuboota to'achuu keessatti gahee olaanaa taphateera. Guddina gama beekkumsaafi tooftaa qoricha ammayyaatiin muul'ateen walqabatee fedhiin qoricha aadaa garmalee dabalaa dhufe. Fedhiin hawaasaa fayyadama qoricha aadaatiin walqabatee dhufe kunis, namoonni seera tuman, dhaabilee fayyaa hooggananiifi ogeessota fayyaa biratti fedhii qoricha aadaafi ammayyaatiif walfaana xiyyeeffannaa akka godhan carraa uumuu isaa hubanna.

Akka Dhaabbanni Fayyaa Addunyaa gabaasa mata duree 'Traditional And Modern Medicine Harmonizing The Two Approaches" jedhu keessatti ibseetti, "Traditional medicine precedes modern medicine. Most traditional remedies have not been evaluated by sound scientific methods. This means that,at this stage, traditional medicine is not easily understood by modern medicine. However, traditional remedies have been "field–tested" by tens of thousands of people for hundreds of years." (WHO, 2000 :12) jechuun ibsa. Yaada kanarraas kan hubannu, qorichi aadaa qoricha ammayyaa akka dursuufi qorichi aadaa baay'een saayinsiin akka hinmirkanoofne. Yaata'umalee, qorichi aadaa kun qorattoota hedduuf dirree qorannoo ta'ee baroota dheeraaf akka tajaajile. Kunimmoo kan muul'isu, qorichi aadaa madda qoricha ammayyaa ta'uu isaati.

Qorichi ammayyaa akkataan itti fayyadama isaa saayinsiin deeggaramee bareeffama adda addaatiin dhihaachuun ogeessoonni fayyaafi dhukkubsattoonni karaa salphaafi itti fayyadamuu danda'aniin galma'ee ta'a. Kanaaf, qorannoo kana keessatti akkuma ogeeyyin fayyaafi dhukkubsattoonni waliin dubbii taasisan keessatti afaan fayyadaman; qoricha aadaa keessattis, fayyadamni afaanii waan jiruuf qorataan kana xiinxalee dhiheessera.

### 2.3.2.Qoricha Aadaa

Dhalli namaa erga gara addunyaa kanaa dhufee jirachuu eegalee beekumsa adda addaa muuxxannoo taatee yeroo adda addaatti isa muudaturraa horachuu danda'ee jira. Beekumsi dhala namaa kun ijaarsa hawaasummaa, diinagdeefi siyaasaa bu'uura aadaa isaarratti hunda'e akka qabaatu isa taasisee jira. Kunimmoo, beekumsa hawaasaa kanneen akka beekumsa qoricha aadaa dabalata. Qorichi aadaa beekumsa haasaa muuxxannoo jiruufi jireenya keessatti horatamee qorichoota ammayyaa amma addunyaa kana tajaajilaa jiraniif bu'uura jabaa buuse, buusaa jiru. Beekumsi kun, beekumsa iccitii jabaa qabuufi afaan bifa addaatiin itti fayyadamu. Qorichi aadaa akkaataan itti qophaa'uufi itti fayyadaman afaaniin dhalootarraa dhalootatti iccitii mataa isaa qabatee dabraa dhufe, dabraa jira. Yaaduma kana, Ryan waa'ee maalummaa qoricha aadaa Dhaabbata Fayyaa Addunyaa (WHO) wabeeffachuun yoo ibsu:

The World Health Organization (WHO) defines traditional medicine as “the sum total of the knowledge, skills and practices based on the theories, beliefs and experiences indigenous to different cultures, whether explicable or not, used in the maintenance of health, as well as in the prevention, diagnosis, improvement or treatment of physical and mental illnesses.” (Ryan, 2014) jechuun ibsa.

Yaada kanarras, kan hubannu, qorichi aadaa kuufama beekkumsaa, dandeettiifi shaakalaa yaadarratti hunda’e, amantaafi muuxxannoo aadaa garagaraa fayyina eeguu, dhukkuba ittisuu, adda baasuufi fursiisuu danda’aniifi hindaneenye kan ofkeessati hammachuu danda’u ta’uu hubanna.

### 2.3.2.1.Barbaachisummaa Qoricha Aadaa

Bara jireenya dhala namaa keessatti, wantoonni dhalli namaa itti tajaajilaman, muuxxannoo ilmi namaa jireenya isaa keessatti kuufachaa, fooyyeeffachaafi itti fayyadamaa dhufe. Kanaaf, immoo ragaan jireenyuma hawaasichi jiraatu. Yaata’u malee, muuxxannoo jireenya isaa keessatti kuufate kana kan itti tajaajilamu yoo fayya qabeessa ta’e. Kanaaf, hawaasni tokko guyyaan inni fayyaa isaa eeggachuuf beekumsa isaatti fayyadamuu eegale yaawallalamu malee, fayyaa isaafi beelladoota isaa qorichoota biqiloota, bineessotaafi albuudotarraa walitti guuruun eeggachaa turuufi jiraachuun isaa haqa. Yaada kana, Fileen (2016 : 38) irratti yoo ibsu:

> Beekumtaa qorachuun fayyaa qorachuudha.Yaadni kun yemmuu balballoomu,beekumtaa qorachuun qorichoota aadaa kanneen fayyaa namaafi bineelladootaaf oolan adda baasuun beekuudha.Qorichoonni aadaa uummata tokkoo dhukkuba dura (protective),dhukkubarratti (preventive) akkasumas, dhukkuba booda dandamachuu (recovery) fayyaa namaafi bineelladootaa eeguudhaaf shoora olaanaa waan qabaniif,gadi fageenyaan qorachuun barbaachisaadha.jedha.

Barbaachisummaan qoricha aadaa inni ijoon, fayyaa namaafi beelladootaa eeguu, fayyisuufi waldhaanuudha. Kana malees, dhimmoonni kuni ijoo yaata’an malee, qorichi aadaa hawaasa tokkoof madda diinagdee ta’ee yeroo tajaajilu nimuul’ata. Hawaasni madda diinagdee qabuufi fayyaan isaa eeggame milkaa’ina jireenyaa waan qabuuf ogummaa kana dhalootatti dabarsuuf human qabata. Yaata’u malee, hawaasni madda diinagdeefi fayya qabeessa ta’uu qofaan ogummaa fayyaa aadaan qabu kana qixaan dhaloota dhaalchisa jechuun hindanda’amu. Kana gochuuf, hawaasni akkuma diinagdeefi fayyaa isa barbaachisu waliin dubbii walhubannaa qabu isa barbaachisa. Kun immoo, fayyadama afaanii milka’aa ta’e hordofuu feesisa.

Yaaduma kana, Ryan (2014 : 5) irratti yoo ibsu,

> Pre-industrial communities have been responsible for the discovery of most of the medicinal plants in use today, and many communities are still involved in the wild collection, domestication, cultivation and management of medicinal plant resources. This economic activity supports many indigenous peoples and local communities, a benefit that in turn provides incentives for the conservation of TM. While some medicinal plants are cultivated commercially, most continue to be collected from the wild.

Yaada kanarraa kan hubannu, qaroomina hawaasaa dura hawaasni qoricha aadaa har'a tajaajilu kana argachuufi har'a illee biqiloota qorichummaaf oolan funaanuu, omishuu, madaqsuufi kunuunsuurratti bobba'ee akka jiru hubanna. Kunimmoo, namoota naannoofi hawaasa biroo diinagdeen utubaa akka jiruufi baay'een qorichoota kanaa daldaalaaf omishamaafi bosona keessaa funaannamaa akka jiru agarsiisa. Kanaaf, qorichi aadaa diinagdee hawaasa tokkoo keessatti gumaacha akka qabu hubachuun nidanda'ama.

#### 2.3.2.2.Qoricha Aadaafi Dhukkuba Inni Irraa Nama Fayyisu

Qorichi aadaa biqiloota, bineelladoota, albuudootaa fi bineessotarraa qopheeffamuu nidanda'a. Biqilootarraa kanneen qophaa'an qaama biqilootaa kanneen akka baala, hidda, jirma, firii, quncee, aannaniifi kankana fakkatanirraa niqopheeffamu. Akkasumas, bineessotarraa kanneen hojjetaman qaama bineessotaa kanneen akka foon, lafee, gogaa, aannaan, rifeensafi kankana fakkatanirraa qopheeffamu.

Qorichi aadaa biqiloota, bineelladootaa, bineensotaafi albuudota adda addaarraa qophaa'an kun, dhukkuboota akka dhukkuba ijaa, hiddaa bofaa, dhukkuba dhiqaa, dhukkuba saree, falfala mortuu, dhukkuba koosoo, dhukkuba simbiraa, dhukkuba tonkaaritii, dhukkuba baarilee, dhukkuba warraqqii garaa, dhukkuba michii, dhukkuba sootalee, dhukkuba dhiqaafi waan kanakana fakkataan fayyisuuf oolu.

Yaaduma kana Fileen (2016 : 39) irratti yoo ibsu:

> Qorichoota bu'uurri isaanii beekumsa Oromoo ta'an kanneen dhala namaafi bineelladootaaf oolan keessaa: ija mukeenii, baala mukeenii, aannan mukeenii, hidda mukeenii, quncee biqilootaa, damma kanniisaa, damma daamuu, damma bookee, akkasumas fincaan gadamsaa, lafeefi moora jawwee, foon bineensotaa kanneen akka foon xaddee, karkarroo, booyyee, osoleefi kkf dhukkuboota adda addaa fayyisuu waan danda'aniif gadi fageenyan qorachuun barbaachisaadha. jechuun ibsa.

Walumaagalatti, qorannoon kun kan fuulleeffate, qorichoota aadaafi dhukkubota isaan fayyisan kanneen keessatti haala itti fayyadama afaanii mul'aturratti hunda'uun fayyadama afaanii ogeessonni qoricha aadaa kennaniifi namoonni qoricha aadaatti dhimma bahan bu'uura godhachuun fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessa jiru xiinxalee dhiheessee jira.

### 2.4.Yaadrimee Fayyadama Afaanii

Maalummaa fayyadama afaanii hayyoonni garaagaraa yeroo garagaraatti hiika baay’ee walhinbuusne kennu. Fakkeenyaf, haayyuun Sapir (1921:100) akka ibsutti, “Language has setting. The people that speak it belong to a arace (a number of races), that is to a group which is set off by physical characteristics from other groups.” Yaada kana keessatti fayyadama afaanii ilaalchisee qabxiin bu’uuraa dhihaate, afaan yoomessa mataa isaa qabaachudha. Yoomessi yoomiifi eessatti afaan akkamii fayyadamuu akka qabnu agarsiisa. Hawaasni hawaasummaa jiruufi jireenya isaa keessatti afaan gadda, gammachuu, quuqama, aarii, gaabbii, xiiqii, diinagdee, barnoota, daldaala, siyaasa, aadaafi sirna adda addaa keessatti itti fayyadamu garaagarummaa qaba. Garaagarummaan kunis, kan maddu bu’uura yoomessaarratti hunda’uudhani. Kanaaf, akkaataan fayyadama afaanii yeroofi bakka dhimma itti bahamu irratti hundaa’uun garaagarummaa qabaachuu agarsiisa.

Fayyadamni afaanii jiruufi jireenya hawasaa keessatti dalagaawwan hawaasni guyya guyyaan raawwatu keessatti mul’atu haala hawaasichi afaanicha itti fayyadamu waliin dagaagaa adeeme. Yaada kana Clark (1996:29) yoo ibsu “Language use arises in joint activities.” Yaada kanarraa kan hubannuu, fayyadamni afaanii dagaagaa kan deemu hanguma gochaaleen walitti dhufaafi walitti hidhamaa deeman ta’uu isaati. Kanaaf, fayyadamni afaanii gocha ibsu qaba jechuudha. Gochi fayyadama afaanii keessatti ibsamu kunis wanta hawaasichi jiraachuuf jiruu isaa keessatti raawwatu akka mul’isu Clark (1996:3) irratti akka armaan gadiitti ibsa:

> people language every day conversation for transacting business,planning,meals and vacation, debating politics, teacher use language for instructing students, preachers for preaching to parishioners,and comedians for amusing audiences; Lawyer,jugde and witness use it in carrying out trials; diplomats in negotiating treaties and actorsinperforming shakespeare,noveliss,repoter,and scienties rely on the written word to entertain information and persuede, jedha.

Yaadni kun kan agarsiisu, fayyadamni afaanii namoonni yeroo hunda waliin dubbii keessatti itti dhimma bahan: daldaala, bashannana, imaammatarratti falmuuf, baruufi barsiisuuf, kadhannaaf, baacoof, murtii kennuuf, ragaa bahuuf, haqa eegsisuuf, hariiroo biyyoota gidduu jiru tiksuuf, ogbarruuf, miidiyaafi hojii saayinsaawaafi kankana fakkatan keessatti kan itti tajaajilaman ta’uu hubanna. Yaaduma kana:

Addunyaan (2012: 1), “Afaan waahalle kan itti jiraatan; kan ittiin jiraatan immoo jireenya. Jiraachuuf ammoo, afuura baafachuufi yaaduun dirqama jireenyaati. Afuura baafannaan, lubbu-qabeeyyii birootiin kan wal-fakkeessu yoo ta’u, yaaduun garuu, bakka addaaniiti (point of departure). Afaan, kan ittiin yaadaniifi wal-qunnamaniidha.” jedha.

### 2.4.1.Akaakuu Fayyadama Afaanii

Hawaasni tokko waan waliin qoodatu keessaa hangafti afaani. Afaan kun immoo, yoomessaafi haala keessatti dubbatamu qaba. Jiruufi jireenya isaa keessatti yaadqalbii, quqqaa, hawwii, fedhii, kadhannaa, faarsa, jibba, jaalala, gorsa, marii, akeekkachisa, ibsa, ajajafi waankanafakkaatu haasaa isaa keessatti ifatti yookin cinaan ergaa dabarfachuuf yaade sana dabarfachuu danda'utti dhimma itti baha. Bu'uurri tajaajila kanaatis, hariiroo jechamoota, malleen dubbii, cigoo, mammaaksaafi waankanafakkaatan afaanicha keessa jiranitti fayyadamuun, waliin dubbiin namoota gidduutti jiru iftoominaafi miidhagina akka qabaatu, ergaa iccitiin dabarsuu barbaadu haala keessa jiruufi aadaa isaa waliin masakee kan itti fayyadamu fayyadama afaanii keessaa isaan muraasa.

Waliin dubbii keessatti fayyadamni afaanii akaakuu garagaraa qaba. Akaakuwwan fayyadama afaanii kunneenis, malleen dubbii garagaraa, jechama, cigoofi mammaaksa eeruun nidanda'ama. Kana keessaa, malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta'een ergaa dabarfachuuf gargaaru. Malleen dubbii kunis, akaakuu garagaraa akka qabu; Addunyan (2016:208) irratti yoo ibsu: "Malleen dubbii akaakuu garagaraa qaba. Isaanis akkasaa, iddeessaa, nameessaa, habalakaa, eemiti, kineessaafi wkf ta'uu malu." jedha. Yaaduma kana, Brown fi Hatch (1995:88-89) yoo ibsan, malli dubbii akaakuuwwan gurguddoo akka iddeessa, akkasaa, nameessa fi ukuukkubbeessa akka caacuwwan barbaachisootti akka ofkeessaa qabu ibsu. Akkasumas, fayyadama afaanii keessaa karaan ergaa dhokataa tokko ergaa isa ifa ta'een haguuganii dabarsan; cigoonis fayyadama afaaniti. Kana malees, fayyadama afaanii keessaa kan biroo jechama. Jechamni namni tokko ergaa dabarfachuu barbaade sana dhoksaan dabarfachuu yoo barbaade fayyadama. Askeessatti, dhaggeeffataan ergaa dubbataarraa isa bira gahe haala keessatti dhagahe keessatti hiika isaa xiinxalee hubachuu danda'a. Kanaaf, jechamni ergaa waan dubbatame duuba jiru.

Yaaduma kana, Seidl & Mc Mordie (1988:12) irratti yoo ibsan: "An idiom can be defined as an number of words which, when taken together have a different meaning from the individual meaning of each words." jedhu. Yaada kanarra, jechamni jechoonni walitti dhufanii hiika isaan mata mataatti qabaniin alatti hiika biraa argamu ta'uu hubanna. Walumaagalatti, qorannoo kana keessatti akkaakuun fayyadama afaanii qoricha aadaatiin walqabatee uummata Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee biratti mul'atu xiinxalameera.

#### 2.4.1.1. Fayyadama Jechamaa

Jechamni akaakuwwan fayyadama faanii hawaasini tokko ergaa barbaade ittiin dabarfatu. Kunis, dubbii isaa keessatti ergaan jiru kan muul'atu haala uummatichaafi aadaa isaa beekuu bu'uureeffata. Addunyaan (2016:122) irratti yoo ibsu: "Jechamni jechoota, gaaleewwanfi ciroowwan ergaa haala idilee

keessatti qabaniin alatti ergaa biraa dabarsuuf fayyaduu danda'u." jedha. Kun kan nuhubachiisu, fayyadamni afaanii sadarkaa jechamaa jiru ergaa kallattii dubbii yookin barreeffama ala jiru akka tajaajilaaf oole.

### 2.4.1.2. Fayyadama Malleen Dubbii

Malleen dubbii akaakuwwan garagaraa akka qabu haayyoonni adda addaa nibsu. Haata'u malee, xiyyeeffannoon waraqaa qorannoo kanaa akaakuwwan malleen dubbii hunda gadi fageenyaan xinxaluu osoo hinta'iin akaakuuwwan malleen dubbii fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti uummanni Oromoo aanaa Hidhabuu Abootee itti dhimma bahu fuulleeffachuun qabxii ijoo qorannichi irratti xiyyeeffate keessaa isa tokko.

Akaakuuwwan malleen dubbii kana ilaalchisee: Cuddon (1982:27) akka ibsuutti: "There are many figure of speech devices. Figure of speech devided in to smile, metaphor, personification, apostrophe, hyperbola, antithesis, synecdoche, paradox and symbol." jechuun qoqqoodee ka'e. Akka qoqqoodinsa hayyuu kanaatti akaakuuwwan malleen dubbii akkasa, nameessa, habalaka, harbeessa, mitihee, ukukkubeessa, bakka bu'ee ta'uu hubanna.

#### 2.4.1.2.1. Fayyadama Akkasaa

Malli dubbii akkasaa akaakuuwwan malleen dubbii Afaan Oromoo keessatti mul'atan keessaa isa tokko. Akaakuun mala dubbii kun jechoota kanneen akka: fakkata, akkaafi, gaha jedhaman fayyadamuun, bifa, amalaafi haala waan tokko kan isa birroo waliin walbira qabuun yaada tokko ibsuuf mala tajaajilu. Akkasumas, akaakuun mala dubbii akkasaa kun itti fayyadama afaanii keessatti waan lama kan uummama isaanitiin gargar ta'an bifaan, amalan yookiin haala isaanii bu'uureeffachuun walbira qabee dorgomsiisun, bifa, amalaafi haala inni tokko qabu isa biraatiif kennuun ibsuuf gargaara. Yaaduma kan kan deeggaru, Feddhasaa (2013:97) irratti yoo ibsu: "Akkasaan waldorgomsiisaa wantoota lamaati. Kana jechuun jechoota 'akka', 'fakkaata', 'caala', 'hamma' jedhan gargaaramuun wal dorgomsiisa. Garuu, akkasaan wal fakkeenya tokko karaa dhokataa ta'een ibsa." jedha

Yaada kanarraa kan hubannu, malli dubbii akkasaa addaa addummaan wantoota uumamni isaanii walittii dhufeenya hinqabne lama kan hariiroo gonkuma waliin hinqabneefi amalli isaanii wal hinfakkaanne wal cinaa qabuun bifa, amalaafi haala uumamaa inni tokko qabuun amala, bifaaafi haala isa biraa ibsuuf mala fayyadu ta'uu isaa hubanna.

#### 2.4.1.2.2. Fayyadama Nameessaa

Akaakuu malleen dubbii fayyadama afaanii keessatti mul'atan keessaa inni biroo nameessa. mala dubbii kanaa ilaalchisee hayyoonni *Miller and Greenberg (1991:66)* yoo ibsan:

> *Personification is used in speech and writing for giving in animate objects, abstract concept or actions human or near human characteristics having the quality of metaphor since it is ametaphoric way of spicing up writing,and making the abstruct morrelatable. In it, distinctive human characterstics,eg. honesty, emotion, volition etc, are attributed to an animal, objects or ideas. jedhu.*

Akka yaada kanarraa hubannutti, malli dubbii nameessaa, mala dubbii amala yookin dandeettii dhalli namaa qabu tokko lubbu qabeeyyii yookiin lubbu dhabeeyyiif kennuu yookiin gochaa dhalli namaa qofti gochuu danda'u lubbu qabeeyyiin biroo yookiin lubbu dhabeeyyiin akka raawwachuu danda'anitti dhiheessuuf kan gargaaru mala dubbii nameessuu kana ta'uu hubanna.

#### 2.4.1.2.3. Fayyadama Iddeessaa

Malli dubbii kun wantoota lama kan wal hinfakkaanne fudhachuudhaan amala isa tokko amala isa biraatiin bakka busuun mala amala waan sanaa ittiin ibsani. Haayyuun Lawrence (1972:11) irratti yoo ibsu: "The word itself (metaphor) is derived from Greek 'meta'expressing change, and 'phere in' meaning to carry. In other words metaphors involve a carring across of meaning from one object to another. Thus, a comparison is made between two essentially dissimilar things by identifying one with the other." jedha.

Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti, yaadni ka'uumsaa iddeessa jedhu kanaa hiika jechootaa Giriik lama kan 'jijjiirrama ibsuu' jedhuufi 'hiika inni qabu' kan jedhurraa akka dhufe ibsa. Yaadrimeen jeechoota bu'uuraa kana lamaanii kan muul'isu hiika waan tokkoo gara waan biraatti dabarsuu jechuufi waantoonni hiika walii baachuu danda'an kunniin kan walhinfakkaanne walmadaalchisuun isa tokko ibsuu keessatti inni biraa akka ibsamu mala gargaaru ta'uu hubanna.

### 2.4.1.3. Fayyadama Afoolaa

Addunyaa (2016:166) irratti yoo ibsu: "Afoolli ogumma (wisdom) labata tokkoo kan biraatti afaaniin darbuudha. Fayyadama afaanii kan ilmi namaaa uumaa,uummama, beekumsa natoofi baranee ittiin hubatuufi ibsu jechuunis nidanda'ama." jedha. Yaada kanarraa kan hubannu, afoolatti dhimma bahuun fayyadama afaanii ta'uu isaati.

### 2.4.2.Fayyadama Afaaniifi Haala

Hawaasni tokko hariiroon inni waliin qabu kan milkaa'u waliin dubbi inni waliin taasisuurratti bu'uureffata. Waliin dubbiin kun, akkaataa inni afaanitti dhimma bahu geddugaleeffachuun haala inni keessa jiraatu keessatti raawwata. Kanaaf, fayyadamni afaanii hawaasni tokko taasisu haalaafi afaanicha inni dubbatu waliin hariiroo cimaa qaba. Yaaduma kana, Oller (1970:506) irratti yoo ibsu: "The relationship between language and context has been of special interest as a result of it, pragmatics is often defined as the study of the correspondence or systematic relation of a language to situation and/or context" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu, hariiroon afaaniifi haalaa dhimma ijoo xiinxala haala afaanichaa keessatti toofta haala ta'ii waan tokkoo gidduu jiru qorachuf nudandeessisu ta'uu hubanna.

Yaaduma kana, Levinson (1983:20) irrati yoo ibsu: " The study of the relations between language and context that are basic to an account of language understanding." jedha. Yaadni kunis kan nuhubachiisu, hariiroo afaaniifi haala gidduu jiru qorachuun ergaa afaan sana keessa jiru hubachuuf murteessaa ta'uudha.

Haala karaa adda addaatiin ilaaluun nidanda'ama. kanas Nunan (1993a:7-8) irratti yoo ibsu:

> There are two different types of context. The first of these is the linguistic context - the language that surrounds or accompanies the piece of discourse under analysis. The second is the non-linguistic or experiential context within which the discourse takes place. Non-linguistic contexts include: the type of communicative event (for example, joke, story, lecture, greeting, conversation); ... (Nunan, 1993a:7-8)

Yaada kanarraa kan hubachuu dandeenyu, halli akaakuu garagaraa lama qaba. Innis, haala xinqooqafi haala xinqooqa hintaanedha. Haalli xinqooqaa afaan dhimma itti bane sana keessaa hasbarruu jiru kan xinxaluufi haalli xinqooqa hintaane ammo; haala afaanicha keessatti fayyadamne.; ta'uu hubanna.Walumaagalatti, qorannoo kana keessattis, fayyadamni afaanii qoricha aadaatiin walqabatee uummata Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee biratti mula'atu fayyadama afaanii sirnoota biroo keessatti mul'atuun garagara. kunis, fayyadama afaanii haala 'context' afaan keessatti tajaajiluun murtaa'a. Qorannoon kun, akaakuwwan haalaa laman kana keessaa haala xinqooqa 'linguistics context' bu'uura godhachuun fayyadama afaanii waliin dubbii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti mul'atu qorachuurratti xiyyeeffate.

## 2.5.Fayyadama Afaanii Qoricha Aadaa Keessatti

Qorichi aadaa beekkumsa hawaasaa bara dheeraaf kuufamee waliigaltee hawaasichaan dagaagaafi gabbataa dhufeefi jiru. Beekkumsi kun, kan hojiitti hiikatuufi bu'aa buusu waliin dubbii ogeessa qoricha

aadaa kennuufi namoota qoricha aadaatti dhimma bahan gidduutti taasiifamu bu’uureeffata. Waliin dubbiin kunis, fayyadama afaanii ofdanda’e qaba. Fayyadama afaanii kana keessatti, namoonni qoricha aadaatti dhimma bahan qoricha dhukkuba isaanitiif ta’u argachuuf, mallattoofi miira dhukkubichaa ogeessa qoricha aadaa kennuuf ibsa godhu. Ibsa kana bu’uura godhachuun, ogeessi qoricha aadaa qoricha dhukkuba sana balleessuu danda’u lata.

Ogeessi qoricha kennu dhukkubsataan qixaan akka itti fayyadamuu, ibsa, gorsafi akeekkachiisaa kenna. kunis, kan hojiirra oolu fayyadama afaanii ogeessichi dhimma itti bahuuni. Kanaaf, fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti dhimma itti bahamu kan bu’aa buusu; waliin dubbii gama ogeessaafi dhukkubsataa gidduutti taasifamu bu’ureeffata. Kun ammoo, bu’aan fayyadama afaanii kan maddu hirmaattoota dubbiifi fayyadama afaanichaa keessaa ta’uu agarsiisa.

Yaaduma kana kan ibsu, haayyoonni Hatimfi Mason (1990) akkayyaa garaagarummaa afaanii jedhu keessatti yaadni  ibsan: fayyadama afaanii keessatti kallatti lama ka’u. Kallattiiwwan lamaan kunis: fayyadamaa afaanichaafi fayyadama afaanichaati. Fayyadamaan afaanichaa, hirmaattoota waliin dubbii afaanichaa keessatti qooda fudhatani. Akkasumas, fayyadamni afaanichaa ammoo, tajaajila afaanichi waliin dubbicha keessatti qabu kan jechoota fayyadama afaanichaarratti xiyyeeffatu akka ta’e ibsu. Walumaagalatti, qorannoo kana keessatti fayyadama afaanii qoricha aadaa keennuufi fudhachuu keessatti dhimma itti bahamantu xinxalamee dhihaate.

### 2.5.1.Afaan Makanii Fayyadamuu

Afaan meeshaa hawaasin waliin jireenya gamtaa keessatti ittiin waliigalanii jiraatani. Hawaasni waliin jireenya isaa kana keessatti akkaataa afaanitti dhimma bahu qaba. Itti fayyadama afaanii kana keessatti hawaasni tokko afaani isaatti afaan biroo makuun nimul’ata. Afaan walitti makuun kun sadarkaa dhamsaga, jecha, gaaleefi ciroo afaan tokkoo gara afaan birootti makuun itti fayyadamuudha. Yaada kana, Matras (2009:540) yoo ibsu:  “Code switching is the alternation of language into another occurs in the middle of a speech” jedha. Yaanni kunis, afaan makuun waliin dubbii afaan tokkoo keessatti afaan biroo makuu yaada jedhu ibsa. Kana malees, Beekaan (2015:286-287) irratti yoo ibsu: “Makaa haasaa (code switching) sababa waliin jireenyaarraan kan ka’e ergifannaan akkuma jiru,yaada feene tokko afaan qabnu sanaan ibsachuuf yoo hir’ina qabaannuu,akkasumas gartuu kanneen afaan tokko beekaniitti oframaduuf hawwii qabnurraan kan ka’e… sadarkaa jechaa, gaalee, himaattillee mul’achuu nidanda’a” jedha. Hawaasummaafi aadaan hawaasa garagaraa yeroo walmaku, hawaasicha afaan adda addaa walmakee fayyadamuu danda’a. Kun, hawaasa afheddee kamiyyuu biratti kan muul’atu.Yaaduma kana

Grosejean (1982) yoo ibsu, afaan makuu jechuun afaan lama yeroo dubbannu walitti makuu jechuudha. Haalli kun, biyyoota hunda, kutaa hawaasa kamuu keessattiifi sadarkaa umrii hunda keessatti akka uummamu ibsa. Akkasumas, Poplack (2001:1) yoo ibsu: “Mixing, by bilinguals, two or more languages in discourse without changing topic or interlocutor” jedha. Yaada kanarraa kan hubannu, afaan lamaa yookin lamaa ol haasaa keessatti makuun kan raawwatu mata duree yookin hirmaattoota dubbichaa osoo hinjijjiirriin kan raawwatu ta’uu hubanna.

**2.6. Gahee Fayyadama Afaanii**

Afaan hasdubbii qoricha aadaafi yaala aadaa keessatti akka meeshaa waliin dubbiitti gaheen inni qabu baay’ee murtessadha. Kunis, qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti dhimma qoricha aadaatin walqabatu qofa ibsuurratti hinxiyyeeffatu. Haalicha keessatti afaanichi akkamitti akka dhimma itti bahamu agarsiisa. Yaaduma kana kan deeggaru, yaadni haayyoota Hamilton and Chou, ( 2014:7)  “ … in the dynamic view, language does not merely reflect the world but works to create it as well, along with its myriad meanings, social dynamics, relationships, and institutions” jedhu. Yaada kanarraa kan hubannu, gochaan yoo ilaallee, afaan haala keessa jirru qofa hinibsu. Haala hawaasummaa, hariiroofi dhaabilee keessatti hiika baay’ee akka qabaatu taasisuu afaanii agarsiisa. Kana malees, haayyuun Helman (2007) barbaachisummaa afaaniifi waliin dubbii yoo ibsu, ogeeyyoonni fayyaa ergaa afaan dhukkubsattoonni dhimma itti bahan keessa jiru kana hubatanii qorannoofi yaala hiika qabeessa ta’e taasisuufi kan danda’an akkaataa dhukkubsataan dhukkuba sana itti hubatee afaaniin ibsuurratti hunda’uu ibsa.

Gaheen fayyadama afaanii inni biroon, ogeessi qoricha aadaa kennu, yeroo dhukkubsataan qoricha gaafatu callisee qoricha hinkennu. Duraan dursee qopha’ummaa qaamaafi qorqalbii ilaala. Kana jechuun, dhukkubsataan qaamni isaa qorichaa fudhatu sana damdamachuu danda’uu isaa kan ijaan qaama dhukkubsataa ilaaluun alatti, dhukkuba dabalataa qabachuu isaa iyyaafata. Erga iyyaafannoo isaa xummureen booda, dhukkubsataan akka qorichicha hin sodaanne xiinsammuu isaa qopheessa. Itti ansuun, erga miira dhukkubsataa qopheesseen booda qoricha kennaaf. Qorichi kennamu, ibsa, akeekkachiisaafi gorsa gahaa kennuun akka seeran qorichichatti fayyadaman taasisa. Ogeessi yeroo kana taasisu kallattumaan dhimma dhukkubichaa hinibsu.

Fayyadama afaanii waa’ee dhukkubichaa kallattiin ibsu osoo hinfayyadamiin alkallattii ibsuun xiinsammuu dhukkubsatichaa qopheessa. Yaaduma kana Juma (2011) barruu isaa keessatti yeroo ibsu, dhukkubsataan ogeessi dhukkuba isaa kallattumaan maqaa dhahuun dhukkuba isaatiif qoricha akka

keennuuf eega. Garuu, ogeessi fayyadama afaanii dhimmicha karaa biraa ibsuu danda'u fayyadamuun dhukkubsataa waliin waliin dubbii taasiisuu ibsa.

Akkasumas, ulfina qoricha aadaa agarsiisuuf tajaajilli afaan qabu olaanadha. Yaaduma kana kan deeggaru, Bierlich (1999 : 320) irratti, "Herbalists are supposed to be spiritually and morally upright; otherwise their medicine will not work" jedha. Kanarraa kan hubannu, ogeessonni qoricha aadaa kennaa ayyaantummaafi naamusa gaarii qajeeloo akka ta'aniitti yaaddamu yaada jedhu hubanna. Kun ammo, ogeessiifi qorichi aadaa ulfina akka qaban agarsiisa.

Beekkumsa aadaa kana tiksuufi abbummaa beekumsa kanaa kabachisuuf seerri qabatamaan hojiirra oole hinjiru. Kana waan beekaniif ogeessonni qoricha aadaa iccitummaa qoricha aadaafi mirga abbuummaa isaanii eegsisuuf fayyadama afaanitti dhimma bahuun beekumsa isaanii kana tikfatu. Yaaduma kana, Cunningham 2013 :177) irratti akkasitti ibsa: "The tendecy to legalize the use of medicinal plants is important,although laws fail to recognize the property rights of people who have these traditional knowledges" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu, yaadni qoricha aadaa seeraan tiksuu baay'ee barbaachisaa akka ta'e ibsa. Yaata'u malee, seerri mirga abbintaa namoonni beekkumsa kanarratti qaban tiksuu akka hindandeenye muul'isa. Yaaduma kana kan deeggaru: Tsey (1997 :1071) irratti "Traditional healers guarding their knowledge and skills in secrecy since they have no protection for their intellectual property rights" jedha. Yaadni kun kan mul'isu, ogeessonni qoricha aadaa hanga mirgi abbintaa beekumsa isaanii hineegamnetti, beekumsa isaaniifi dandeettii isaanii iccitiin akka eeggatan agarsiisa.

Fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti, gaheen fayyadamni afaanii beekkumsa qoricha kana rakkoofi tutuqaarraa bilisa taaasisee dhalootatti akka darbu godhu ragaalee ogeeyyii qoricha aadaa kennaniifi namoota qoricha aadaa fudhatanii dhimma itti bahanirraa argame jechamoota safuu agarsiisani. Dirribiin (2009:67) irratti yoo ibsu: "Safuun seera qananiiti. Waa hunduu wal-kabajee, walqananiisee, waliin jiraachuu mala." jedha. Safuun beekkumsa qoricha aadaa waliin jiru tursiisuun itti fayyadama afaanirraa eegala.

## 2.7.Sakatta’a Barruu Walfakkii

Suutumaa (2011) mata duree “Xiinxala fayyadama afaanii walqunnamtii ogeeyyii fayyaafi wal’aanamtoota hospitaala Aayiraa” jedhurratti qorannoo geggeesse. Kaayyoon qorannoo isaa; fayyadama afaanii qunnamtii ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattoota hospitaala Aayiraa taasisan maal akka fakkaatu xiinxaluudha. Qorannoon kun garuu, mata duree “Xiinxal Fayyadama Afaanii Qoricha Aadaa Kennuufi Fudhachuu keessatti haala uummata Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee” jedhurratti hunda’uun kaayyoo fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti mul’atu xiinxaluun ibsuudha. garaagarummaan qorannoo kana lamaanii haala afaanichi keessatti qoratamu.

Gammachiis (2016 ) mata duree “xiinxala haasbarruufi fayyadama  afaan oromoo mana murtii aanaa hidhabuu abootee” jedhurratti qorannoo isaa geggeesse. Kaayyoon qorannoo isaa, hasbarruufi fayyadama afaan Oromoo mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee keessatti maal akka fakkaatu sakatta’uun ibsuudha. Qorataan kun garuu, mata duree “Xiinxala Fayyadama Afaanii Qoricha Aadaa Kennuufi Fudhachuu keessatti haala uummata Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee” biratti muul’atu xinxaluun ibsuudha. Qorattoota kana lamaan wanti walfakkeessu fayyadama afaaniirratti xiyyeeffachuu isaaniti. Garaagarummaan isaanii garuu, haala isaan fayyadama afaanii keessatti qoratan garagara. Mata duree, “xiinxala haasbarruufi fayyadama  afaan Oromoo mana murtii aanaa hidhabuu abootee” jedhu keessatti haalli keessatti qoratame mana murtii yoo ta’u; “Xiinxala Fayyadama Afaanii Qoricha Aadaa Kennuufi Fudhachuu Keessatti Haala Uummata Oromoo Aaanaa Hidhabuu Abootee” jedhu keessatti garuu haalli itti fayyadamni afaanii keesssatti qoratamu qoricha aadaati.

Fufaa (2017) mata duree “Qaaccessa qabiyyee fayyadama afaanii mana murtii: haala aanaa Gindabarat” jedhurratti qorannoo isaa geggeesse. Kaayyoon qorannoo kanaas, itti fayyadama afaanii mana murtii aanaa gindabarat qaaccessuudha. Mata dureen qorannoo kootii, “Xiinxala Fayyadama Afaanii Qoricha Aadaa Kennuufi Fudhachuu Keessatti Haala Uummata Oromoo Aaanaa Hidhabuu Abootee” ta’ee; kaayyoon fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti muul’atu xinxaluun ibsuudha. Walfakkeenyi qorannoowwan lamaan kanaa fayyadama afaanii ta’ee addaa addummaan qorannoowwan kanaa garuu haala keessatti fayyadamni afaanii qoratame.

Abdallaa  (2017) mata duree, “Qaaccessa fayyadama afaaniifi adeemsa koottu-dhufee wal-dhabdee abbaa warraafi haadha warraa gidduu jiru furuu keesssatti”  Kaayyoon gooroon qorannoo isaa fayyadama afaaniifi adeemsa walitti bu'iinsa Abbaa manaafi Haadha manaa giddutti uumamu furuuf koottu dhufee Oromoo Arsii taa'amu kessatti mul'atu qaaccessuudha. Qorannoon kun fayyadama afaanii koottu dhuftee keessatti yoo ilaalu, qorannoo xiinxala fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi

fudhachuu keessatti muul’atu qoratu waliin afaanirratti xiyyeeffachuun tokko isaan taasisa. Garagarumman qorannoowwan kana lamaanii garuu, haala fayyadamni afaanii keessatti qoratame.

Girmaa (2017) “Qaaccessa fayyadama afaanii asoosama ‘dibaa’’ jedhurratti; kaayyoo fayyadama afaanii asoosama ‘Dibaa’ keessatti argamu qaacceessuudha. Mata duree qorannaa kiyyaa “Xiinxala Fayyadama Afaanii Qoricha Aadaa Kennuufi Fudhachuu Keessatti: Haala Uummata Oromoo Aaanaa Hidhabuu Abootee” jedhu, kaayyoon fayyadama afaanii qoricha aadaa waliin jiru xinxaluurratti xiyyeeffate; walfakkeenyi isaanii fayyadama afaanirratti xiyyeeffachuudha. Garuu, garaagarummaan qorannoowwan kana lamaanii fayyadama afaanii asoosama keessa jiru qaaccessuun fayyadama afaanii barreeffama keessa jiru qaacceessuurratti yoo xiyyeeffatu; qorannoon xiinxala fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu waliin jiru qoratu garuu, afaan dubbii xiyyeeffata. Karaa biraatiin, haalli fayyadamni afaanii qorannoowwan kana keessatti qoratamanii haala adda addaa bu’uureeffate.

Birhaanuu (2017) mata duree, “Xiinxala qabiyyee fayyadama afaanii gumaa baasuu keessatti: haala aanaa Abuunaa Gindabarat” jedhurratti hojjete. Kaayyoon gooroo qorannoo isaa itti fayyadama afaanii sirna gumaa Aanaa Abuunaa Gindabarat xiinxaluudha. Walitti dhufeenyi qorannoo koo waliin qabu, fayyadama afaanii waliin dubbii bu’uureeffachuu isaati. Garaagarumman qorannoo keenyaa garuu, qorannoon isaa fayyadama afaanii haala sirna gumaa keessatti tajaajilu xiyyeefata. Qorannoon koo garuu, fayyadama afaanii haala qoricha aadaa kennuufi fudhachuu xiinxaluu bu’uura godhate.

Dirribachoo (2018) mata duree, “Qaaccessaa fayyadama afaanii: qabiyyee faaruu goota dhugumaa jaldeessoo keessatti.” jedhurratti qorannoo geggeesse. Kaayyoon qorannoo isaa Godina Wallagga Bahaa Aanaa Limmuu keessatti Faaruu Gootummaa Dhugumaa Jaldeessoo irratti jiru qaacceffamuudha. Kayyoon qorannoo kootii; fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessa jiru xinxaluudha. Walfakkeenyi qorannoo lamaanii fayyadama afaanii haala dubbii bu’uureeffate ta’uu isaaniti. Garaagarummaan qorannoo keenyaa garuu, haala fayyadamni afaanii keessatti qoratame. Kunis, qorannoon isaa haala faaruu seenaa gootaa yoo bu’uureeffatu, qorannoon kiyya garuu, fayyadama afaanii haala keessatti qorichi aadaa itti kennamuufi fudhatamu bu’ureeffate.

Olaanaa (2018) mata duree, “Qaaccessa fayyadama afaanii gabaa keessatti: haala godina horroo guduruu wallaggaa aanaa horroo bulluq gabaa saqalaa” jedhu qorate. Kaayyoon gooroo qorannoo isaa, “Qaaccessa fayyadama afaanii gabaa keessatti: haala Godina Horroo Guduruu Wallaggaa aanaa Horroo Bulluq Gabaa Saqalaa” keessa jiru maal akka fakkaatu ibsuudha. Walfakkeenyi qorannoo kootiin qabu, fayyadama afaanii waliin dubbii keessatti jirurratti xiyyeeffachuudha. Garaagarumman qorannoo keenyaa, haala keessatti fayyadamni afaanii qoratame. Qorannoon isaa haala gabahaa keessatti afaanitti

fayyadaman bu'uuraa yoo taasifatu; qorannoon koo garuu fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuurratti xiyyeeffate.

Gammachuu (2018) mata duree, "Xiinxala fayyadama afaanii hordoftoota qaalluu abbaa dhugaa biratti: godina Wallaggaa Bahaa, aanaa Haroo Limmuu" jedhurratti geggeesse. Kaayyoon gooroo qorannoo isaa fayyadama afaanii amantoota qaalluu abbaa dhugaa aanaa Haroo Limmuu biratti mul'atu xiinxaluudha. Walitti dhufeenyi qorannoo keenyaa fayyadama afaanii dubbii afaanii bu'ureeffachuudha. Garuu, garaagarummaa qabu. Xiinxalli afaanii hordoftoota qaalluu abbaa dhugaa haala amantaa yoo bu'ureeffatu, qorannoon xiinxala fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu garuu, haala qorichi aadaa keessatti kennamuufi fudhatamu bu'ureeffate. Kana malees, argannoon qorannoo isaa fayyadamni afaanii hariiroo waaqaafi hawaasaa cimsuufi hariiroo hawasaafi hawaasa gidduu jiru cimsuurratti gahee olaanaa qabachuu isaa agarsiisa.

## 2.8.Yaaxina Qorannichaa

Qoratichi yaaxinoota gurguddoo lama fayyadamuun qorannoo kana geggeesse.

### 2.8.1.Yaaxina Xiinqooqa Tajaajila Sirnawaa 'Systemic Functional Linguistic'

Yaaxinni xiinqooqa tajaajila sirnawaa yookiin haalawaa afaan hawaasni itti fayyadamu fayyadamni afaanii hiika galumsa keessatti qabu ilaala. Yaaxinni kun, fayyadama afaanii keessatti haala dubbataafi dhaggeeffataan itti walhubatan qorata. Yaaxina xiinqooqa tajaajila sirnawaa keessatti dhimmi murteessan haala waliin walqabata. Yaaduma kana, Halliday (1979b:31) yoo ibsu:

> ... Contexts of situation, i.e. situation types, differ in three aspects which constitute the relevant features of social context as well as determine the range within which meanings are selected. The three categories are: field, tenor, and mode. Field refers to what is happening, what kind of social action is taking place in which language is an essential component and what purposes of language use is serving…tenor is concerned with who is taking part, with the nature of participants, their statuses, roles and relationships…mode refers to the part language is playing, the organization of the text, including the channel, rhetorical mode and genre.jedha.

Yaada kanarraa kan hubannu, haalli yeroofi iddoo murta'eetti raawwatu, akkaataa amalli waan tokkoo itti huabatamu yookin xiyyeeffatamu sadi, kan mala qabatamaa haala haawasaa, akkasumas, hiika haalicha keessaa argamu kan murteessan ofkeessa qaba. Isaan kunis, maaltu akka raawwatameefi kaayyoo fayyadama afaanichaa (field) ti. Kun kan agarsiisu afaanicha keessatti maaltu ta'e; gochaan

hawaasaa qabiyyee murteessoo afaanichaa keessatti raawwatu maali; fayyadamni afaanichaa tajaajila maalitiif oole; dhimmota jedhaman ilaallatu.

Inni biroon, qooda fudhattoota fayyadama afaanichaa (tenor) dha. Kunis, kan xiyyeeffatu amala, gahumsa, gaheefi hariiroo hirmaattota gidduu jirurrati. Inni sadaffaan, akkaataa itti fayyadama afaanichaa (mode) dha. Kunis, fayyadama afaanii achi keessatti tajaajilaaf oole; qindoomina barruu yookin hasbarruufi karaa afaanichi itti dhimma bahame kan bu'ureeffatu ta'uu hubanna.

Dhimmoonni kun sadaan: maaltu akka raawwateefi kaayyoon fayyadama afaanichaa 'field' qorannoo kana keessatti waliin dubbiin ogeessaa qoricha aadaa kennuufi namni qoricha aadaa fudhatee itti fayyadamu keessatti akkaataan itti fayyadama afaanichaa ajaa, gorsaafi akeekkachiisa ogeessi kennu hubachuun akkaataa itti fayyadama afaanichaa kan muteessu. Kun immoo, galmoo fayyadama qoricha aadaa keessatti kaayyoo fayyadama afaanichaati. Akkasumas, qooda fudhaattoonni afaanichaa 'tenor' ogeessa qoricha aadaa kennuufi nama qoricha aadaa fudhatu. Akkasumas, fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti tajaajilarra oole 'mode' ragaalee fayyadama afaanii ogeessaafi nama qoricha aadaa fudhaturraa funaanname.

Hariiroo waliin dubbii keessatti dhimmoonni kun hirmaanna cimaa taasisuuf baay'ee gargaaru. Kanaaf, qoratichi qorannoo isaa keessatti yaaxina xiinqooqa sirnaawaa bu'uura godhachuun fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti muul'atu xiinxalee dhiheessera.

### 2.8.2.Yaaxina Hasgochaa 'Speech Act Theory'

Qorannoon kun yaaxina haasgochaa 'Speech Act Theory' bu'uureffate. Akka yaaxina haasgochaatti jechoonni wanta tokko jechuuf qofa osoo hintaane waan tokko gochuuf tajaajilu. Gochaawwan adda addaa kunniin immoo, afaaniin qabatamaan hojiitti hiikkatu. Akka haayyuun Austin ( 1962:99) irratti ibsuutti: "performance of an act in saying something" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu, wanti hojjennu wanta dubbannu keessa jiraachuu isaati.

Akaakuufi hojiirra oolmaan haasgochaa jijjiirrama dhaggeeffataarratti fiduuf, ilaalchaafi yaada dubbataarratti hundaa'a. Haata'uu malee, dhaggeeffataan of eeggannoo dubbataarraa kennamuuf kabajuu yookin kabajuu dhiisuu danda'a yookiin immoo jijjiirrama karaa dubbataatiin itti dhufu fudhachuu dhiisuu danda'a. Yaaxxinni kun, afaan haalawaa 'context' keessatti, ilaalcha dubbataa irrattiifi jijjiirrama dhaggeeffataarratti fiduu danda'uun ibsama.

Yaaxina haasgochaa keessatti tajaajilli baay'een jechootaan hojiirra oola. Kana jechuun, haasgochi yaada haasaa nama tokkoo ibsuufi haasaa sanaan waan namichi hojjetuus of keessaa qaba jechuudha. Kanaaf, bu'uurri hasgochaa haasaawaafi gocha. Yaaduma kana, Searle (1975:16) irratti yoo ibsu: “Speaking a language is performing speech acts, acts such as making statements,giving commands, asking questions or making promises" jedha. Haasgochi gochaa dubbataan haasaa keessatti yookin dubbiidhaan raawwatu jechuudha.

Walumaagalatti, haasgocha ittiin nama kabajuu, ittiin ajaja dabarsuu, ittiin gaafachuu, ittiin yaada keenya dabarsuu dandeenya.

Karaa biraatiin, wanti namni tokko haasa’u bu’uraalee haasgochaa: haasa’a, faayidaa haasa’aafi bu’aa haasa’aa keessatti xiinxaalama. Bu’uraale kanneen haasa’a keessatti walfaana fayyadamna. Kanaaf, qorataan qorannoo isaa fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti haala: uummata Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee biratti mul’atu xiinxalee kan dhiheesse yaaxina hasgochaatin masakeeti.

# BOQANNAA SADII: BEEDDUUBA, SAXAXAAFI XIMMALA 'PARADIGM,DESIGN AND METHODOLOGY OF THE RESEARCH'

## 3.1.Seensa

Kutaa kana keessatti: beedduuba, saxaxaafi malleen qorannichi hordofeefi itti dhimma baheetu dhihaate. Beeduubni qorannichaa, ilaalcha qoratichi ragaalee qorannoof funaannama itti ilaaleefi xiinxale. Saxaxni qorannichaa ammoo, gosti qorannichaafi adeemsa qorannichi keessa darbu kan itti eeramani. Akkasumas, ximmalli qorannichaa mala iddatteessuu, meeshaalee ragaaleen ittiin funaannamaniifi mala ragaan ittiin xiinxaalame kan qoratichi dhimma itti bahe hammata.

## 3.2.Beedduuba Qorannichaa 'Paradigm'

Beedduuba qorannoo ilaalchisee, haayyoonni adda addaa yaada garagaraa qabu. Kana jechuun, beedduuba tokkorratti yaada walfakkaata hinqabani. Yaata'u malee, beedduubni qorannoo qorannoo tokko geggeessuuf murteessaa ta'uurratti waliigalu. Qorannoo kana keessatti, qoratichi yaada haayyoota adda addaa fayyadamuun qorannoo kanaaf beedduuba sirriidha jedhee amane dhimma itti baheera. Qorannicha keessatti beedduubni hojiirra oole beedduuba hiikaa yookin ijaarsaati. Sababani qorataan beedduuba kana filateef, beekkumsa fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti hawaasichi waliigaltee gamtaatiin ijaarratee itti fayyadamu xiinxalee dhiheessuurratti waan fuulleeffateefidha.

Akka, Gubafi Lincoln (1989) ibsanitti, yaadni ijoon beedduuba hiikaa muuxxannoo dhalli namaa addunyaa keessa jiraatu keessaatti qabu hubachuudha jedhu. Beenduuba kana keessatti, wanti qoratamuuf deemu: kan dubbatamu, kan hubatamuufi hiikkamu akkaataa haala sana keessaatti hiika qabuuni jechuun eeru. Akkasumas, Bogdanfi Biklen (1998) ibsanitti, ulaagan bu'uuraa beedduuba hiikaa wanti hawaasni keessa jiraatu hundi hawaasaan ijaarrama jedhu. kana malees, beenduubni hiikaa yeroo tokko tokko beenduuba ijaarsa hawasaa akka jedhamus ibsaniiru.

Yaaduma kana bu'uura godhachuun qoratichis, beedduuba hiikaa yookin beedduuba ijaarsaa hordofuun, beekkumsa fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti hawaasichi muuxxannoo yeroo dheeraaf walii galteen ijaarratte keessa jiru xiinxalee jira.

### 3.3. Saxaxa Qorannichaa 'Design of the Research'

Qoratichi qorannicha keessaatti, mala qorannoo akkamtaa fayyadamuun fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti itti dhimma bahame xinxaluurratti xiyyeeffate. Qabanni, qoratichi mala kana filaateef, kaayyoon qorannichaa fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti dhimma itti bahamu xiinxaluun jechaan ibsuu waan fuulleeffateefidha. Qoratichi jamaa keessaa ragaa warra kennan mala iddattoo kaayyeeffataafi mala iddattoo walhimaa yookiin darbaa dabarsaa fayyadamuun filate. Sababni qorataan, mala iddattoo kaayyeeffataafi darbaa dabarsaa filateef, odeeffannoo ofii qaburrratti hunda'uun ogeessa qoricha aadaa kennuufi nama qoricha aadaa fayyadame kan qoratichi ofii beekuu kaayyeeffatee filate. Akkasumas, qabanni mala darbaa dabarsaa filateef, ogeessa beekuufi nama qoicha aadaa fayyadame kan ofii isaatii beeku erga argatee booda namoota biroo qoricha aadaa fudhataniifi ogeessoota qoricha aadaa kennaan isaan duraarraa eeruun argatee jira. Malli ragaan ittiin funaanname, mala afgaaffiifi daawwannaati. Ragaaleen mala afgaaffitiin argame sagaleen waraabbamee irra deebi'uun dhaggeeffachuun xinxaallamee dhihaate. Akkasumas, ragaaleen mala daawwannaatiin argaman waliin dubbii ogeessa qoricha aadaa kennuufi nama qoricha aadaa fudhatee itti fayyadamu gidduutti taasiifamu biratti argamuun sagalee waraabuufi yaadannoo qabachuun; yaadannoo qabatameerraa deebi'uun ilaaluun ragaaleen xinxalamanii dhihaatanii jiru. Qoratichi ragaalee funaannaman mala xiinxala ragaalee akkamtaa dhimma bahuun ragaalee argate ibsuufi hiikuun dhiheessee jira. Ragaalee funaannaman garee adda addaa jalatti qooduun xiinxalee dhiheesseera.

Walumaagaatti, qoratichi ragaalee funaannaman xiinxaluuf, qophaa'ummaa gahaa, yeroo gahaafi baajata qorannichaaf barbaachisu argachuusaa erga mirkaneeffatee booda; mala funaansa ragaalee, mala iddattoo, mala qindeessa ragaaleefi mala xiinxala ragaalee qorannicha hojiirra oolchuuf filatamoo ta'aniitti dhimma bahuun qorannoo isaa geggeesseera.

### 3.4.Ximmala Qorannichaa 'Methodoogy of the Research'

Qorannoon kun kan geggeeffameef, kaayyoo qorannichaa, fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti, xiinxaluun ibsuu jedhu galmaan gahuuf; ka'uumsa qorannichaa kan ta'an dhimmnni sadii akkataa duraa duuba xiyyeeffannoo argachuu qabaniin lakkoofsa tokkoo hanga sadii mata duree ka'umsa qoannichaa jedhu jalatti dhihaatani jiru. Dhimmota sadan akka ka'umsaatti dhihaatan bu'uura godhachuun, gaaffileen qorannichaa bifa ragaalee ibsaa ta'an argachuun danda'amuun ijaarramanii jiru. Gaaffileen qorannoo kun kan ijaaraman kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf qophaa'an. Gaaffilee qorannichaa bu'uureffachuun malli ragaaleen ittiin funaannaman afagaaffiifi daawwannaan qorannicha keessatti itti dhimma bahamaniru. Ragaaleen mala kanneen

lamaaniin funaannaman ragaalee akkamtaati. Malli qorannoo kana geggeessuuf qorataan itti fayyadame mala akkamtaati. Malli akkamtaa dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan fayyadama afaanii bu'uura godhachuun kan ibsaman waan ta'eef; odeeffannoon fayyadama afaaniirraa argamu bifa addeessatiin waan argameef qorannoo kana geggeessuu keessatti malli filatamaan mala akkamtaa waan ta'eefi. Yaaduma kana Addunyaa (2019 : 60) yoo ibsu "Malli akkamtaa, haalli jiruufi jireenya hawaasichaa ykn amala hawaasa sanaa akkaataafi bifa inni qabuufi qabata isaa akkasumas, maal jechuu akka ta'e kan ittiin xinxaallamuudha." jedha. Kana malees, Yaadasaa (2008:68) irratti "Gosa qorannoo kan ragaalee ibsaafi waliin dubbiidhan dhihaatan argachuuf jecha ittiin sakatta'amuudha." jechuun yaaduma kana deeggara. Kanaaf qoratichi madda odeeffannoo kallattiin abbaa dhimmichi ilaallaturraa argamu iratti hunda'uun qorannicha kan geggeesse yoo ta'u, walduraa duuban, daawwaannaafi afgaaffii fayyadamuun odeeffannoo funaannate. Kana malees, qorannoo kana keessatti qorataan madda ragaa jedhee kan filate ogeessota qoricha aadaa qopheessanii kennaniifi namoota qoricha aadaa fudhatanii itti fayyadamani.

Ragaalee kana funaanuu keessatti malli harkacaalaa hojiirra oole mala afgaaffiti. Malli xiinxala ragaalee qoratichi itti dhimma bahe mala xiinxala ragaa akkamtaa 'qualitative data analysis'ti. Sababni qoratichi mala kana fayyadameef, ragaaleen funaannaman ragaalee lakkoofsan ibsaman osoo hintaane, ragaalee akkamtaa 'qualitative data'waan ta'aniifidha.

### 3.4.1.Irraawwatamaa Qorannichaa

Qorannon kun kan irratti geggeeffame xiinxala fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti haala: uummata Oromoo Aanaa Hidhabuu Abooteerratti. Sababnisaas, qoratichi fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti fayyadama afaanii uummata Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee adda baasee xiinxalee kaa'uu barbaade.

### 3.4.2.Madda Ragaalee

Qorannoo kana keessatti, maddi ragaalee qorataan fayyadame madda ragaa tokkoffaati. Sababiin isaa, kan ragaan irraa funaaname hawaasa Aanaa Hidhabuu Abootee keessatti ogeessota qoricha aadaa qopheessanii kennaniifi dhukkubsattoota yookin namoota qoricha aadaa fudhatanii itti fayyadamanirraa qoratichi kallattiin ragaa funaanee xiinxale.

### 3.4.3.Mala Iddatteessuu

Qorannoo tokko gaggeessuuf jamaa hunda filachuun baay'ee ulfaatadha. Kanaaf, mala qorataan qorannoo gaggeessu kana galmaan ga'uuf jamaa ragaa qorannoo kana milkeessu kennan qoraannoo kana

keessatti hirmatan mala kaayyeeffataa ‘purppsive method’ fayyadamee ogeessota qoricha aadaa qopheessun kennaniifi namoota qoricha aadaa kanatti fayyadaman kaayyeeffatee filate. Sababnisaa, qorataan ragaa namoota muraasa qoricha aadaa qopheessanii kennaniifi namoota qoricha aadaa fudhatanii itti fayyadaman kan ragaa kana sirriitti naaf kennuu danda’an jedhee amane kan ofii isaatii beeku waan filateefi. Yaada kana ilaalchisee, Addunyaan (2019:67), Berg (2001:32) wabeeffachuun yoo ibsu: “Qorataan tokko beekumsa dhimmicha irratti qaburraa ka’ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda’u murteessuu ilaallata.’’ jedha.

Kana malees, malli iddateessuu qorataan qorannoo kana keessatti fayyadame mala iddatteessuu walhimaa ‘Snowball sampling method’ti. Sababnisaas, ragaa fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuu kan danda’an namoota qoricha aadaa kennaniifi fudhatanii itti fayyadaman qofa waan ta’eef; ogeessa dhimma kana beeku erga argatee booda ogeessichi ogeessaafi namoota qoricha kana fayyadaman kan biroo waan eeruu kenneef; mala iddatteessuu walhimaa yookin darbaadabarsaatti dhimma bahe. Yaada kana kan cimsu, Yaadasaan (2008:96) irratti yoo ibsu: “Tooftaan iddattoo kanaa qoratichi duraan dursee nama raga kennu danda’u tokko iddattoo ta’eessan /ta’e jedhee/ erga fudhatee booda nama itti aanee ragaa kennu danda’u wal-hima ykn wal-eeruundhaan namicha isa dura odeeffannoo kenne irraa ka’ee kan ittiin argachuuf yaalamudha.” jedha.

Haaluma kanaan, malleen kanatti fayyadamuun qoratichi iddattoo isaa ogeessota qoricha aadaa kennan kudha tokko (11)fi namoota qoricha aadaatti dhimma bahan kudha tokko (11) walumaagalatti, namoota digdamii lama (22) qorannoo kana keessatti ragaa akka kennaniif hirmaachisee jira.

### 3.5.Mala Ragaan Ittiin Funaanname

Madda Ragaalee keenyarraa ragaa funaanuuf malleen garaagaraatti fayyadamuun barbaachisaadha. Kanaaf, qoratichis, madda ragaa isaa irratti hundaa’uun mala ragaa ittiin funaanu adda baasee mala armaan gadii kanatti fayyadamee ragaa madda ragaaleerraa funaanera.

#### 3.5.1.Afgaaffii

Malli qoratichi ragaalee qorannoo isaatiif ta’u ittiin funaane tokko afgaaffiidha. Sababni qorataan afgaaffii filateef, qorataan fuulaa fuulatti ragaa warra kennaaniin, ogeessota qoricha aadaa kennaniifi namoota qoricha aadaa fudhatanii itti fayyadamaniin walarguun gaaffii gaaffachuu barbaade ifa godhee gaafachuufi ragaa kennitoonni gaaffii gaafachuu barbaadan yookin gaaffii ifa isaanii hintaane qoraticha gaafachuun deebii akka argatan taasisuuf mala filatamaadha. Afgaaffiin qorannoo kana keessatti

qoratichi dhimma itti bahe; afgaaffii banaadha. Sababani qorataan afgaaffii banaa fayyadameef, deebii odeefkennitootni deebisan irratti hunda'uun adeemsa keessa gaaffiin itti dabalame waan jiruufi dha. Akka Zolton (2007:19) irratti ibsuutti: "Qualitative research involves data collectining procedures that result primary in open-ended non-numerical data which is analiyzed primarly by non-statistical methods" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu, qorannoon akkamtaa mala raga funaanuu banaa ta'ee fayyadamuun ragaalee argaman jechaan akka ibsamu.

Afgaaffiin hirmaattoota qorannichaatiif taasiifame iddoo mana jireenya isaaniitti argamuudhani. Gaaffilee dhimma mata duree qorannoo kanarratti xiyyeeffatan qopheessuun jamaa akka iddattootti filatamaniif dhiheesse. Ragaaleen afgaaffiin argaman qoratichi sagalee waraabuun irra deebiin dhaggeeffachuun xinxalee dhiheessera. Gaaffileen dhiyaatan fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu uummata Oromoo Aaanaa Hidhabuu Abootee biratti muul'atu maal akka fakkaatu xiinxaluurratti xiyyeeffatu. Kanaaf, qoratichi madda ragaalee isaa waliin walarguun afgaaffii dhiheessuun ragaa funaanee xiinxalee dhiheessera. Yaaduma kana kan deeggaru, Kothari (2004:97) akka ibsuutti:

> Personal interview method requires a person known as the interviewer asking questions generally in a face-to-face contact to the other person or persons. (At times the interviewee may also ask certain questions and the interviewer responds to these, but usually the interviewer initiates the interview and collects the information.) This sort of interview may be in the form of direct personal investigation or it may be indirect oral investigation. In the case of direct personal investigation the interviewer has to collect the information personally from the sources concerned.

Yaada kanarraa kan hubannu, afgaaffiin namaan dhihaatu namni gaafatuufi gaafatamu walbira gahanii walgaafachuufi walii deebisuu akka gaafatu. Yeroo kana, namnii gaafatamus, gaafataa waan isaaf ifa hintaane gaafachuufi namni gaaffii sana gaafatuus, deebicha deebisuu akka qabuufi ragaa funaannachuuf nama deebii deebisu jajjabeessuun akka barbaachisu hubanna. Dabalataanis, gaaffiin dhihaatu kallattiifi alkallatiin dhihaachuu akka danda'uufi kallattin abbaan dhimmaa gaaffichatti kallattiin fayyadamu biratti argamee raga barbaadu gaafatee argachuu akka danda'u mul'isa.

Haaluma wal fakkaatuun, Yaadasaan (2008:107) irratti yoo ibsu: "Adeemsi af-gaaffii qoratichis gaaffilee barbaaddaman dursee waraqaa irratti qopheeffachuudhan deebii kennaa waliin bakkafi yeroo dursee itti walbeellamanitti argamuudhan walfuuldura ta'anii ykn immoo walirraa fagatanii (fkn bibliaan), sirna qorataan /gaaffii dhiheessan/ itti gaaffii isaa dhiheeffatuufi deebii kennaan ammo deebii isaa itti kennuudha." jedha. Yoomessi afgaaffii kanaas, mana ogeessota qoricha aadaa qopheessanii

kennaniifi namoonni qoricha aadaa fudhatanii dhimma itti bahan digdamii lamatti. Guyyaan ragaaleen afgaaffiin jamaarraa funaanname, Guraandhala 30/2012 hanga Fulbaana 06/2013 ti.

### 3.5.2.Daawwaannaa

Daawwannaan mala ragaan qorannoo ittiin funaannamu keessaa tokkoo ta'ee, adeemsa qorataan iddoo qorannichi itti geggeesffamu sanatti yeroo yeroon argamee qaama irratti geggeeffamu sana hordofee ragaalee funaannatuudha. Haaluma kanaan qoratichis, yeroo yeroon ogeessota qoricha aadaa qopheessanii kennaniifi namoota qoricha aaddaa fudhatanii itti fayyadaman biratti argamuun haala fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu waliin walqabatee mul'atu ragaalee funaanee xiinxalee jira. Yaaduma kana, Gray (2004:239) irratti yommuu ibsu: “Observation involves the systematic viewing of people's action on the recording,analysis and interpretation of their behavior” jechuun ibsa. Yaadni Kun Kan hubachiisu, daawwaannaan mala ilaalcha namootaa, gocha, amalaafi waankanakana fakkaatu ilaalanii xinxaluun hiikaa itti kennanii ragaa fudhachuu akka ta'e hubachiisa. Sababuma kanaaf, qoratichis, mala kanatti fayyadamee ragaa funaanera. Haaluma kanaan, qoratichi yeroo ogeessi qoricha aadaa namoota qorichichatti fayyadamaniif kennuu biratti argamuun gorsa, ajaajaafi akeekkachiisa ogeessi kennu hordofuun yaadannoo qabachuufi sagalee waraabuun ragaa funaane. Akkasumas, namoonni qoricha aadaa fudhatan yeroo fayyadaman yookiin dhukkubsataaf kennan biratti argamuun akkaataa isaan qorichichatti fayyadaman daawwachaa fayyadama afaanii isaan tajaajilaaf oolchaan yaadannoo qabachuufi sagalee isaanii warabuun ragaa funaane. Kunis, hanqina ragaa afgaaffii waliin walqabate uummame guutuu danda'eera. Haala kana keessatti, haalonni qoricha aadaa daawwataman qorichoota aadaa sadii. Qorichoonni aadaa sadaan daawwataman yeroo namoota qoricha aadaa fudhatanii itti fayyadaman yeroo jaha mana ogeessa qorichaa aadaa kennutti argamuun ragaaleen funaannamaniiru. Ragaaleen fayyadama afaanii bifa waraabbitiifi yaadannoo qabachuun fudhatame irra deebi'uun waraabbicha dhaggeeffachuufi yaadannoo qabatame irradeebi'uun ilaaluun ragaan sagalee waraabuun fudhatame gara barreeffamaatti jijjiirramee ragaalee xinxalamee hiikni itti kennameera.

## 3.6.Mala Xiinxala Ragaalee

Ragaan erga haala gaariin funaanamee booda hojiin itti aanu seeraan qindeessuufi ibsuudha. Yaaduma kana, Dastaan (2002:109) irratti yoo ibsu: “Odeeeffannoo qindeessuun dhimoota hedduu of jalatti kan hammatu yoo ta'u, isaan keessaa muraasni gabateessuu,qoqqooduu,tartiibessuu,addeessuufi kankana fakkaatan.Qabxilee kutaa kana keessatti baay'ee barbaachisuudha.” jedhee ibsa. Kunimmoo, ragaa

warra kennurraa, afgaaffiifi daawwannaan argame haala kaayyoo qorannichaatiin walitti fidanii xiinxalanii dhiyeessuudha. Kanuma bu'uura godhachuun, malli akkamtaa adeemsa ragaan ittiin xiinxalame keessaa isaa tokko waan ta'eef, ragaaleen funaannaman jechaan ibsamuun kurfaa'anii jiru. Yaada kana ilaalchisee, Addunyaan (2011) irratti yoo ibsu: "qaacceessa mala akkamtaa keessatti ragaaleen funaannaman jechaan ibsamuun kan qaacceeffaman..." jechuun ibsa. Kanaaf, qorataan haala ragaan itti argame irratti hundaa'uun mala xiinxala ragaa akkamtaa fayyadamee ragaa argate qindeessuun xiinxalee dhiheessera.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE

## 4.1.Seensa

Qoratichi, boqannaa kana jalatti ragaalee afgaaffiifi daawwannaadhan argaman xiinxaluun hiika itti kennuun qabiyyeewwan seensa boqannaa kana jalatti dhihaatan keessatti dhiheessera. Ragaaleen kunneen kanneen afgaaffiifi daawwannaan ogeessota qoricha aadaa kennaniifi namoota qoricha aadaa fudhatanii dhimma itti bahanirraa argamani. Ragaawwan kanneen akkaataa walfakkeenya isaanitiin kurfeessee tokko tokkoon ragaalee dhihaataniif lakkoofsa itti kennee qabiyyeewwan seensa boqannichaa keessatti dhihaatan jalatti xiinxaleefi hiikee dhiheessera.

Qabiyyeewwan seensa boqannaa kana jalatti kurfaa'an: ibsa adeemsa qoricha aadaa kennuufi fudhachuu, makaa afaanii, fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti mul'atan: fayyadama sadarkaa jechamaa, fayyadama sadarkaa malleen dubbii: sadarka akkasaa, sadarkaa nameessaa, sadarkaa iddeessaa, sadarkaa afoolaa keessaa sadarkaa mammaaksaa, qabiyyeewwan fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuuf dhimma itti bahamanfi gahee fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti qabu jedhu jalatti dhiheessuun xiinxalee jira.

Walumaagalatti, boqannaa kana keessatti, qabiyyeewwan dhihaatan gaaffii bu'uuraafi kaayyoowwan qorannichaarraa kan maddani. Akkasumas, ragaaleen gaaffii qorannichaa deebisuuf funaannamani akka ragaatti dhihaatan lakkoofsi itti kennamuun xiinxalamanii gaaffilee qorannichaa deebisaniiru.

## 4.2.Ibsa Adeemsa Qoricha Aadaa Kennuufi Fudhachuu

Fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti haala: uummata Oromoo aanaa Hidhabuu ilaaluun durattti ka'umsaafi hubannoof akka ta'utti qoricha aadaa kennuufi fudhachuun maal akka ta'eefi adeemsa akkamiitin akka kennamu ragaa ogeessotaa qoricha aadaa kennaniifi namoota qoricha aadda fudhatanii itti faayyadaman; kan iddattoof filataman irraa yaada argame dhiheessuun murteessaa waan ta'eef, qoratichiis, yaada isaanii kana dhiheessera. Akka yaada ragaa kennitoota qorannoo kanarraa argameetti, qoricha aadaa kennuufi fudhachuun uummata Oromoo aanaa Hidhabuu Abootee biratti adeemsa, yoomeessaafi safuu mataa isaa kan qabu waan ta'eef, hawaasicha keessatti iddoo olaanaa qaba.

Qorichi aadaa kan kennnamu, yoomessa mataa isaa danda'e qaba. Kunis, qorichi aadaa guyyoota torbanii keessaa guyyaa Roobiifi Jimaataa, iddoo wacarraa bilisa ta'etti. Akkasumas, qoricha aadaa kan ogeessa biraa dhaqee fuudhu nama dhukkubsateefi nama biroo yookin fira dhihoo; kan hubannoo qabu.

Yaata'u malee, namichi dhukkubsatu ogeessa qoricha aadaa biratti argamee;,manuma ogeessichaatti qorichi akka kennamuuf yoo barbaachise, dursee haalli isaa ogeessa qoricha aadaa kennuun erga ilaallamee booda; yoo dhukkubsatichi humna hinqabu ta'e yookin dhukkubichi garmalee isa miidheera yoo ta'e, mana isaatti deebi'ee nyaata garaa isaa laaffisu akka fudhatu erga ta'ee booda; gara mana ogeessichaa deebi'uun qorichi kennamaafi.

Qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti, gahee guddaa kan qabu, dandeettiin fayyadama afaanii nama qoricha fuudhuu yookiin fudhatuu baay'ee murteessaa akka ta'e ogeessi qoricha aadaa kennu obbo Abdiisan qoratichaaf ibsaniiru. Akka obbo Abdiisan jedhanitti qorichi aadaa baay'ee ulfaataafi hadhaa cimaa waan qabuuf, dhukkubsataan obsaan akka qorichicha fudhatuuf jechoonniifi dubbiin ogeessi qoricha aadaa kennu fayyadamuufi namoonni manatti dhukkubsataaf qorichicha kennan itti fayyadaman akkuma qorichichaa gahee guddaa qaba jedhu. Kanaaf, fayyisummaan qoricha aadaa waantoota gurguddoo sadi bu'uureeffata. Isaaniis: tokkoffaa, yoomeessa isaa eeguu; fayyadama afaanii namicha dhukkuba isaa himatuufi fayyadama afaanii ogeessa qoricha kennuuti. Kanaaf, "Dhukkuba himatan qoricha argatu" jedha Oromoon jedhuu obbo Abdiisan. Akasumas, "Qorichiifi dhugaan hinhadha'a" jedhu.obbo Abdiisaa Abarraa afgaafii iddoo mana jireenya isaanitti gaafa 12/07/2012 taasifamerraa argame.

**4.3.Makaa Afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti**

Qorannoo kana keessattis, fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti Afaan Oromoofi Afaan Amaraa sadarkaa jechaatti walitti makamuun dhimma itti bahamaniiru. Jechoonni Afaan Amaaraa kan jechoota Afaan Oromoo bakka bu'uun fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti dhimma itti bahaman jechoota afaan Amaraa akkuma jirutti fudhachuufi dhamsaga Afaan Oromoo dhuma jechichaatti dabaluun afaan makuun hojiirra oole.

Fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti, makaan afaanii adda bahe makaa sadarkaa jechaati. Sadarkaa kanatti jechoonni afaan Amaraa waliin dubbii ogeessaafi namoota qoricha aadaa fudhatanii dhimmi itti bahan gidduutti taasiifamu keessatti tajaajilaaf oolan jechoota afaan Amaraa akkuma jirutti fudhachuun dhamsaga afaan Oromoo dhuma jechiichaatti dabaluun yookiin akkuma jirutti fudhachuun jechoota makuun dhimma itti bahuu raagaaleen armaan gaditti lakkoofsa 1 hanga 34 jiran kan waliin dubbii ogeessa qoricha aadaa kennuufi namoota qoricha aadaa fayyadaman gidduutti taasiifame irraa argaman nimuul'isu. Kanaaf, ragaaleen raga kennitoota mata duree fayyadama

afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti muula'atan jedhu jalatti ibsamanirraa funaannaman mata duree makaa afaanii sadarkaa jechaa jedhu kana jalattii xinxalamuun dhihaatanii jiru.

**Tartiiba Lakkoofsa Ragaalee:**

1. Qaalii gala
2. Qorichi miizana qaba
3. Axintii kana keessa deemee nanyaata
4. Dhukkubichi waan akka ikakii qaba
5. Macerreshaarratti nifayyita
6. Qoricha waan diingataa jennaan
7. Qorichi yoo baay'ate adagaa qaba
8. Dhukkubni sinbiraa funyaan nama karakara
9. Gizee xinnoo turte ofbeekti
10. Milikkita sareen sun mul'iste himu
11. irreessa qaba, tamanii hin qabu
12. Qorichi kun xiniqqaaqee barbaada
13. Horiis hinfayyisa, kan namaatiin likkii waldarba
14. Oliigadi fiigdi, iraftii hin qabdu
15. Irreessuma kennina, mirriqaata nuuf godhu
16. Amma garuu namni baay'een gara mana mangistii dhaqa
17. Arraba muraa fakkaata, qaamnisaa laslaassaa ta'a, hin alba'a, dudda kuta, daa'imni sun ol hin jedhu
18. Handhuurri waaqarraa dhufe, nafsaxuurii irras hinbu'a, garuma keessatti irra qubata, gaafa dhaltu jirtuu miti
19. Naharka bu'ee, waaqumatu na amalakkate, addunnaa akkasii hin agarree
20. Dubartiin hababaa qabdu yoo tuqxe hin miidhama
21. Qoricha kana danfisanii aara isaa ulatanii lax jedhanii rafu
22. Furriifi akkitaan kiyya bicaa fakkaate, sana booda inuman fayye
23. Qibaatii dibadhuus, hinculuLuuqsu
24. Qoricha dibachuun dura akka nitsinnaa eegan
25. Qorichi qixalii mukaa walitti guuruun kennamu kun baay'ee gaariidha
26. Gogaa na laxxaxe
27. Yeroo dibattu si hanadada

28. Guyyaa saddeetiti milikkita agarta
29. Sagaraa yeroon ta'uu, garmalee na dhukkuba jedhu
30. Qorichichi amma mazammazee baasuutti, akka manaa hin baaneen godha
31. Yeroon shintibeetii taa'u, nadhukuba
32. Sabassabee nakeessaa buqqise
33. Tonkaaritii kormaadha, hindhalu
34. Dur irreessi waan qabani, amma garuu ganzaba ta'eera

Ragaa lakkoofsa 1 irratti ibsame, *qaalii* jedhu jecha Afaan Amaraa kan jecha Afaan Oromoo *waadaa* jedhu bakka bu'ee tajaajile. Fayyadamni afaanii kun namni beekkumsa qoricha aadaa baratu, duraan dursee waadaa galuu akka qabu ibsuu kan agarsiisu. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 2 irratti ibsame, *miizana,* jedhu jecha Afaan Amaraa kan jecha Afaan Oromoo *hanga yookin hamma,* jedhu bakka bu'ee hojiirra oole. Kunis, qorichi aadaa yeroo kennamuufi fudhatamu hanga qabachuufi hanga kennamuufi fudhatamuun ol yoo ta'e akka nama miidhu muul'isuuf tajaajile. Akkasumas, hangaa gadi yoo ta'e dhukkkubicharraa akka nama fayyisuu hindandeenye agarsiisa.

Ragaan lakkoofsa 3 irra jiru, *axintii kana keessa deemee nanyaata,* jedhu keessatti, jecha Afaan Amaraa kan gita jechaa *lafee,* jedhu Afaan Oromoo keessaa qabutu afaanicha keessatti itti dhimma bahame.Kinis, dhukkubichi dhukkuba hanga lafee keessatti nama dhukkubu ta'uu agarsiisuuf tajaajile. Akkasuma, ragaan lakkoofsa 4 irratti ibsame, *ikakii,* jedhu jecha Afaan Amaraa kan jecha Afaan oromoo *cittoo,* jedhu bakka bu'ee tajaajile. Jechi kun, fayyadama afaanichaa keessatti mallattoo dhukkubichaa agarsiisuuf oole. Ragaan lakkoofsa 5 irratti ibsame, *macerreshaarratti nifayyita,* jedhu keessatti, jechi Afaan Amaraa *macerreshaa* jedhu, jecha Afaan Oromoo *dhuma yookin xummura* jedhu bakka bu'ee itti fayyadama afaanichaa keessatti tajaajilarra oole.

Ragaan lakkoofsa 6 irratti dhihaate, *qoricha waan diingataa jennaan,* dubbii jedhu keessatti, jechi *diingata* jedhu jecha Afaan Amaraa, Afaan Oromoo keessaa jecha gitaa *tasa* jedhu qabu. Kunis, jechi Afaan Oromoo kun jecha afaan birootiin bakka bu'uu agarsiisa. Ragaan lakkoofsa 7 irratti ibsame, *qorichi yoo baay'ate adagaa qaba* jedhu keessatti jechi *adagaa* jedhu ergaa balaa jedhu mul'isuuf jecha afaan Oromoo balaa jedhu bakka bu'ee tajaajile. Ragaan lakkoofsa 8 irratti ibsame, *dhukkubni sinbiraa funyaan nama karakara* jedhu keessatti, jechi afaan Amaraa *karakara* jedhu, jecha Afaan Oromoo *Seera* jedhu bakka bu'ee dhimma itti bahame. Ragaan lakkoofsa 9 irratti ibsame, gizee xinnoo turte ofbeekti dubbii jedhu keessatti jechi *gizee* jedhu jecha Afaan Amaraa Afaan Oromoo keessaa jecha gitaa *yeroo* jedhu qaba bakka bu'ee hojiirra oole. Kun guddina Afaan Oromoorratti dhiibbaa guddaa fida.

Ragaan lakkoofsa 10 irratti ibsame, *milikkita sareen sun mul'iste himu*, dubbii jedhu keessatti, jechi *milikkita* jedhu, jecha Afaan Amaarati. Jechi kun, jecha Afaan Oromoo *mallattoo* jedhu bakka bu'ee tajaajilaaf oole. Kunis, guddina Afaan Oromoorratti dhiibbaa guddaa geessisa. Ragaan lakkoofsa 11 irratti ibsame, *irreessa qaba; tamanii hinqabu*, dubbii jedhu keessatti, jechi *tamanii* jedhu jecha Afaan Amaraa kan jecha Afaan Oromoo *tilmaama* jedhu bakka bu'ee hojjirra oole. Kunimmoo, guddina Afaan Oromoo quucarsa. Ragaan lakkoofsa 12 irratti ibsame, *qorichi kun xiniqqaaqee barbaada* kan jedhu, keessatti jechi *xiniqqaaqee* jedhu jecha Afaan Amaraa kan jecha Afaan Oromoo ofeeggannoo jedhu bakka bu'ee tajaajilaaf oole. Ragaan lakkoofsa 13 irratti ibsame, horiis hinfayyisa, likkii waldarba dubbii jedhu keessatti jechamni *horiis hinfayyisa* jedhu ergaa dhukkubicharraa bilisa godha jedhu agarsiisuf itti dhimma bahame. Akkasumas, jechi *likkii* jedhu jecha afaan Amaraa jecha gitaa afaan Oromoo safara yookin hammaa jedhu bakka bu'ee itti dhimma bahame.

Ragaan lakkoofsa 14 irratti ibsame, *Oliigadi fiigdi, iraftii hinqabduu*, jedhu keessatti jechamni, *oliigadi fiigdi* jedhu, iddoo tokko hindhaabattu ergaa jedhu dabarsuuf gale. Akkasumas, jechi *iraftii* jedhu jecha Afaan Amaraa ta'ee,hiika gitaa Afaan Oromoo *boqannaa* jedhu bakka bu'ee, ergaa amala jijjiirrachuu ishee agarsisuuf dhimma itti bahame. Ragaa lakkoofsa 15 irratti ibsame, *irreessuma kennina, mirriqaata nuuf godhu* dubbii jedhu keessatti, jechamni *irreessuma kennina* jedhu, ergaa waanuma qabnu yookin hanga human keenyaa kanfalla jedhu mul'isa. Akkasumas, kanfaltiif hindhiphannu erga jedhu agarsiisa. Kana malees, dubbii mirriqaata, jedhu jecha Afaan Amaraa ta'ee ergaa gitaa Afaan Oromoo keessaa *eebba* kan jedhu bakka bu'e. kunimmoo, jechoonni Afaan Oromoo jechoota afaan birootiin bakka bu'aa yeroo deeman, guddina Afaan Oromoorratti dhiibba cimaa qaba. Kunis, jechoonni Afaan Oromoo jechoota Afaan Amaaratiin bakka bu'aa jirachuu agarsiisa.

Ragaan lakkoofsa 16 irratti ibsame, *amma garuu namni baay'een gara mana mangistii dhaqa* dubbii jedhu keessatti, jechi *mangistii* jedhu jecha Afaan Amaraa ta'ee jecha gitaa Afaan oromoo keessaa *mootummaa* jedhu bakka bu'ee hojiirra oole. Ergaan bu'uraa inni jalqabaa baatu; mana *mangistii* dhaqa kan jedhu, mana yaalaa ammayyaa deemu jechuuf kan itti dhimma bahame. Askeessatti kan muul'atu, jechoonni Afaan Oromoo jechoota Afaan Amaratiin bakka bu'aa jiraachuu isaaniti. Kun guddina afaanicharratti, gufuu guddaadha.

Ragaan lakkoofsa 17 irratti ibsame, *arraba muraa fakkaata, qaamnisaa laslaassaa ta'a, hinalba'a, dudda kuta, daa'imni sun olhinjedhu* jedhu keessatti, jechi *laslaassaa* jedhu jecha Afaan Amaaraa ta'ee kan hiika *lallaafaa* jedhu mul'isuuf itti fayyadamameedha. Ragaan lakkoofsa 18 irratti ibsame, *handhuurri waaqarraa dhufe, nafsaxuurii irras hin bu'a, garuma keessatti irra qubata, gaafa dhaltu*

*jirtuu miti* jedhu keessatti jechamni *handhuurri waaqarraa dhufe* jedhu, qorichi dhiqaa kun waaqumatu uume hiika jedhu agarsiisuuf kan itti dhimma bahame. Akkasumas, *nafsaxuurii* kan jedhu jecha afaan Amaraa ta'ee hiika dubartii ulfa jedhu bakka bu'ee gale yoo ta'u, dubbichi garuu, hiikaan isaa dhukkubni dhiqaa kun dubartii ulfaas nimiidha hiika jedhu ibsuuf tajaajilaaf oole.

Ragaan lakkoofsa 19 irratti ibsame, *naharka bu'ee, waaqumatu na amalakkate, addunnaa akkasii hinagarree* jedhu keessatti jechamni naharka bu'e jedhu hiika argadhe jedhu qaba. Akkasumas, *dubbii waaqumatu na amalakkate* jedhu keessatti jechi *amalakkate* jedhu jecha Afaan Amaraa ta'ee, kan hiika natti muul'ise jedhu qaba. Garuu dubbicha keessatti, beekumsicha waaqatu natti muul'ise hiika jedhu mul'isuuf kan dhimma itti bahame. Ragaan lakkoofsa 20 irratti ibsame, *dubartiin hababaa qabdu yoo tuqxe hin miidhama* jedhu,keessatti jechi *ababaa* jedhu jecha Afaan Amaraa kan jecha hiika gitaa jecha *laguu* jedhu qabu bakka bu'ee dhimma itti bahame.

Ragaan lakkoofsa 21 irratti ibsame, *qoricha kana danfisanii aara isaa ulatanii lax jedhanii rafu* dubbii jedhu keessatti jechamni *aara isaa ulatanii* jedhu hurka isaa ulatani hiika jedhu agarsiisa. Akkasumas, jechi *lax* jedhu jecha Afaan Amaraa ta'ee hiika callisa jedhu bakka bu'ee kan gale. Ragaan lakkoofsa 22 irratti ibsame, *furriifi akkitaan kiyya bicaa fakkaate, sana booda inuman fayye* dubbii jedhu keessatti, *furriifi akkiitaan kiyya bicaa fakkaate* kan jedhu, mala dubbii akkasaa ergaa furriifi hancuufni isaa bifa keelloo qabaachuu agarsiisuuf itti dhimma bahe. Karaa biraa, jechoonni Afaan Amaraa *akkitaafi bicaa* jedhan, walduraa duuban jechoota gitaa Afaan Oromoo keessatti hancufaafi keelloo jedhaman bakka bu'anii kan hojirra oolan ta'uun nimul'ata. Kunimmoo, guddina afaan Oromoo quucarsuurratti gahee olaanaa qaba.Kana malees, Oromoon Afaan Amaraa hinbeekne jechoota kana hubachuurratti nirakkata.

Ragaan lakkoofsa 23 irratti ibsame, *qibaatii dibadhuus, hincululuuqu* jedhu, dibatanis qaamni dhamsa hiqabaatu ergaa jedhu mul'isuuf jechama itti dhimma bahame. Kanamalees, jechi dubbii kana keessatti *qibaatii* jedhu jecha Afaan Amaraa kan jecha Afaan Oromoo *dibata* jedhu bakka bu'ee gale. Kunis, guddina afaanichaa quucarsuurratti gahee olaanaa qaba. Ragaan lakkoofsa 24 irratti ibsame, *qoricha dibachuun dura akka nitsinnaa eegan* dubbii jedhu keessati jechi *nitsinnaa* jedhu jecha afaan Amaraa kan jecha afaan Oromoo *qulqullina* jedhu bakka bu'ee itti dhimma bahame. Kun jechoonni afaan Oromoo itti fayyadama afaanii kana keessaa baqachaa jirachuu mul'isa. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 25 irratti ibsame, *qorichi qixalii mukaa walitti guuruun kennamu kun baay'ee gaariidha*, jedhu keessatti jechi afaan Amaraa *qixalii* jedhu jecha Afaan Oromoo *baala* jedhu kan bakka bu'e ta'uu muul'isa.

Ragaan lakkoofsa 26 irratti ibsame, *gogaa nalaxxaxe* dubbii jedhu keessatti jechi na *laxxaxe* jedhu jecha Afaan Amaraa kan jecha Afaan Oromoo naquncise jedhu bakka bu'ee itti dhimma bahame.Kunimmoo

guddina Afaan Oroorratti dhibbaa uuma. Ragaan lakkoofsa 27 irratti ibsame, *yeroo dibattu si hanaddada* dubbii jedhu keessatti jechi *si habaddada* jedhu jecha Afaan Amaraa kan jecha Afaan Oromoo *si gugguba* jedhu bakka bu'ee gale. Ragaan lakkoofsa 28 irratti ibsame, *guyyaa saddeetiti milikkita agarta* dubbii jedhu keessatti, jechi *milikkita* jedhu jecha Afaan Amaraa kan jecha Afaan Oromoo *mallattoo* jedhu bakka bu'ee itti dhimma bahame.

Ragaan lakkoofsa 29 irratti ibsame, *sagaraa yeroon ta'uu garmalee nadhukkuba* dubbii jedhu keessatti, jechi Afaan Oromoo boolii jedhu jecha Afaan Amaraa sagaraa jedhuun jijjiirramee tajaajilaaf oole. Jijjiirramuun jechaa kun guddina afaanichaa hanqisaa deema. Kana malees, jechamni *sagaraa yeroon taa'u,* jedhu ergaa yeroon udaanu yookin boolii ta'u jedhu agarsiisa. Ragaan lakkoofsa 30 irratti ibsame, *qorichichi amma mazammazee baasuutti akka manaa hinbaaneen godha* dubbii jedhu keessatti, jechi afaan Amaraa *mazammazee* jedhu jecha afaan Oromoo *xuuxee* jedhuun jijjiirramee akka tajaajilarra ooletu hubatama.

Ragaan lakkoofsa 31 irratti ibsame, *yeroon shintibeetii taa'u nadhukuba* dubbii jedhu keessatti, jechi Afaan Amaraa *shintibeetii* jedhu jecha Afaan Oromoo *mana fincaanii* jedhu bakka bu'ee tajaajile. Ragaan lakkoofsa 32 irratti ibsame, *sassaabee nakeessaa buqqise* dubbii jedhu keessatti, jechi Afaan Amaraa *sabassabee* jedhu jecha Afaan Oromoo funaanee jedhu, bakka bu'ee itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 33 irratti ibsame, *tonkaaritii kormaadha, hin takka'u* jedhu keessatti, jechamni *tonkaaritii kormaadha* jedhu ergaa dhukkubichi erga qorichaan bade booda namatti hindeebi'u jedhu agarsiisa. Akkasumas, jechi Afaan Amaraa *hin takka'u* jedhu jecha Afaan Oromo bakka *hin uummamu* jedhu jijjiiree ojiirra oole. Akkasums, ragaan lakkoofsa 34 irratti ibsame, *dur irreessi waan qabani, amma garuu, ganzaba ta'eera*, dubbii jedhu keessatti jechi *ganzaba* jedhu jecha Afaan Amaraa kan jecha Afaan Oromoo *qarshii* jedhuun jijjirramee kan itti dhimma bahame.

Walumaagalatti, fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti jechoonni Afaan Amaraa jechoota Afaan Oromoo bakka bu'uun, Afaaan Oromoo keessatti makaman haala lamaan ta'uun adda baheera. Haalli inni duraa, jechoota Afaan Amaraa fudhachuun dhamsaga Afaan Oromoo dhuma jechaarratti dabaluun jechicha gara Afaan Oromootti makuudha. Fakkeenyaa, jechoonni ragaalee tartiiba lakkoofsa 1,2,3,4,6,8,10,11,13,14,15,16,18,23,25,27,28,31,33fi 34 irratti ibsaman, dhuma jechaarratti dhamsagni Afaan Oromoo adda addaa itti dabalamuun fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti dhimma itti bahametti makamuun tajaajilaaf ooluun adda baheera.

Jechoota fayyadama afaanii kana keessatti makaman kan lakkoofasa 1, 3, 4, 11, 13, 14, 16, 18, 23, 25, 31fi 33 irratti ibsaman dhamsaga Afaan Oromoo /ii/ jedhu dabalachuun dhimma itti bahaman.

Akkasumas, jechoonni ragaalee lakkoofsa 2, 6, 8, 10, 15, 27, 28, 34 irratti ibsaman dhamsaga Afaan Oromoo /a/ jedhu dabalachuun fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti makamuun tajaajilaaf oolan.

Haalli inni lammataa, jechoonni Afaan Amaaraa fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti makamun dhimma itti bahaman, jechoota Afaan Amaraa akkuma jirutti fudhachuun fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti makuun dhimma itti bahamani. Haala kana keessatti, jechoonni ragaalee lakkoofsa 5, 7, 9, 12, 17, 19, 20, 21, 22, 24, 26, 29, 30, 32 irratti ibsaman, jechoota afaan Amaraa akkuma jirutti fudhatamuun jechoota Afaan Oromoo bakka bu'uun fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti makamuun tajaajilaaf oolani.

Walumaagalatti, jechoonni fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti makamanii dhimma itti Bahaman, jechoota Afaan Oromoo keessaa jecha gitaa kan hinqabane osoo hintaane, kanneen jecha gitaa qixaan qabani. Kuni ammo, jechoonni fayyadama afaanichaa keessatti tajaajiluu qaban jechoota afaan Amaraatiin bakka bu'aa deemuu mul'isa.

### 4.4.Fayyadama Afaanii Qoricha Aadaa Kennuufi Fudhachuu Keessatti Mul'atan

Mata duree kana jalatti qabiyyeewwan xixiqqaa fayyadama afaanii sadarkaa jechamaa, fayyadama afaanii sadarkaa malleen dubbii: fayyadama afaanii sadarka akkasaa, fayyadama afaanii sadarkaa nameessaa, fayyadama afaanii sadarkaa iddeessaa, fayyadama afaanii sadarkaa afoolaa, jedhamuun kurfaa'anii ragaaleen dhihaatan xiinxalamanii jiru.

Ragaaleen mata dureewwan kanneen jalatti xiinxalaman, ragaalee afgaaffiifi daawwannaan walitti qabamani. Ragaaleen kun, akkaataa walfakkeenya isaanitiin kurfaa'uun fayyadama afaanii ogeessota qoricha aadaa adda addaa kennaniifi namoota qoricha aadaa fudhachuun itti fayyadaman garagaraarraa kallattii fayyadama afaanii dubbii haala qorichoota adda addaa, bu'uura godhatan iddoo tokkotti kurfeessuun qaacceffamanii dhihaataniru.

Ragaaleen kuneen: ogeessa qoricha ijaa kenu obbo Abdiisaa Abarraa jiraataa ganda Siree Morosee waliin afgaaffii gaafa guyyaa 12/07/2012fi obbo Tasfayee Badhaanee Tulluu jirataa ganda Haroo Calanqoo waliin gaafa guyyaa 14/07/2012, afgaaffii jiraattota ganda Ada'a Bonayyaa obbo Abbitee Shaashoo Margaafi adde Alamii Baacaa Badhiyyee gaafa 15/07/2012 taasifame, afgaaffii gaafa guyyaa 18/07/2012 obbo Maammoo Bokii Araddaa jirataa ganda Ada'aa Naachoofi obbo Nugusee Geergisoo Kabbadaa jirataa ganda Ada'aa Bonayyaa waliin gaafa guyyaa 18/07/2012 taasifame, adde Balgituu

Waaqjiraa jiraattuu ganda Ada'a Naachoo waliin afgaaffii gaafa guyyaa 18/07/2012 taasifame, obbo Fayyisaa Gurrachoo jirataa ganda Alqoochii Qarree gaafa guyyaa 19/07/2012 afgaaffii godhame, afgaaffii gaafa guyyaa 21/08/2012 addee Maammitee Toleerraa jiraattuu ganda Haroo Calanqoorraa argame, afgaaffii ogeessa qoricha waan saree obbo Addisuu Margaa Kabbadee jirataa ganda Siree Morosee waliin gaafa guyyaa 23/08/2012 taasifame, obbo Abarraa Dasaa jiraataa ganda Gidaaboo Jammaafi obbo Mammoo Alii Dabalaa jirataa ganda Nya'aa Gababuu waliin afgaaffii gaafa guyyaa 30/08/2012 geggeeffame, daawwannaa mana obbo Abbabee Jorroo Aagaa jiraataa ganda Amdoo Ariirootti yeroo qoricha dhiqaa obbo Girmaa Ambahee fudhatan dubbii isaan obbo Abbabee Jorrootti dubbatan, afgaaffii aadde Ibsoo Simee Hordofaa jiraatuu magaala Ejeree ganda o1waliin gaafa guyyaa 06/09/2012 taasifame, daawwannaa gaafa guyyaa 06/09/2012 mana aadde Ibsoo Simeetti addee Xajjii Roobatiif yeroo qorichi simbiraa kennamu taasifame, afgaaffii obbo Taayyee Gaarradoo Jimaa waliin gaafa guyyaa 23/10/2012 taasiifame, dargaggoo Darajjee Katamaa Alamu waliin afgaaffii gaafa guyyaa 23/10/2012 taasifame, daawwannaafi afgaaffii gaafa guyyaa 05/12/2012 obbo Mangistuu Abbabaa Dabalee jiraataa magalaa Ejeree ganda 01 waliin taasifame, daawwannaafi afgaaffii nama qoricha baarilee mana ogeessa qoricha dhukuba kanaa kennutti gaafa guyyaa 05/12/2012 obbo Fayyisaa Badhadha Mootii jiraataa magalaa Ejeree ganda 01 waliin adeemsifame, obbo Birhaanuu Haabtamu waliin afgaaffii gaafa guyyaa 06/01/2013 godhameefi afagaaffii nama qoricha tonkaaritii ogeessa qoricha aadaa biraa fudhatee itti dhimma bahe obbo Tafarii Mokoonnin jiraataa magaalaa magalaa Ejeree ganda 01 waliin gaafa guyyaa 07/06/2012 taasiseerraa qoratichi ragaalee kurfeesse, fayyadama afaanii qoricha aaadaa kennuufi fudhachuu waliin walqabatee fayyadama jechoota, fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti muul'atan xiinxaluun hiikni itti kennamee dhihaatera.

### 4.4.1.Fayyadama Afaanii Sadarkaa Jechamaatti

Jechamni akaakuwwan fayyadama faanii hawaasini tokko ergaa barbaade ittiin dabarfatu. Kunis, dubbii isaa keessatti ergaan jiru kan muul'atu haala uummatichaafi aadaa isaa beekuu bu'uureeffata. Qoratichiis, kanuma bu'uura godhachuun ragaalee fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti muul'atu kan odeefkennitoota mata duree fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti muul'atan jedhu jalatti eerraman irraa afgaaffiifi daawwannaan argame xiinxalee dhiheesse.

35. Dhukkuba ijaati
36. Sinbiraafis hinkennama
37. Kan laphee qabu

38. Kan qalbii qabu
39. Hinbushaa’a
40. Yoo irraa ka’uu baate qoricha itti dabali
41. Hinjibbiti
42. Waan tasaati
43. Missii qaba
44. Nama ta’ee haasa’a
45. Ofirrattan agarsiisa
46. Nyaadheen itti agarsiisa
47. Irreessa qaba
48. Dur irreessi waamara
49. Dur baallileen irreessa ture
50. Qoricha jara kanan fuudhe
51. Qoricha waan diingataa jennaan
52. Bobbaa isaanitirra itti uli
53. Hinkakachiisna
54. Meeqa yuustee gadhiista
55. Yoo gadhiisuu didde adda gubatta jedhiin
56. Torba yookin shan yuuseen gadhiisa jetti
57. Iyyiteet gadhiisti
58. Kanumaan gadhiisti
59. Irreessa kennina
60. sanyii yareessiti
61. ciraa horiit balleessiti
62. waatiin jala hinbulu
63. qajjisa hinqabu
64. sanyii facaasen oldeebii didee
65. natti hoodatan
66. Lafa hagabuu najalaa bulchan
67. sanyumalleen nadhowwani
68. Harka namaati
69. Falfala abbaatu hiikkata

70. Mudhiidhaa gadi naqorraa
71. Jilba keessa nadhufa
72. Asii naaf gadhiisaa deema
73. Sarphaa kana nadhufa, faana bu’a
74. Jilba keessa nabahee
75. Kanuma keessa nagaadi’a
76. Nakotteessa, garuu waan fayyuun se;a
77. Waan saree, sareetu kaasa
78. Dhibichi bara qaba
79. Gorora harcaasisaa
80. Eega suuqqattii
81. Miilli lafa hinqabuu
82. Gaafa mataa dhuunfate, waan argite hunda ciniinti
83. Iji boolla bu’eet, maramteet ciistii
84. Horiis, namas hinfaalti
85. Qoricha waan sareetan kenna
86. Arraba yaasti
87. Hingoroorte
88. Amala jijjiirratte
89. Waan horii akka hintuqne
90. Qamadii akka hintuqne
91. Gaaddidduurraa ofeegi
92. Kan afaan hinbeeknefaatu dhufa
93. Horiis hinfayyisa
94. Qoricha waan saree fuudhera
95. Daa’ima kiyya tuqxe
96. Sarittiin eega ofjala suuqxi
97. Iji keessatti dhuma
98. Oliigadi fiigdi
99. Waanuma argite ciniinaa deemti
100. Gorora harcaafti
101. Gorora sana wahiin martee yoo olkeeche hinuummati

102. Afuuraafi gororaan faalti
103. Garaatti naqattee meeshaa garaa fixxee ajjeefti
104. Osoo hingodhatiin qoricha obaasta
105. Cireet keessaa yaasa
106. Afaan isaaniis qabbana
107. Harki isaanis qabbana
108. Qorichuma kanaan qulqullaa’ee, naaf fayye
109. Kan miidhamus jira; waan ogeessi jedhu hanqisuun yookin osoo ofirratti hinbeekin
110. Dhiqaa yookiin waan waaqaa jedhama; daa’ima qaqallisa, mataa dhaha
111. Hinalba’a, dudda kuta, daa’imni sun olhinjedhu
112. Morma tana sarasara, hudduu lamaan nyaatee fixee, gaduma deemti, ija keessatti fixe
113. Handhuurri waaqarraa dhufe, garuma keessatti irra qubata, gaafa dhaltu jirtuu miti
114. Naharka bu’ee, addunnaa akkasii hinagarree
115. Tibba tokko hindhaha, tibba tokko irraa dhaabbata
116. Daa’imni sun utaalee ka’e, kana irraan marsitee yookin udaan isaa obasnan, qajeelet fayyisa
117. Jala muree dhibba shanan kanfalchisa, irreessa isaati, dalagee ofhaajiraachisu, uummata haayaalu
118. Erga dhalattee gaduma deemti, olhinjettu
119. Ija tana boolla buuse
120. Morma kana cabseet, duddas kute, qaaruu kanatu walrukkute
121. Risaan kun gaaddidduu qaba, kinoo kana bunaan guyyaa sadiif obaasi, kana booda utaalet ka’a
122. Waan sinbiraati
123. Qoricha waan simbiraan kenna.
124. Irreessa fudheen fayyisaa jira.
125. Sinbira jedhamti malee, simbira hinfakkaattu
126. Sinbira halkanii jedhamti
127. Gaafa nadhukkube nan godha, namas hiikan jira
128. Ijas nama balleessiti, gurras nama qabdi
129. Lafti siin mara, lafti sitti diimata,akkanumatti siindeema
130. Mallattoon isaa, matumatu bishaan naqata

131. Gurrarraa na iyya
132. Funyaan kana keessa nanyaata
133. Addeessa waliin natti kaati
134. Simbirumatu akkana sigodha
135. Qoricha kana funyaaniin fudhadhu
136. Erga qoricha kana torban tokkoof fudhattee sirraa caba
137. Qoricha qufaan kuta
138. Midhaan natti hadheessa
139. Ganama yeroo kaatu sirrumaa deema
140. Ajaarraa nadhahe, isumaan naqabe
141. Huuruu kana naqabe
142. Boyyoo natti gadiise
143. Qoricha baarileen guura
144. Erga dibattee aduutti bahi
145. Nama amantaa qabuun barsiisa
146. Biqiltoonni qoricha kanaaf oolan fagaataniiru
147. Waatu natti bahe
148. Yeroo qaba
149. Aduu keessa taa'i
150. Mallattoo irratti mul'atu himata
151. Gadteessumni kiyya dhiiga qaba
152. Hidda walitti naguura
153. Karaa bobbaa kana fuchee baha
154. Teessuma nadhorka
155. Mataatti naguba
156. Yoo qaamni kee fayyaa ta'e qorichan siif awwaala
157. Yoo qaamni kee miidhamaa ta'e, dura waan gaarii nyaadhu
158. Qoricha kana obsii awwaalladhu
159. Nyaata dhuka qabu nyaadhu
160. Qurichi kun hiddaan buqqisa
161. Nama human hinqabneef hingodhu
162. Karaa gadteessumaa kanarratti nabahe

163. Waan garaa laaffisu nyaadhuu; dhugi
164. Arraabeet nafixe
165. Du’een deebi’e
166. Qorichi kun anaafis ormaafis
167. Akkisaas akkuma, hammisaas hammuma
168. Alaafis manaafis hinhir’atu, hindabalu
169. Safara hince’u safara hinhanqatu
170. Faloof malee haloof hinoolu
171. Waadadha, waadadha, waadadh
172. Harka keessan barbaadeen dhufe
173. Maal sigodha
174. Funyaan keessa nanyaata, mataa keessa nadeema, addeessarra natti ka’a
175. Waan sinbiraati,qorichaan siif kenna;sirraa baddi
176. Maaf nadhukkube hinjedhan, nafayyisi jedhu malee
177. Ilmoo waaqatu dhukkubsata
178. Amma fayyita
179. Harki koo qabbana
180. Cunuunfadhuu dhugi
181. Gaaddidduu lagi
182. Qorichi irreessa malee qoricha hinta’u

Ragaan lakkoofsa 35 irratti ibsame, *dhukkuba ijaa* jedhu, akka fayyadama afaan hawaasatti yeroo xinxaallamu, hiika dhukkuba tasaa yookin ija hamtuu kan nama miidhu ta’uu mul’isa. Kanaaf, ibsi kun jechamaan, ergaa dhokataan dhukkuba isaanitiif qoricha barbaadan argachuufi jechoota hawaasa keessatti safuu ta’an osoo hinfayyadamiin ergaa dabarfachuuti. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 36 irratti argamu, kan *simbiraafis hinkennama* jedhu, ergaa qorichi dhukkuba ijaaf oolu, dhukkuba simbiraatifis akka tajaajilu ibsuuf kan dhimma itti bahame. Hiika ibsa *simbiraafis hinta’a* jedhu kana qoricha dhukkuba ijaaf kennamu dhukkuba simbira halkaniirraa namatti dhufuuf dawaa ta’uufi itti fayyadamuun akka danda’amu ibsa.

Ragaaleen lakkoofsa 37fi 38 irra jiran jechamoonni *kan laphee qabu*fi *kan qalbii qabu* jedhan, kan waan itti himan qixaan hubatuufi abdatamu hiika jedhu kan qabu. Kunis, namni ogummaan qoricha aadaa kennuufi fudhachuu danda’u nama waan itti himameefi itti agarsiifame sirritti hubachuun qoricha aadaa qopheessuufi ajajaa, gorsafi akeekkachiisa qorichichaaf barbaachisu hubatee hubachisuu danda’uutti

beekkumsichi darba. Kana ta'uu yoo hinbaanne, qorichummaafi beekkumsichi karaatti hafuu danda'uu agarsiisuuf jechama fayyadama afaanichaa keessatti hojiirra oole.

Ragaan lakkoofsa 39 irratti ibsame, *hinbushaa'a* jedhu, jechama qorichichi humna dhaba hiika jedhu kennu. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 40 irratti ibsame, *yoo irraa ka'uu baate qoricha itti dabali* kan jedhu, hiikni fayyadama afaanii kana keessatti muul'isu, dhukkubich yoo gadhisuu baate yookin namni dhukkubsate sun yoo fayyuu dide yaada jedhu ibsa. Ragaan lakkoofsa 41 irratti ibsame, *hinjibbiti* kan jedhu, dhukkubichi nigadhiisa hiika jedhu qaba. Kanamalees, ragaan lakkoofsa 42 irratti ibsame, *waan tasaa* kan jedhu, dhukkubni ijaa kun kan itti yaadamee ta'u osoo hintaane akka tasaa nama dhukkubsuufi jechama jecha safuu haguuguuf dhimma itti bahame ta'uu agarsiisa. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 43 irratti ibsame, *missii qaba*, jedhu, hiika dhukkubichi namarraa ka'uuf wareega yookin waan argachuu barbaadu qaba jedhu mul'isa. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 44 irratti ibsame, *nama ta'ee haasa'a* jedhu, namichi dhukkubsatee of wallaale erga qoricha argatee ofbara yookin ofbeekee akkuma duraatti deebi'a yaada jedhu agarsiisa.

Ragaan lakkoofsa 45 irratti ibsame, kan *ofirrattan agarsiisa* jedhu, ogeessichi qoricha kennuun dura ofii fayyadamuu agarsiisa. Hiiknisaas, qorichiichi akka nama hinmiine agarsiisuufi dhukkubsataan akka tasaa lubbuun yoo dabre, akka hinshakkamne, amansiisuuf kan raawwatu ta'uu mul'isa. Kuniis, yaaxina hasgochaa keessatti wanti raawwatu jechaan qofa osoo hintaane gochaan raawwatee bu'aa gochichaa agarsiisuun ibsame. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 46 irratti ibsamee jiru, *nyaadheen itti agarsiisa* kan jedhu, akkuma ragaa isa lakkoofsa 45 irratti ibsamee, hiika amansiisuufi shakkii hir'isuuf raawwate ta'uu ibsa. Ragaan lakkoofsa 47 irratti ibsame, *irreessa qaba* kan jedhu, jechama qorichichi kanfaltii qabachuu isaa agarsiisuuf oole.

Ragaan lakkoofsa 48 irratti ibsame, dur *irreessi waamara* dubbii jedhu keessatti, namni waan qabu kenna malee, ogeessi qoricha kennu kana kenni, kana hinfudhadhu jechuu hindanda'u yaada jedhu qaba. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 49 irratti ibsame, *dur balliilleen irreessa ture* kan jedhu, namni waan kennu hinqabne, baala cabsatee mana abbaa qorichaatti irreeffatee deema malee, callisee qoricha fudhatee hindeemu. Kunis, yoo irreessi hinjiraanne qorichichi qorichummaa isaa dhaba jedhamee waan yaaddamuufidha. Akka ragaan kun ibsutti, baalli irreeffatame akkuma qarshiitti yookin horiitti qixa ilaallama malee ogeessafi dhukkubsataa gidduutti hir'ina akka hinuumne mul'isa.

Ragaan lakkoofsa 50 irratti ibsame, *qoricha jaraa kanaan fuudhe* dubbii jedhu keessatti, jechamni *qoricha jaraa* jedhu, ergaa qoricha ija hamtuu yookin ija namoota yoo nama ilaalan nama miidhuu danda'anii jedhu mul'isuuf dhihaate. Ragaan lakkoofsa 51 irratti dhihaate ,*qoricha waan diingataa*

*jennaan* dubbii jedhu keessatti, jechamni *qoricha waan diingataa* jedhu, ergaa qoricha dhukkuba ijaa tasa nama ilaaltuu jedhu muul'isuuf itti dhimma bahame.

Ragaan lakkoofsa 52 irratti ibsame, *bobbaa isaanitirra itti uli* jechamni jedhu, ergaa halkaan duraa qoricha itti ulla jedhu agarsisuuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 53 irratti ibsame, *hinkakachiisna* jechamni jedhu, ergaa akka dhukkubichi itti hindeebine waadaa seessisna jedhu mul'isuuf oole. Ragaan lakkoofsa 54 irratti ibsame, *meeqa yuustee gadhiista* dubbii jedhu keessatti, *meeqa yuustee gadhista* jechamni jedhu ergaa *si'a meeqa yuustee irraa baata* jedhu ibsuuf itti dhimma bahame.

Ragaan lakkoofsa 55 irratti ibsame, *yoo gadhiisuu didde adda gubatta jedhiin* dubbii jedhu keessatti, jechamni *adda gubatta* jedhu, ergaa diiminaan adda kee gubna jedhu muul'isuuf oole. Ragaan lakkoofsa 56 irratti ibsame, *torba yookin shan yuuseen gadhiisa jetti* dubbii jedhu keessatti, jechamni *torba yookin shan* jedhu ergaa mango yuuseen irraa baha jedhu mul'isa.Kunis, mallattoo fayyinaa agarsiisa. Ragaan lakkoofsa 57 irratti ibsame, *iyyiteet gadhiisti* jechamni jedhu, sagalee dhageessistee irraa baati erga jedhu agarsiisuf dhimma itti bahame. Ragaan lakkoofsa 58 irratti ibsame, *kanumaan gadhiisti* jechamni jedhu, ergaa kanumaan fayyiti jedhu qaba. Ragaan lakkoofsa 59 irratti ibsame, *irreessa kennina* jechamni jedhu ergaa kanfaltii qaba jedhu muul'isuuf itti dhimma bahame.

Jechamni lakkoofsa 60 irratti ibsame, *falfala abbaatu hiikkata* jechamni jedhu, qoricha abbaatu barbaadee rakkinicha keessaa baha ergaa jedhu agarsiisa. Ragaan lakkoofsa 61 irratti ibsame, *sanyii yareessit* jedhu, jechama ergaa sanyiin faca'e firii hingodhatu jechuu agarsiisuf itti dhimma bahame. Akkasumas, jechamoonni lakkoofsa 62fi 63 irratti ibsaman, *ciraa horiit balleessit* kan jedhuufi *waatiin jala hinbulu* kan jedhu ammoo hojiin moraa horiin akka hinhorreefi horuus; jabbiin akka hinguddanne taasisuu mul'isa. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 64 irratti ibsame, *qajjisa hinqabu* jechamni jedhu, namichi hojii moraarratti bobba'e, baay'ee akka daalacha'uufi simboo namummaa akka hinqbne agarsiisa.

Jechamni lakkoofsa 65 irratti ibsame, *sanyii facaaseen oldeebii dide* jechamni jedhu, sanyiin faca'e akka hinbiqille agarsisa. Jechamni lakkoofsa 66 irratti ibsame, *natti hoodatan* jedhu ammoo, wantii faca'e akka kan isaanii ta'u natti falfalan yookin akka hinhorre natti tolchan jechuu muul'isa. Akkasumas, jechamoonni lakkoofsa 67fi 68 jalatti mul'atan kan *lafa hagabuu najalaa bulchan* jedhuufi *sanyumalleen nadhowwani* jedhan, walduraa duuban kan agarsiisan sanyii facaaseen akka hinfacaane yookin hinmagarre ta'ee ergaa jedhufi sanyumaan facaase sanalleen akkan deebi'ee hinarganne nataasisan kan jedhu agarsiisa.

Ragaan lakkoofsa 69 irratti ibsame, jechamni *harka namaati* jedhu hiika dhukkubichi dhukkuba mortuun akka qabaman, namni akka fayyaa isaanitti more agarsisuuf dhimma itti bahame. Ragaan lakkoofsa 70 irratti ibsame, *mudhiidhaa gadi naqorra* kan jedhu, hiika mudhii keessa nadhukkuba jedhu ibsuuf itti fayyadamame. Ragaan lakkoofsa 71 irratti ibsame, *jilba keessa nadhufa* jechamni jedhu, ergaa jilba keessas nadhukkuba jedhu agarsiisa. Ragaan lakkoofsa 72 irratti ibsame, kan *asii naaf gadhiisaa deema* jedhu asii naaf fayyuu eegala hiika jedhu mul'isa. Ragaan lakkofsa 73 irratti ibsame, *sarphaa kana nadhufa, faana bu'a* dubbii jedhu keessatti jechamni *faana nabu'a* jedhu ergaa miila faanaas nadhukuba jedhu muul'isa.

Ragaan lakkoofsa 74 irratti jiru, *jilba keessa nabahe* jedhu jilba dhaqee nadhukkubsa jechuu ibsa.Akkasumas, ragaan lakkoofsa 75 irratti ibsame, *kanumma keessa nagaadi'a* jechamni jedhu, hiika akka hindeemne nadhorka jedhu ibsuuf dhimma itti bahame. Ragaan lakkoofsa 76 irratti ibsame, *nakotteesa, garuu waan fayyuun se'a* dubbii jedhu keessatti jechamni *nakotteesa* jedhu hiika deemmii nadhorka jedhu yoo ibsu, jechamni *waan fayyuun se'a* jedhu garuu, dhukkubicharraa nan fayya natti fakkaata hiika jedhu ibsuuf dhimma itti bahame.

Ragaan lakkoofsa 77 irratti ibsame, *waan saree, sareetu kaasa* jechamni jedhu, hiika dhukkuba saree sareetu fida kan jedhu agarsiisuuf itti dhimma bahame. Ragaan 78 irrati dhihaate, *dhibichi bara qaba* jechamni jedhu, dhukkubichi yeroo itti ka'u qaba hiika jedhu agarsiisuuf dhimma itti bahame. Ragaan lakkoofsa 79 irratti ibsame, *gorora harcaasisa* jechamni jedhu, hiika hingoroorsiisa jedhu muul'isuuf dhimma itti bahame. Ragaan lakkoofsa 80 irratti ibsame, *eegee suuqqatti* jechamni jedhu, hiika eegee ofjala qabdi jedhu agarsiisuuf kan itti fayyadamame. Ragaan lakkoofsa 81 irratti ibsame, *miilli lafa hinqabu* jechamni jedhu, hiika oliigad fiigdi ergaa jedhu dabarsuuf kan oole.

Ragaan lakkoofsa 82 irratti ibsame, *gaafa mataa dhuunfate, waa hunda ciniinti* dubbii jedhu keessatti, jechamni *mataa dhuunfate* jedhu hiika gaafa sadarkaa dhumaarra gahe jedhu muul'isuuf itti dhimma bahame. Akkasumas, jechamni *waa hunda ciniinti* jedhu, hiika waan argatte hunda faalti ergaa jedhu muul'isuuf itti fayyadamame. Ragaan lakkoofsa 83 irratti ibsame, *iji boolla bu'eeti, maramteet ciisti* kan jedhu, hiika ija banachuu dadhabdeet ciisti ergaa jedhu ibsuuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 84 irratti ibsame, *horiis, namas hinfaalte* jechamni jedhu, hiika dhukkuba horiifi namatti dabarsite jedhu agarsiisuuf itti fayyadamame. Fayyadamni afaanii askeessatti mul'atu jechamoota. Jechamoonni kun, jechoota safuu kan waan sarichi ta'u ifatti baasani yoo dubbatan rakkoo fiduu danda'uuti ilaallamani. Fakkeenyaf, **sareetu kaasa** kan jedhu, sareetu dhukkubichaaf sabaaba ta'ee daddabarsa kan jedhu gita.

Hawaasa keessatti, sareetu maraate jechuu akka safuutti ilaalanii safeeffatu. Kana malees, **bara qaba**, kan jedhu bara sareen marattutu jira jechuu ibsa.

Ragaan lakkoofsa 85 irratti ibsame, *qoricha waan sareetan kenna* jedhu keessatti, jechamni *waan saree* jedhu, ergaa dhukkuba saree jedhu agarsisuuf dhimma itti bahame. Ragaan lakkoofsa 86 irratti ibsame, *arraba yaasti* jedhu, jechama ergaa *arraba muul'isti* jedhu agarsisuuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 87 irratti ibsame, *hingoroorti* dubbii jedhu keessatti, jechamni hingoroorti jedhu, ergaa *hancufa harcaasti* jedhu agarsisuuf dhimma itti bahame. Ragaan lakkoofsa 88 irratti ibsame, *amala jijjiirratte* dubbii jedhu keessatti jechamni *amala jijjiirratte* jedhu, ergaa akka durii ta'uu didde jedhu agarsisuuf hojiirra oole. Ragaan lakkoofsa 89 irratti ibsame, *waan horii akka hintuqne* jechamni jedhu, ergaa foon yookin aannaan akka hindhugne jedhu agarsisuuf itti dhimma bahame.

Ragaan lakkoofsa 90 irratti ibsame, *qamadii akka hintuqne* jechamni jedhu soorata qamadiirraa qophaa'u akka hinsooranne jedhu dabarsuuf kan itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 91 irratti ibsame, *gaaddidduu ofeegi* jechamni jedhu, ergaa namni akka sibira hingeenye jedhu muul'isuuf itti fayyadamame. Ragaan lakkoofsa 92 irratti ibsame, *kan afaan hinbeeknefaatu dhufa* dubbii jedhu keessatti, jechamni *kan afaan hinbeekne* jedhu, ergaa nama afaan Oromoo hindandeenye jedhu muul'isuuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 93 irratti ibsame, *horiis hinfayyisa* dubbii jedhu keessatti, jechamni horiis hinfayyisa jedhu, ergaa dhukkubicharraa bilisa godha jedhu agarsiisuf itti dhimma bahame.

Akka ragaan lakkoofsa 94 irratti ibsame, *qoricha waan saree fuudhera* jedhu keessatti jechamni *waan saree fuudhera* jedhu, ergaa qoricha dhukkuba saree ogeessarraa fudhee itti tajaajilamera jedhu agarsisuuf ole. Ragaan lakkoofsa 95 irratti ibsame, *daa'ima kiyya tuqxe* jechamni jedhu, ergaa sareen dhukkubsatte yookin maraatte daa'imatti dhukkubicha dabarsuu ishee agarsisuuf dhimma itti bahame. Ragaan lakkoofsa 96 irratti ibsame, *sarittiin eega ofjala suuqxi* jechamni jedhu, sareen dhukkubsatte mallattoo eega gadi buusuu yookin eega miila lamaan jala kaawwachuu agarsisuufi sarittiin dhukkubichan qabamu ishee mirkaneessuuf dhimma itti bahame. Ragaan lakkoofasa 97 irratti ibsame, jechamni *iji keessatti dhuma* jedhu, ergaa sarittiin dhukkuba sareen qabamuu ishee mirkaneessuuf, iji saritti garmalee xixiqqachuu ishee ibsuuf itti fayyadamame. Ragaan lakkoofsa 98 irratti ibsame, *Oliigadi fiigdi* jedhu keessatti, jechamni *oliigadi fiigdi* jedhu, iddoo tokko hindhaabattu ergaa jedhu dabarsuuf gale.

Ragaan lakkoofsa 99 irratti ibsame, *waanuma argite ciniinaa deemti* jechamni jedhu, ergaa ofhibeektu jedhu dabarsuuf kan itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 100 irratti ibsame, *goroora harcaafti*

jechamni jedhu, mallattoo sareen dhukkubsatte qabdu mirkaneessuuf kan gale ta'ee; ergaa sarittiin hancufa qabachuu hindandeessu jedhu dabarsuuf itti fayyadamame. Ragaan lakkoofsa 101 irratti ibsame, *gorora sana wahiin martee yoo olkeeche hinuummati* kan jedhu keessatti, jechamni *wahiin martee* jedhu, ergaa hucuun haguugdee yoo teechifte kan jedhu ibsuuf oole. Akkasumsa, jechamni *hinuummatti* jedhu, ergaa lubbuu godhatti jedhu qaba. Ragaan lakkoofsa 102 irratti ibsame, *afuuraafi gororaan faalti* jechamni jedhu, ergaa afuuraafi gororaan dhukkubicha dabarsiti jedhu muul'isuuf itti dhimma bahame.

Ragaan lakkoofsa 103 irratti ibsame, *garaatti naqattee meeshaa garaa fixxee ajjeefti* dubbii jedhu keessatti, jechamni *garaattii naqattee* jedhu, ergaa gaaratti uummamtee jedhu agarsisuuf kan oole. Akkasumas, jechamni *meeshaa garaa fixxee ajjeefti* kan jedhu, isheen garaa keessatti uummamte garaa namaa keessaa meeshaa garaa nyaattee du'aaf saaxilti ergaa jedhu qaba. Ragaan lakkoofsa 104 irratti ibsame, *osoo hingodhatiin qoricha obaasta* dubbii jedhu keessatti, jechamni *osoo hingodhatiin* jedhu, ergaa osoo lubbuu hinhoratiin qoricha obsuun akka barbaachisu muul'isuuf oole. Ragaan lakkoofsa 105 irratti ibsame, *cireet keessaa yaasa* jechamni jedhu, ergaa qorichichi waan garraatti uumame kutee kutee baasa jedhu ibsuuf dhimma itti bahame. Ragaan lakkoofsa 106 irratti ibsame, *afaan isaanis qabbana* jechamni jedhu dubbiin ogeessaa yookin ogeettii qoricha kana kennuu yookin kennituu fayyiin keessatti gahee qabachuu muul'isa. Ragaan lakkoofsa 107 irratti ibsame, *harki isaanis qabbana* jechamni jedhu, ergaa qorichi isaan laatan nifayyisa jedhu agarsisuuf itti dhimma bahame.

Ragaan lakkoofsa 108 irratti ibsame, *qorichuma kanaan qulqullaa'ee naaf fayye* dubbii jedhu keessatti, jechamni *qulqulla'ee naaf fayye* jedhu, ergaa sirriitti fayye yookin guutumaa guututti fayye jedhu muul'isuuf oole. Ragaan lakkoofsa 109 irratti ibsame, *kan miidhamus jira, waan ogeessi jedhu hanqisuun yookin osoo ofirratti hinbeekin* dubbii jedhu keessatti, jechamni *kan miidhamus jira* jedhu, ergaa namnii lubbuun darbuus jira jechuuf dhimma itti bahame. Akkasumas, jechamni *waan ogeessi jedhu hanqisuun* jedhus, ergaa akkaataa ogeessi ajejeen raawwachuu dhiisuu jedhu mul'isa. Kana malees, jechamni *osoo ofirratti hinbeekin* jedhu ergaa dhukkubichaan tuqamuu osoo hinbeekin jedhu agarsisuuf tajaajilarra oole.

Akka ragaan lakkoofsa 110 irratti ibsame, *dhiqaa yookin waan waaqaa jedhama, daa'ima qaqallisa, mataa dhaha* jedhu, jechamoota akka *dhiqaa, daa'ima qaqallisaafi mataa dhaha* jedhaman, haala dubbichaa keessatti *dhiqaa* yookin *waan waaqaa* jedhu, hiika dhukkuba gaaddidduun allaattii risaa jedhamu daa'imarraa yeroo uulfaa garaa haadhaa keeessatti irra bu'uun dhufu. Akkasumas, jechamoonni *qaqallisaafi mataa dhaha* ergaa qaama huuqqisee, akka olhinjenne taasisa jedhu dabarsuuf itti dhimma bahame. Yookin daa'ima huuqqisuufi akka mataa olqabattee hindeemne laamsheesu jedhu dabarsuuf

dhimma itti bahame. Ragaan lakkoofsa 111 irratti ibsame, *hinalba'a, dudda kuta, daa'imni sun olhinjedhu* dubbii jedhu keessatti, jechamni *hinalba'a* jedhu gadteessuma itti godha yookin gadteessisa ergaa jedhu dabarsuuf itti dhimma bahame. Akkasumas, *dudda kuta* kan jedhu, hiika oljedhee dhaabachuu hindaanda'u jechuuf kan dhimma itti bahame ta'ee, jechamni *daa'imni sun olhinjedhu* jedhus, daa'imichi dhaabatee deemuu hindanda'u jechuuf kan dhimma itti bahame.

Ragaan lakkoofsa 112 irratti ibsame, *morma tana sarasara, hudduu lamaan nyaatee fixee, gaduma deemti, ija keessatti fixe* jedhu jechamota *morma sarasara jedhu, morma qallisa yookin huuqqisa, hudduu lamaan nyaatee fixe* kan jedhu, mudhii gadi garmalee huuqqise hiika jedhu kan dabarsuuf itti fayyadaman. Akkasumas, jechamni *gaduma deemti* jedhu, hiika hinguddattu jedhu agarsiisuuf kan itti dhimma bahame yoo ta'u jechamni *ija keessatti fixe* jedhu hiika garmalee ija xiqqeesse yookin ija banachuu hindandeessu jedhu agarsiisuuf itti fayyadamame.

Ragaan lakkoofsa 113 irratti ibsame, handhuurri *waaqarraa dhufe, garuma keessatti irra qubata, gaafa dhaltu jirtuu miti* jedhu keessatti, jechamni *handhuurri waaqarraa dhufe* jedhu, qorichi dhiqaa kun waaqumatu uume hiika jedhu agarsiisuuf kan itti dhimma bahame. Akkasumas, jechamni *garuma keessatti irra qubata* jedhu, hiika dhukkubichi dubartii ulfa taate daa'ima isheen garaatti baattu garuma keessatti dhukkubichaan qabamuu agarsiisa. Dabalataanis, jechamni *gaafa dhalattu jirtuu miti* jedhu, daa'imni yeroo ulfaa garaa haadhaa keessatti gaaddidduun risaa irra bu'e gaafa dhalattu fayyaa miti hiika jedhu agarsiisuuf kan dhimma itti bahame.

Ragaan lakkoofsa 114 irratti ibsame, *naharka bu'ee, waaqumatu na amalakkate, addunnaa akkasii hinagarree* jedhu keessatti jechamni naharka bu'e jedhu, hiika argadhe jedhu qaba. Kana malees, jechamni *addunnaa akkaasii hinagarre* jedhu, hiika gammachuu akka gaafa sanaa hinargine jedhu agarsiisuuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 115 irratti ibsame, *tibba tokko hindhaha, tibba tokko irraa dhaabbata,* jechamoonni jedhan, yeroo tokko nidhukkuba, yeroo biraa nidhiisa hiika jedhu agarsiisuuf dhimma itti bahame. Ragaan lakkoofsa 116 irratti ibsame, *daa'imni sun utaalee ka'e, kana irraan marstee yookin udaan isaa obasnan, qajeelet fayyisa* dubbii jedhu keessatti, jechamoonni *utaalet ka'e* jedhu daddafeet fayye hiika jedhu kan agarsiisuf dhimma itti bahameefi jechamni *qajeelet fayya* jedhu immoo sirriitti fayya hiika jedhu ibsuuf kan dhimma itti bahame.

Ragaan lakkoofsa 117 irratti ibsame, kan *jala muree dhibba shanan kanfalchisa, Irreessa isaati, dalagee ofhaajiraachisu, uummata haayaalu* dubbii jedhu keessatti jechamoonni jala muree jedhu hiika kan hinhir'anneefi kan hindaballe jedhu agarsiisuf kan itti fayyadamani. Akkasumas, jechamni *irreessa isaati* jedhu, hiika kanfaltiin isaa jedhu agarsiisuuf kan itti fayyadamame yoo ta'u *dalagee*

*ofyaajiraachisu* kan jedhu, irreessa isaa kanfalamuun jiraata kan jedhu yoo agarsiisu, jechamni *uummata haayaalu* jedhu uummata yaatajaajilu hiika jedhu dubbicha keessatti agarsiisuf kan dhimma itti bahame.

Ragaan lakkoofsa 118 irratti ibsame, *erga dhalattee gaduma deemti, olhinjettu,* jedhu, dubbii dachaa hiika erga dhalattee guddinni ishee hir'isuu malee hindaballe, deemuu hindandeechu jedhu ibsuuf dhimma itti bahame. Ragaan lakkoofsa 119 irrati ibsame, *ija tana boolla buusee* jechamni jedhu, dhukkubichi garmalee daa'imicha akka miidhe, iji keessatti xixiqqaattee, hubamuu ishaa agarsiisuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 120 irratti ibsame, *morma kana cabseet, duddas kutee, qaaruu kanatu walrukkute* jedhu keessatti hiikni dhimma itti bahame, jechamoota hiika morma baachuu dadhabe, oljechuu yookin dhaabbachuu dhowweefi fuula garmalee huuqqise jedhu agarsiisu.

Ragaan lakkoofsa 121 irratti ibsame, *risaan kun gaaddidduu qaba, kinoo kana bunaan guyyaa sadiif obaasi,kana booda utaalet ka'a* jedhu keessatti jechamoonni *risaan kun gaaddidduu qaba, kana booda utaalet ka'a* jedhan, hiika allaattiin kun dhukkuba fida yookin gaaddidduun isaa nama miidha jedhu yoo agarsiisu; kana booda utaaleet ka'a kan jedhu ammoo, erga qoricha dhugee booda dafeet fayya ergaa jedhu dabarsuuf kan dhimma itti bahame.

Akka ragaan lakkoofsa 122 irratti ibsame, *waan sinbiraati* kan jedhu keessatti, jechamni waan sinbiraa jedhu, hiika dhukkuba simbira halkanirraa namatti dhufu ibsuuf kan oole. Ragan lakkoofsa 123 irratti ibsame, *ani qoricha waan simbiraan kenna* dubbii jedhu keessatti, jechamni waan simbiraa jedhu, dhukkuba simbirarraa nama qabu jechuuf kan dhimma itti bahame. Ragaan lakkoofsa 124 irratti ibsame, *irreessa fudheen fayyisaa jira* jedhu, hiika qoricha simbiraa kennufi fudhatanii fayyuuf kanfaltii qaba jechhuf kan dhimma itti bahame. Ragaan lakkoofsa 125 irratti ibsame, *sinbira jedhamti malee, simbira hinfakkaattu* dubbii jedhu keessatti, mala dubbi akkasaa gosa simbira biroo kan dhukkuba simbiraa hinfidne fakkaatti malee, sinbiraa miti ergaa jedhu agarsiisa. Ragaan lakkoofsa 126 irratti ibsame, *simbira halkanii jedhamti* jechamni jedhu, ergaa gosa sinbiraa halkaan malee guyyaa hinmuula'anne kan dhukkuba sinbiraa jedhamu daddabarsitu jedhu muul'isuuf fayyadama afaanichaa keessatti hojiirra oole.

Ragaan lakkoofsa 127 irratti ibsame, *gaafa nadhukkube nan godha, namas hiikan jira* jedhu keessatti, jechamni *namas hiikan jira* jedhu, hiika dhukkubicharraa nama fayyisaan jira jedhu ibsuuf kan itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 128 irratti ibsame, *ijas nama balleessiti, gurras nama qabdi* dubbii jedhu keessatti jechamni *ijasa nama balleessiti* jedhu, hiika iji akka hinagarre gooti jedhu muul'isuuf itti fayyadamame. Akkasumas, jechamni *gurras nama qabdi* jedhu, hiika akka hindhageenya nama gooti jedhu ibsuuf kan dhimma itti bahame. Ragaan lakkoofsa 129 irratti ibsame, *lafti siin mara, lafti sitti diimata, akkanumatti siindeema* jedhu keessatti, jechamni *lafti siin mara* jedhu hiika sijoonjessa jedhu

ibsuuf hojiirra oole. Akkasumas, jechamni *lafti sitti diimata* jedhu, hiika bakka jirtu wallaalta jedhu agarsiisuuf tajaajile. Jechamni *akkanumatti siin deema* jedhu, ofsiwallaalchisa hiika jedhu ibsuuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 130 irratti ibsame, *mallattoon isaa, matumatu bishaan naqata* dubbii jedhu keessatti jechamni *matumatu bishaan naqata* jedhu, hiika sammuutu lallaafa jedhu ibsuuf itti dhimma bahame.

Ragaan lakkoofsa 131 irratti ibsame, *gurraarraa na iyya* jedhu, akaakuu fayyadama afaanii jechama ta'ee, gurratti sagaleen najeequ, kan dhageettiif narakkisutu natti dhagahama hiika jedhu qaba. Ragaan lakkoofsa 132 irratti ibsame, kan *funyaan kana keessa nanyaata* jedhu, hiika keessi funyaan kootii nadhukkuba jedhu qaba. Ragaan lakkoofsa 133 irratti ibsame, *addeessa waliin natti kaati* jedhu, dubbii dacha yoomeessa dhukkubichaa ibsuuf itti fayyadaman ta'uu agarsiisa. Ragaan lakkoofsa 134 irratti ibsame, *simbirumatu akkana sigodha* jechamni jedhu, hiika mallattoon ati natti himte dhukkubicha sirriitti agarsiisee jira; kanaaf dhukkubni kee dhibee simbiraati ergaa jedhu qaba. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 135 irratti ibsame, *qoricha kana funyaanin fudhadhu* jedhu, jechama hiika qorichi kun kan fudhatamu funyaaniin xuuxuudhan yookin naqachuun jedhu qaba. Ragaan lakkoofsa 136 irratti ibsame, *erga qoricha kana torban tokkoof fudhattee sirraa caba* jedhu, dubbii dachaa hiika erga qoricha sirritti fayyadamtee booda dhukkubichi sidhiisa jedhu agarsiisuf kan dhimma itti bahame.

Akka ragaan lakkoofsa 137 irratti ibsame, *qoricha qufaan kuta* jedhu, jechama hiika qoricha qufaan kenna yookin beeka jedhu agarsiisuf tajaajile. Ragaan lakkoofsa 138 irratti ibsame, *midhaan natti hadheesa kan jedhanis jiru* dubbii jedhu keessati, jechamni *midhaan natti hadheessa jedhu, hiika midhaan najibbisiisa* jedhu mul'isuuf oole. Ragaan lakkoofsa 139 irratti ibsame, *ganama yeroo kaatu sirrumaa deema* jechamni jedhu hiika *nifayyita* jedhu agarsiisuf tajaajile.

Ragaan dubbii lakkoofsa 140 irratti eerrame, kan *ajaaraa nadhahe, isumaan naqabe* jedhu keessatti, jechamni duraa *ajaarraa nadhahe* jedhu, waan xira'uurraa qufaan naqabe yaada jedhu dabarsuuf yoo oolu, jechamni lammataa, *isumaan naqabe* kan jedhu ammoo,waan ajaa'u sanarraa qufaan natti dhufe ergaa jedhu agarsiisuuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 141 irratti ibsame, *huuruu kana naqabe* jechamni jedhu, ergaa funyaan keessa nadhukkuba yookin funyaan keessa nanyaatee afuura baafannaa nadhorke jedhu ibsuuf oole. Ragaan lakkoofsa 142 irratti ibsame, *boyyoo natti gadhiise* jechamni jedhu, dhaamsa mataa dhukkubbi natti godhe jedhu agarsiisuuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 143 irratti ibsame, kan *qoricha baarileen guura* jedhu, jechama ergaa ogeessa qoricha dhukkuba baarileet jedhu agarsiisuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 144 irratti ibsame, kan *erga dibattee aduutti*

*bahi* jedhu, jechama ergaa qoricha dibattee booda aduu keessa taa'ii oo'ifadhu jedhu dabarsuuf itti dhimma bahame.

Ragaan lakkoofsa 145 irratti ibsame, *nama amantaa qabuun barsiisa* jedhu, jechama ergaa nama amanamuu danda'uttaan hima jedhu muul'isuuf oole. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 146 irratti ibsame, *biqiltoonni qoricha kanaaf oolan fagaataniiru* dubbii jedhu keessatti, jechamni *biqiltoonni qoricha kanaaf oolan fagaataniiru* jedhu, biqiloonni dhimma kanaaf oolan akka durii lafa dhihootti yookin dhihoodhaa argachuun rakkisaadha ergaa jedhu ibsuuf itti dhimma bahame.

Ragaan lakkoofsa 147 irratti ibsame, *waatu natti bahe* jechamni jedhu, ergaa dhukkuba ta'e wayiitu qaama koorratti namuul'ate jedhu agarsisuuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 148 irratt ibsame, *yeroo qaba* jechamni jedhu, ergaa dhukkubichi waktii itti cimu qaba jedhu muul'isuuf oole. Ragaan lakkoofsa 149 irratti ibsame, *aduu keessa taa'i* jechamni jedhu, ergaa aduu oo'ifadhu jedhu mul'isuuf itti dhimma bahame.

Ragaan lakkoofsa 150 irratti ibsame, *mallattoo irratti muul'atu himata* dubbiin jedhu, jechama fayyadama afaanii kana keessatti ergaa mallattoo qaama isaarratti dhukkubichi fide dubbatata kan jedhu agarsisuuf tajaajile. Ragaan lakkoofsa 151 irratti ibsame, *gadteessumni kiyya dhiiga qaba* dubbii jedhu keessatti jechamni *gadteessumni kiyya dhiiga qaba* jedhu karaa dacha ta'een ergaa udaan kiyya dhiiga qaba jedhu ogeessatti himuuf kan itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 152 irratti ibsame, *hidda walitti naguura* dubbii jedhu keessatti, jechamni *hidda walitti naguura* jedhu ergaa qaamni koo walnaharkisa jedhu agarsisuuf dhimma itti bahame.

Ragaan lakkoofsa 153 irratti ibsame, *karaa bobbaa kana fuchee baha* jedhu keessatti fayyadamni afaanii *karaa bobbaa kana fuchee baha* jedhu, jechama karaa fagaraa dhiitahee gadi baha ergaa jedhu agarsisuuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 154 irratti ibsame, *teessuma nadhorka* jedhu, jechama ergaa teessorra yeroon taa'u nadhukkuba yookin yeroon taa'u miira dhukkubbiitu natti dhagahama jedhu mul'isa. Ragaan lakkoofsa 155 irratti ibsame, *mataatti naguba* jedhu, jechama dhukkubbiin isaa sammuutti nadhagahama jedhu ibsuuf itti dhimma bahame.

Ragaan lakkoofsa 156 irratti ibsame, *yoo qaamni kee fayyaa ta'e qorichaan siif awwaaala* dubbii jedhu keessatti, jechamni *yoo qaamni kee fayyaa ta'e* jedhu ergaa qaaman yoo huuqqachuu baate yookin dhukkubichi garmalee yoo simiidhuu baate jedhu agarsisa. Akkasukas, jechamni *qorichaan siif awwalaa* jedhu ergaa qoricha qaama tonkaaritiin irratti muul'atu keessan ka'a jedhu agarsiisa. Ragaan lakkoofsa 157 irratti ibsame, *yoo qaamni kee miidhamaa ta'e, dura waan gaarii nyaadhu* dubbii jedhu keessatti,

jechamni *waan gaarii nyaadhu* jedhu, ergaa nyaata madaallame nyaadhuu jedhu mul'isuuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 158 irratti ibsame, *qorichicha obsii awwaalladhu* dubbii jedhu keessatti, jechamni obsii awwaalladhu jedhu, ergaa soda tokko malee jedhu agarsiisa.

Ragaan lakkoofsa 159 irratti ibsame, *nyaata dhuka qabu nyaadhu* jechamni jedhu, ergaa nyaata dibata ofkeessa qabu sooradhu jedhu muul'isuuf hojiira oole. Ragaan lakkoofsa 160 irratti ibsame, *qurichi kun hiddaan buqqisa* jechamni jedhu, ergaa qorichichi dukkubicha guutumatti balleessa jedhu dabarsuuf oole. Ragaan lakkoofsa 161 irratti ibsame, *nama human hinqabneef hingodhu* jechamni jedhu ergaa nama dhukkubichi garmalee miidheef hinkennamu jedhu agarsisuuf itti dhimma bahame.

Ragaan lakkoofsa 162 irratti ibsame, *karaa gadteessumaa kanarratti nabahe* jechamni jedhu, ergaa fagaara keessatti nabahe jedhu ibsuuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 163 irratti ibsame, *waan garaa laaffisu nyaadhuu, dhugi* dubbi jedhu keessatti, jechamni *waan garaa laaffisu* jedhu, ergaa nyaata garaa jiisu sooradhu jedhu ibsuuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 164 irratti ibsame, *arraabeet nafixe* jechamni jedhu, ergaa garmalee qaama nahuuqqise jedhu dabarsuuf tajaajile. Ragaan lakkoofsa 165 irratti ibsame, *du'een deebi'e* jechamni jedhu, ergaa du'arraan hafe yookin dhukkubich lubbuu nagaaga'ee oole jedhu, agarsisuuf tajaajile. Ragaan lakkoofsa 166 irratti ibsame, *qorichi kun anaafis ormaafis* jedhu, qorichichi nama hundaaf qixa tajaajiluu akka qabu agarsiisuuf oole.

Ragaan lakkoofsa 167 irratti ibsame, *akkisaas akkuma, hammisaas hammuma* dubbiin jedhu, qabiyyeefi hammi qoricha jijjiirramuu akka hinqabne agarsiisuuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 168 irratti ibsame, *alaafis manaafis hinhir'atu, hindabalu* jedhu, qorichi kennamu firaafis ormaafis yeroo kennamu garaagarummaa godhachuu akka hinqabne agarsiisuf dhimma itti bahame. Ragaan lakkoofsa 169 irratti ibsame, *Safara hince'u safara hinhanqatu* kan jedhu qorichi yeroo kennamu namaa namatti hammisaa garaagarummaa qabachuu akka hinqabne mul'isuuf oole. Ragaan lakkoofsa 170 irratti ibsame, *faloof malee, haloof hinoolu* dubbiin jedhu, qorichi kan kennamu nama fayyisuuf malee nama ittiin miidhuuf ooluu akka hinqabne agarsiisa. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 171 irratti ibsame, *waadadha, waadadha, waadadha* jedhu namoonni qoricha aadaa seeraafi safuu isaatiin ala waan yookin waan fayyinaatiif malee, waan hammeenyatiif akka hinoolchine kakachisuun qorichicha badiirraa oolchuuf kan itti dhimma bahame ta'uu agarsiisa.

Ragaan lakkoofsa 172 irratti ibsame, *harka keessan barbaadeen dhufe* jedhu, fayyadama afaanii sadarkaa jechamaati. Fayyadama kana keessatti, namni qoricha aadaa fudhachuuf ogeessa bira deeme, qoricha dhukkuba isaatiif ta'u fudhachuu akka dhaqe ogeessa qubaqabsiisuuf jechama itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 173 irratti ibsame, *maal sigodha* jedhu, fayyadama afaanii ogeessi nama

qoricha aadaa fudhachuuf isa bira dhaqe miirri akkamii akka itti dhagahamu hubachuufi mallattoo dhukkubichaa adda baafachuun qoricha kennuuf dubbii dhimma itti bahe.

Ragaan lakkoofsa 174 irratti eerrame, *funyaan keessa nanyaata, mataa keessa nadeema, addeessarra natty ka'a* dubbii jedhu keessatti, jechamni *funyaan keessa nanyaata* jedhu, ergaa funyaan keessa nahooksisa jedhu ibsuuf hojiirra oole. Akkasumas, jechamni *mataa keessa nadeema* jedhu, ergaa dhukkubichi mataa keessa socho'ee dhukkubuu ibsuuf itti dhimma bahame. Kana malees, jechamni *addeessarra natti ka'a* jedhu, jechama ergaa yeroo addeessi baate nadhukkuba jedhu dabarsuuf tajaajile. Ragaan lakkoofsa 175 irratti ibsame, *waan sinbiraati, qorichaan siif kenna, sirraa baddi* jedhu keessatti, jechamni *waan sinbiraati* jedhu, jechama ergaa dhukkuba sinbirarraa nama qabu jedhu ibsuuf itti dhimma bahame. Akkasumas, jechamni *sirraa baddi* jedhu, ergaa nifayyita yookin sidhiisa jedhu ibsuuf tajaajile.

Ragaan lakkoofsa 176 irratti ibsame, *maaf nadhukkube hinjedhan, nafayyisi jedhu* malee jedhu keessatti, jechamni *maaf nadhukkube* jedhu, ergaa dhukkubni maaliif naqabe hinjedhiin jedhu ibsuuf fayyade. Akkasumas, jechamni *nafayyisi* jedhu, ergaa dhukkubicharraa bilisa nabaasi jedhu ibsuuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 177 irratti ibsame, *ilmoo waaqatu dhukkubsata* jedhu, jechama nama waaqni jaalatuutu dhukkubsata jechuuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 178 irratti ibsame, *amma fayyita* jedhu fayyadama afaanii yeroo dhihootti dhukkubichi sidhiisa jechuuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 179 irratti ibsame, *harki koo qabbana* jedhu fayyadama afaanii ogeessi qoricha kennu qorichi inni kennu fayyisummaan isaa amansiisaa ta'uu ibsuuf itti fayyadame.

Ragaan lakkoofsa 180 irratti ibsame, *cunuunfadhuu dhugi* jedhu, ergaa qoricha osoo ijaan hinilaaliin dhugi jedhu ibsuuf itti fayyadamame. Jechamni lakkoofsa 181 irratti dhihaate, *gaaddidduu lagi* jedhu, fayyadama afaanii qorichicha yeroo fudhattuufi erga fudhattee booda namni akka sibira hingeenye jedhu ibsuuf oole. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 182 irratti ibsame, *qorichi irreessa malee qoricha hinta'u* jedhu dubbii qorichi fudhatame osoo waan ta'ee hinkanfaliin yoo fudhatame dhukkubicharraa nama fayyisuu hindanda'u yaada jedhu ibsuuf dhimma itti bahame.

### 4.4.2.Fayyadama Afaanii Sadarkaa Malleen Dubbii

Malleen dubbii akaakuwwan garagaraa akka qabu haayyoonni adda addaa nibsu. Haata'u malee, xiyyeeffannoon waraqaa qorannoo kanaa akaakuwwan malleen dubbii hunda gadi fageenyaan xinxaluu osoo hinta'iin akaakuuwwan malleen dubbii fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti uummanni Oromoo aanaa Hidhabuu Abootee itti dhimma bahu fuulleeffachuun qabxii ijoo

qorannichi irratti xiyyeeffate keessaa isa tokko. Qoratichiis, malleen dubbii fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti hojiirra oolan sadarkaa malleen dubbii garagaraa keessatti mul'atan gartokkotti kurfeessuun xiinxalee dhiheessera.

#### 4.4.2.1.Fayyadama Afaanii Sadarkaa Akkasaa

Mata duree kana jalatti ragaaleen dhihaatan, ragaalee ogeessota qoricha aadaa kennaniifi namoota qoricha aadaa fudhatanii itti dhimma bahan kan mata duree 'fayyadama afaanii sadarkaa jechamaa' jedhu jalatti eerramanirraa afgaaffiifi daawwannaan argamanitu akka walfakkeenya isaanitti kurfa'uun xiinxalamanii dhihaatan.

Malli dubbii akkasaa akaakuuwwan malleen dubbii Afaan Oromoo keessatti mul'atan keessaa isa tokko. Akaakuun mala dubbii kun jechoota kanneen akka: fakkata, akkaafi, gaha jedhaman fayyadamuun, bifa, amalaafi haala waan tokko kan isa birroo waliin walbira qabuun yaada tokko ibsuuf mala tajaajilu. Akkasumas, akaakuun mala dubbii akkasaa kun itti fayyadama afaanii keessatti waan lama kan uummama isaanitiin gargar ta'an bifaan, amalan yookiin haala isaanii bu'uureeffachuun walbira qabee dorgomsiisun, bifa, amalaafi haala inni tokko qabu isa biraatiif kennuun ibsuuf gargaara. Qoratichis, ragaalee argate akkataa armaan gadii kanatti kurfeessuun xiinxalalee dhiheessera.

183. Namni moruus, daaraa fakkaata
184. Namni waan kanaan tuqame akkuma saritti ta'a
185. Garuma keessaa akka sareetti dutti
186. Arraba muraa fakkaata
187. Sinbira jedhamti malee, simbira hinfakkaattu
188. Simbira halkanii jedhamti, rifeensa ishee kana keessa akka buqqee fakkaatti
189. Madeesseet nyaata, hinhooksisa, deebi'ee iji baala fakkaatti, akka hiddaa yaasa
190. Dibatanii yeroo xinnoo bubbulan, kan akka bishaan suummoo keessaa yaasa
191. Waan simbiraa kana natti fakkaata
192. Ija keessa akka wayiitti nanyaata
193. Sammuu keessaa akka raammootti nanyaata
194. Furrii qallaatu akka bishaanitti nakeessaa yaa'a
195. Fuula kana akka ibiddaatti naguba
196. Furrii qarruu fakkaatu, nakeessaa dhangalaase
197. Furriifi akkitaan kiyya bicaa fakkaate, sana booda inuman fayye

198. Akka wayiitti nahooksisa
199. Mormi kun boorrii nafakkaata
200. Akka eebootti ol nawaraana
201. Yeroo tokko tokko akka fiixee harmaa fakkaatee gadi rarra’a
202. Akka ibiddaatti nagube

Ragaan lakkoofsa 183 irratti ibsame, *namni moruus daaraa fakkata* dubbii jedhu keessatti, fayyadamni afaanii itti dhimma bahame, mala dubbii akkasaati. Malli dubbii kun namichi hojii moraarratti bobba’e; baay’ee akka daalacha’uufi simboo namummaa akka hinqbne agarsiisa. Ragaan lakkoofsa 184 irratti ibsame, *namni waan kanaan tuqame akkuma saritti ta’a* dubbii jedhu keessatti, fayyadamni afaanii tajaajilaaf oole, mala dubbii akkasaati. Ragaan lakkoofsa 185 irratti ibsame, *garuma keessaa akka sareetti dutti* kan jedhu, amala sareen muul’isu mallattoo dhukkubichaa mul’isuuf dhimma itti bahame. Ragaan lakkoofsa 186 irratti ibsame, *arraba muraa fakkaata* jedhu keessatti, mala dubbii akkasaa, *arraba muraa fakkaata* jedhu hiika baay’ee gurraacha’a jedhu dabarsuuf itti fayyadaman.

Ragaan lakkoofsa 187 irratti ibsame, *sinbira jedhamti malee, simbira hinfakkaattu* dubbii jedhu keessatti, mala dubbi akkasaa gosa simbira biroo kan dhukkuba simbiraa hinfidne agarsiisu. Ragaan lakkoofsa 188 irratti ibsame, *simbira halkanii jedhamti; rifeensa ishee kana keessa akka buqqee fakkaatti* jedhu keessatti malli dubbii akkasaa, *akka buqqeet fakkaatti* jedhu hiika dubbicha keessatti simbirri halkanii akka rifeensa hinqabne agarsiisuuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 189 irratti ibsame dubbii, *madeesseet nyaata, hinhooksisa,deebi’ee iji baala fakkaatti, akka hiddaa yaasa* jedhu keessatti, malli dubbii akkasaa *iji baala fakkaatti* jedhu, hiika iji dhukkubsataa magariisa fakkaachuu ishee ittiin muul’isuuf dhimma bahame yoo ta’u akkasaan *akka hiddaa yaasa* jedhu immoo, ija dhukubsataarraa wanti akka hidda mukaa fakkaatu jirachuu muul’isuuf kan gale.

Ragaan lakkoofsa 190 irratti ibsame, *dibatanii yeroo xinnoo bubbulan, kan akka bishaan suummoo keessaa yaasa* jedhu keessatti, akkasaan *akka bishaan suummoo* jedhu, hiika dhangala’aa bifa isaa jijjiirrateetu keessa baha jedhu ibsuuf oole. Akka ragaan lakkoofsa 191 irratti ibsame, *waan simbiraa kana natti fakkaata* jedhu mala dubbii akkasaa, hiika dhibee simbiraatu yookin dhibee simbirarraa namatti dhufutu naqabe jedhu qaba.

Ragaan lakkoofsa 192 irratti ibsame, *ija keessa akka wayiitti nanyaata* jedhu, mala dubbii akkasaa, ergaa ija nahooksisa jedhu qaba. Ragaan lakkoofsa 193 irratti ibsame kan, *sammuu keessaa akka raammootti nanyaata* jedhu, mala dubbii akkasaa, hiika dhukkubichi sammuu keessa garamalee dhukkubuu agarsiisuuf dhimma itti bahame. Ragaan lakkoofsa 194fi 195 kan *furrii qallaatu akka*

*bishaanitti nakeessaa yaa'a* jedhuufi *fuula kana akka ibiddaatti naguba* jedhan, mala dubbii akkasaa, hiika dhangala'oo baay'eetu bahaafi fuulli garmalee ho'a qabachuu agarsiisuuf kan dhimma itti bahame ta'uu hubanna.

Ragaan lakkoofsa 196 irratti ibsame, *furrii qarruu fakkaatu nakeessaa dhangalase* dubbii jedhu keessatti, malli dubbii akkasaa *furrii qarruu fakkaatu* jedhu, ergaa furrii qallaafi adii ta'e akka qabu ibsuuf itti fayyadame. Ragaan lakkoofsa 197 irratti ibsame, *furriifi akkitaan kiyya bicaa fakkaate, sana booda inuman fayye* dubbii jedhu keessatti, *furriifi akkiitaan kiyya bicaa fakkaate* kan jedhu mala dubbii akkasaa ergaa furriifi hancuufni isaa bifa keelloo qabaachuu agarsiisuuf itti dhimma bahe. Akkasumas, jechamni *inuman fayye* jedhu, quficharraa bilisan ta'e ergaa jedhu ibsuuf gale.

Ragaan lakkoofsa 198 irratti ibsame,*akka wayiitti nahooksisa* jedhu mala dubbii akkasaa ergaa garmalee nanyaata jedhu mul'isa. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 199 irratti ibsame, *mormi kun boorrii nafakkaata* kan jedhu, mala dubbii akkasaa ergaa mormii garmalee daalacha'uu ibsuuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 200 irratti ibsame, *akka eebootti ol nawaraana* jedhu, mala dubbii akkasaa cimina dhukkubichaa ogeessa hubachiisuf tajaajile. Ragaan lakkoofsa 201 irratti ibsame, *yeroo tokko tokko akka fiixee harma fakkaatee gadi rarra'a* jedhu keessatti akkasaan *akka fiixee harmaatti gadi rarra'a* jedhu, mala dubbii akkasaa ergaa dhukkubichi akka harmaatti rarra'uu isaa agarsisuuf tajaajilame. Akkasuma, ragaan lakkoofsa 202 irratti ibsame, *akka ibiddaatti nagube* jedhu, mala dubbii akkasaa, ergaa qorichichi garmalee nadhukkubse jedhu dabarsuuf itti dhimma bahame.

#### 4.4.2.2.Fayyadama Afaanii Sadarkaa Nameessaa

Akaakuu malleen dubbii fayyadama afaanii keessatti mul'atan keessaa inni biroo nameessa. Qoratichis, mala dubbii nameessaa kan fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti muula'atan, kan afgaaffiifi daawwannaan ogeessota qoricha aadaa kennaniifi namoota qoricha aadaa fudhatanii itti fayyadamanirraa argate mata duree kana jalatti kurfeessun xiinxalee dhiheessera.

203. Qufaatu naqabe
204. Ijatu ilaale
205. Iji hamtuudha
206. Risaan kun nama yaalaa jira.
207. Lafti hagabuu bule
208. Dhukkubichatu irraa haasa'a
209. Dhukkubittiin iyyiteet gadhiisti

210. Qorichi waan waaqaa gaaddidduu qaba
211. Tonkaaritiin dhiirafi dhalaa qaba
212. Qorichi dhoksaa jaalata

Ragaan lakkoofsa 203 irratti ibsame, *qufaatu naqabe* jedhu, mala dubbii nameessati. Malli dubbii kun amala namni nama qabuuf qabu qufaatti fakkeessuun dhukkuba qufaatiin dhukkubsachaa jiraachuu muul'isuuf itti dhimma bahame. Akkasumas, Ragaan lakkoofsa 204 irratti ibsame, *ijatu ilaale* jedhu, dandeettii hammeenummaan ilaaluu namaa ijaaf kennuun iji hamtuu yoo nama ilaale dhukkubaaf nama saaxiluu danda'uu muul'isuuf oole.

Ragaan lakkoofsa 205 irratti ibsame, *iji hamtuudha* kan jedhu, mala dubbii akkasaa amala hammeenyummaa namaa ijaaf kennuun iji nama ilaaltu nama miidhuu akka dandeessu ibsuuf tajaajile. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 206 irratti ibsame, *Risaan kun nama yaalaa jira* dhubbiin jedhu, mala dubbii nameessaa dandeettii yookin beekkumsa ilmi namaa dhukkubsataa yaaluuf qabu Risaaf kennuun Risichi dhukkubsattoota dhukkubarraa baraaraa jiraachuu ibsuuf itti dhimma bahame. Akkasuma, ragaan lakkoofsa 207 irratti ibsame kan, *lafti hagabuu bule* kan jedhu, mala dubbii nameessaa kan amala namaa hagabuu buluun beela'ee garaa isaa keessaa hinqabne agarsiisu; lafa qotamee sanyiin faca'ee hoomtuu hinmargine yookin lafichi sanyii faca'e osoo hinmagarsiin duwwaa taa'u agarsiisuuf itti dhimma bahame. Kun, akkuma namni haga'uu bule garaan isaa duwwaa ta'u, lafti morrii tuqe keessiifi alli isaa duwwaa ta'uu muul'isa.

Ragaan lakkoofsa 208 irratti ibsame, *dhukkubichatu irraa haasa'a* dubbii jedhu keessatti, mala dubbii nameessatu hojiirra oole. Malli dubbii kun dandeettii haasa'uu namaa dhukkuba gonfachiisuun dhukkubichi namicha ofwallaalchisee waanuma fedhe akka haasa'u gochuu isaa muul'isuuf itti dhimma bahame. Kunis, wanti dhukkubsatichi haasa'u too'annaa dhukkubsatichaatin ala ta'uu agarsiisa. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 209 irratti ibsame, *dhukkubittiin iyyiteet gadhiisti* nameessi jedhu, amala iyyuu ilmi namaa qabu dhukkuba gonfachiisun, yeroo dhukkubichi gadhiisu yuustee gadhisti ergaa jedhu dabarsuuf oole. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 210 irratti ibsame, qorichi *waan waaqaa gaaddidduu qaba* dubbii jedhu keessatti, malli dubbii tajaajilaaf oole; mala dubbii nameessati. Malli dubbii kun, qorich dhukkuba dhiqaaf kennamu yeroo fudhatamu iddoo namni nama hinarginetti ta'uu qaba ergaa jedhu dabarsa. Kana malees, hanga qorichicha fudhatan fixanitti namni namatti dhufuu yookin namatti olseenuu hindanda'u yaada jedhu ibsa. Kunis, amala namani gaaddidduu qabachuu, qoricha waan waaqaatiif yookin dhiqaatiif kennuun gaaddidduun namaa nama qoricha fudhachaa jiruuf gaarii akka hintane muul'isuuf itti dhimma bahame.

Ragaan lakkoofsa 211 irratti ibsame, *tonkaaritiin dhiiraafi dhalaa qaba* kan jedhu, mala dubbii nameessati. Malli dubbii kun, amala dhalli namaa uummamaan dhiraafi dhalaa jedhu dhukkuba tonkaaritiif amaleessuun dhukkubni kun gosa lama qabachuu isaa mul'isuuf itti dhimma bahame. Kunis, dhukkubni tonkaaritii dhiira jedhamee waammamu yeroo tokko qorichaan yoo bade deebi'ee kan namicharratti hinuummamne ta'ee, inni dhalaa jedhamee waammamu garuu qorichaan fayyuun yoo danda'amees, deebi'ee namicharratti muul'achu kan danda'uu ta'uu ibsa. Kunis, tonkaaritii dhiira ta'eerraa guutumatti fayyuun yoo danda'amu, isa dhalaa ta'erraa garuu guutumatti fayyuun kan hindanda'amne ta'uu muul'isa.

Ragaan lakkoofsa 212 irratti ibsame,*qorichi dhoksaa jaalata* jedhu, mala dubbii nameessaa amala namni jaalachuuf qabu qorichaaf kennuun qorichi amala jaalachuu akka qabu ibsuun eergaa qorichicha akka namni hinagarreef dhimma itti bahame.

**4.4.2.3.Fayyadama Afaanii Sadarkaa Iddeessaa**

Malli dubbii kun wantoota lama kan wal hinfakkaanne fudhachuudhaan amala isa tokko amala isa biraatiin bakka busuun mala amala waan sanaa ittiin ibsani. Qorannoo kana keessatti, ragaaleen fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti ogeessota qoricha kennaniifi namoota qoricha aadaa fudhatanii itti fayyadaman itti dhimma bahan keessaa mata duree kana jalatti kurfa'an xinxalamanii dhihataniru.

213. Daa'imittiin migira taate
214. Daa'imni horiidha hinhimattu
215. Risaan ayyaana
216. Qufaan quufa
217. Qufaan qaashurreedha

Ragaan lakkoofsa 213 irratti ibsame, *daa'imittiin migira taate* jedhu, mala dubbii iddessaa dhukkubichi daa'imicha garmalee huuqqisuu isaa agarsiisuuf amala qallina migiraatin bakka buusuun dhimma itti bahame. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 214 irratti ibsame, *daa'imni horiidha hinhimattu* jedhu, daa'imman eessa akka isaan dhukkubu himachuu akka hindandeenye amala horii dubbachuu dhabuu isaanitiin bakka buusuun dhukkuba daa'immanii qixaan beekanii qoricha kennuun rakkisaa ta'uu ibsuuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 215 irratti ibsame, *risaan ayyaan* jedhu allattiin risaa jedhamu kan dhukkuba dhiqaaf oolu amala ayyaanni qabu kabajaa, ulfinaafi furmaata qabu bakka buusuun muul'isuuf itti dhimma bahame. Kanaaf, risaan akkuma ayyana warraatti ilaallama.

Ragaan lakkoofsa 216 irratti ibsame, *qufaan quufa* jedhu, amala quufni qabu qufaaf kennuun dhukkubni qufaa jedhamu akka waan gaaritti akka ilaallamu gochuun dhukkubsataan akka waan salphaatti ilaalu taasisuun dhukkubichaaf akka hindhiphanne, salphisee akka ilaaluuf dhimma itti bahame. Ragaan lakkoofsa 217 irratti ibsame, *qufaan qaashurreedha* dubbiin jedhu, mala dubbii iddeessaa amala dhukkuba qaashurree yookin qasheemaatin bakka buusuun dhukkubni qufaa hammeenya qabachuufi namaa namatti salphaatti daddarbuu isaa agarsiisuuf hojiirra oole.

### 4.4.2.4.Fayyadama Afaanii Sadarkaa Afoolaa

Afoolli akaakuuwwan garagaraa qaba. Akaakuuwwan kana keessaa: mammaaksa, sheekoo, geerrarsaafi cigoon isaan muraasa. Qorannoo kana keessatti akaakuuwwan afoolaa keessaa ragaalee ogeessota qoricha aadaa kennaniifi namoota qoricha aadaa fudhatanii dhimma itti bahanirraa kan argame, mammaaksa.

Mammaaksi akaakuuwwan afoolaa keessa isa tokko. Akaakuun kun akkuma akaakuu afoolaa isaan biroo afaaniin dhalootaa dhalootatti darbaa asgahe. Waliin dubbii kamiyyuu keessatti mammaaksi akkuma mammaakkamuun tajaajila kennu, fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessattis nimammaakama. Kanuma bu'uura godhachuun, qoratichiis fayyadama afaanii kana ragaalee afgaaffiifi daawwannaan argaman mata duree kana jalatti kurfeessuun xiinxaleera.

218. Dhukkuba himatan malee, qorsa hinargatan
219. Qorsiifi qarri waa hindhabu
220. Qorsiifi dhugaan hinhadhaa'a
221. Qorichi xiqqoo hinqabdu

Ragaan lakkoofsa 218 irratti ibsame, *dhukkuba himatan malee, qorsa hinargatan* mammaaksi jedhu, qoricha qixaan dhukkubarraa nama fayyisu argachuuf dubbiin dhukkubsataan taasisu iddoo guddaa qabachuu agarsiisuuf itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 219 irratti ibsame, *qorsiifi qarri waa hindhabu* mammaaksi jedhu, akkuma wanti qaramee ta'e waan muru hindhabne, qorsi fudhatamuus waan irraa nama fayyisu yookin qaama dhukkubsataa keessaa dhukkuba ajjeesu hindhubu yaada jedhu agarsiisuuf itti dhimma bahame.

Ragaan lakkoofsa 220 irratti ibsame, *qorsiifi dhugaan hinhadhaa'a* jedhu, mammaaksa amala ilmi namaa dhugaa waliin jiraachuun itti ulfaatu qorichaaf oolchuun qorichi nama fayyisuuf oolu nama fayyuuf fudhatuutti garmalee hadhaa'uu agarsiisuuf itti dhimma bahame. Ta'uus, dhugaanis, qorichiis,

osuma hadhaa’anii liqinfamuu isaanii muul’isa. Ragaan lakkoofsa 221 irratti ibsame, *qorichi xinnoo hinqabdu* jedhu, mammaaksa qorichummaan qorichaa kan murta’uu baay’inaan osoo hintaane qulqullina qorichaatu murteessaa ta’uu agarsiisuf itti fayyadamame.

### 4.5.Qabiyyeewwan Fayyadama Afaanii Qoricha Aadaa Kennuufi Fudhachuu

Fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti, fayyadamni afaanii kanneen akka: jechamaa, malleen dubbii garagaraafi afoola keessa mammaaksi hojiirra oolera. Fayyadamni afaanii kunneen, qabiyyeewwan garagaraa kan ergaa fayyadama afaanichaa baatan qaban ofkeessatti hammatu. Isaanis: ajaja, gorsa, gaaffii gaafachuu, akeekkachiisa ogeessa qoricha aadaarraa kennamuufi ibsa dhukkubsataan dhukkuba isaa hubachiisuuf kennu. Qabiyyeewwan kunneen ragaalee ogeessota qoricha aadaa kennaniifi namoota qoricha aadaa fudhatanii dhimma itti bahanirraa argaman mata duree of danda’an jalatti xiinxalamanii dhihaatanii jiru.

#### 4.5.1.Ibsa Kennuu

Qabiyyeen ibsa kennuu kun fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti, dhukkubsataan dhukkubni isa qabe mallattoofi miira isatti dhagahamu ogeessa qoricha aadaa kennuu hubachiisuufi ibsa ogeessi qoricha aadaa dhukkubaafi qoricha dhukkubichaaf ta’u ibsuuf dhukkubsataaf ibsa kennuuf, qabiyyee itti dhimma bahe. Qabiyyeen mata duree kana jalatti kurfa’uun xiinxalame, kan fayyadama afaanii sadarkaa jechamaa, malleen dubbiifi mammaaksa keessatti dhimma itti bahame.

Fayyadama afaanii sadarkaa jechamaa keessatti, qabiyyeen fayyadama afaanii ibsa keennuuf dhimma itti bahaman, kan qorannoo kana keessatti adda bahanii dhihaatan ragaalee lakkoofsa: 40, 54, 55, 69, 173, 176, 180, 181, irratti ibsamaniin ala kan jiran hundisaanii, qabiyyeen isaanii ibsa kennuudha. Fakkeenyaa, ragaaleen lakkoofsa 35 irratti ibsame, *dhukkuba ijaati* jedhu, ibsa ogeessa qoricha aadaa kennurraa dhukkubni namichi dhukkubsachaa jiru dhukkuba ijaa ta’uu isaa muul’isuuf itti dhimma bahe ta’uu agarsiisa. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 36 irratti ibsame kan, *sinbiraafis hinkenname* jedhu gosti qoricha dhukkuba ijaaf kennamu, gosa qoricha waan sinbiraatiifis kennamuu yookin tajaajiluu danda’uu isaa ibsuuf ibsa kenname.

Fayyadama afaanii sadarkaa mala dubbii akkasaa keessatti qabiyyeen dhimma itti bahame, qabiyee ibsa kennuuti. Ragaaleen lakkoofsa, 183 hanga 202 jiran ibsa kennuuf itti dhimma bahame. Ibsi kun, fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuu keessatti ogeessi qoricha aadaa kennu ibsa maalummaa qorichaafi dhukkuba nama dukkubsatu sanaa ibsuurratti kan xiyyeeffate. Akkasumas, namni qoricha

aadaa fudhachuun dhimma itti bahu mallattoofi mira dhukkubbii isaa ogeessaaf ibsuuf fayyadama afaanii itti dhimma bahe. Fakkeenya, *arraba muraa fakkaata* dubbiin jedhu, mallattoo dhukkubni sibiraa dhukkuba arraba muraa jedhamu waliin walfakkachuufi baay'ee guuracha'uu isaa ibsuuf ibsa kenname. Akkasumas, *akka eebootti ol nawaraana* dubbiin jedhu, miira garmalee dhukkubbii qabu itti dhagahamuu isaa ibsuuf fayyadama afaanii dhukkubsataan itti dhimma bahe.

Qabiyyeen mala dubbii nameessaa jalatti kurfaa'an kan lakkoofsa, 203 hanga 212 jiran ibsa kennuuf itti fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti ogeessotaa qoricha aadaa kennaniifi namoota qoricha aadaa fudhatanii itti dhimma bahan biratti tajaajilaaf oolani. Fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti, fayyadama afaanii sadarkaa mala dubbii nameessaa jalatti ibsame qabiyyee fayyadama afaanichaa qabiyyee ibsa kennuuti. Kunis, ibsa namoonni qoricha aadaatti dhimma bahan mallattoofi miira dhukkubbii ibsuuf ibsa ogeessaaf kennani. Akkasumas, ogeessi qoricha aadaa mallattoo fayyinaa, mallattoo dhukkubichaafi maalummaa qorichichaa ibsuuf qabiyyeen dhimma itti bahe  ibsa kennudha.

Fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti, fayyadamni afaanii sadarkaa mala dubbii iddeessaa kan lakkoofsa, 213 hanga 217 jalatti kurfaa'an qabiyyee fayyadama afaanii ibsa kennuuti. Fakkeenya, ragaan lakkoofsa  213 irratti ibsame, *daa'imittin migira taate* jedhu mala dubbii daa'imittiin huqqachuu ishee ibsuuf tajaajile. Ragaan lakkoofsa 214 irratti ibsame, *daa'imni horiidha hinhimattu* jedhu, daa'imni dhukkubichi eessaa akka dhukkubsuufi maal akka ishee godhuu himachuu akka hindaneenye ibsuuf itti dhimma bahame.

Ragaan lakkoofsa 215 irratti ibsame, *risaan ayyaana* kan jedhu mala dubbii risaan dhukkubaaf furmaata yookin qoricha yaada jedhu ibsuuf hojiirra oole. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 216 irratti ibsame, *qufaan quufa* jedhu, dhukkubicha salphisanii yookin akka waan gaaritti akka ilaallamuuf itti dhimma bahame. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 217 irratti ibsame, *qufaan qaashurreedha* jedhu, hammeenyummaafi saffisaan namarraa namatti daddarbuu qufaa agarsiisuuf itti dhimma bahame.

Fayyadama afaanii qoricha aadaa keessatti, fayyadamni afaanii sadarkaa mammaaksaa jalatti dhihaate, qabiyyeen fayyadama afaanii itti dhimma bahame ibsa kennuurratti xiyyeeffate. Ragaaleen lakkoofsa, 218 hanga 221tti jiran fayyadama afaanii sadarkaa mammaaksaa qabiyyee fayyadama afaanii ibsa kennuurratti xiyyeeffate. Fakkeenya, ragaan lakkoofsa 218 irratti ibsame, *qorsiifi qarri waa hindhabu*, kan jedhu, qorsi fudhatame waan qaama namaa keessaa ajjeesu hindhabu yaada jedhu agarsiisuuf oole. Kanaaf, mammaaksichi qabiyyee qoricha fudhatame meeshaa qarame waliin walsimsiisuun ibsa kennuuf tajaajile. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 219 irratti ibsame, *qorsiifi dhugaan hinhadhaa'a* jedhu,

akkuma ilma namaatti dhugaa fudhachuun itti ulfaatu, dhukkubsataattis, qorichaa fudhachuun itti ulfaachuu ibsuuf tajaajile. *Qarrii waa hindhabu* kan jedhu, wanti qarame waan muru hindhabu ergaa jedhu mul'isuuf itti dhimma bahame.

Ragaan lakkoofsa 220 irratti ibsame, *qorichi xinnoo hinqabdu* jedhu, mammaaksa qorichummaan qorichaa kan murtaa'u baay'inaan osoo hintaane qulqullina qorichaatu murteessaa ta'uu ibsuuf itti dhimma bahame.

### 4.5.2.Gorsa Kennuu

Fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu sadarkaa jechamaa keessatti, ogeessi qoricha aadaa kennu, akkaataa itti fayyadamaafi bu'aa qorichaa nama qoricha aadaa fudhatee itti dhimma bahu hubachiisuuf qabiyyee fayyadama afaanii gorsa kennuutti dhimma bahame. Kunis, ragaalee lakkoofsa 55, 69, 104, 157fi 176 irratti ibsaman, *yoo gadhiisuu diddee adda gubatta jedhiin,falfala abbaatu hiikkata, osoo hingodhatiin qoricha obastaa, yoo qaamni kee miidhamaa ta'e, dura waan gaarii nyaadhu, maaf nadhukkube hinjedhan, nafayyisi jedhu malee* kanneen jedhan, rakkina abbaan qoricha yoo barbaadeef malee namni qoricha rakkina sanaa namatti himu akka hinjirre mul'isuun dhukkuba isaatiif akka fala barbaadu gorsa kennuu agarsiisa. Akkasuma, ragaan *qaamni kee miidhameera, dura waan gaarii nyaadhu* kan jedhu, qaamni isaa humna godhatee qoricha akka damdamatu nyaata qaama ijaaran akka nyaatu gorsa kennuuf dhimma itti bahame.

Dubbiin, *Osoo hingodhatiin qoricha obaasta* jedhus, dhukkubichi osoo sadarkaa yaaddessaarra hingahiin qoricha fudhachuun akka barbaachisu gorsa kenna. Akkasumas, *qoricha kana obsii awwwaalladhu* kan jedhu, qoricha fudhachuun baay'ee ulfataa ta'uufi ulfataa ta'uus fayyuuf immoo, obsaan qoricha fudhachuu akka qabu mul'isa. Kana malees, *nyaata dhuka qabu nyaadhu* kan jedhuufi *waan garaa laaffisuu nyaadhuu dhugi* kan jedhu, osoo qoricha hinfudhatiin dura qaamni akka human godhatuufi garaan akka laafuuf nyaata filatamaa ta'e nyaachuun qaama isaa akka qopheessu gorsa kenname. Akkasumas, *maaf nadhukkube hinjedhan, nafayyisi jedhu malee* gorsi jedhu, komachuu caalaa kadhachuun fayyina keessatti murteessa ta'uu agarsiisuuf fayyadama afaanii hojiirra oole.

Fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti, sadarkaa fayyadama afaanii mammaaksaa keessaa kan ragaa lakkoofsa 218 irratti ibsame, *dhukkuba himatan malee qorsa hinargatan* jedhu mallattoo dhukkubichaa himatan malee qorsa dhukkubicharraa nama fayyisa argachuun hindanda'amu gorsa jedhu kennuuf itti dhimma bahame. Kanaaf, ragaan kun qabiyyee fayyadama afaanii gorsa kennuu ofkeessaa qaba.

Walumaagalatti, fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti hojiirra oole kan qabiyyeen gorsa kennuu keessatti muul'ate fayyadama afaanii sadarkaa jechamaafi mammaaksaa ogeessi qoricha aadaa kennu itti dhimma bahe keessatti.

### 4.5.3.Ajaja Kennuu

Fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti, qabiyyeen fayyadama afaanii ajaja kennuu agarsiisu kan muul'atu, fayyadama afaanii sadarkaa jechamaatti ogeessa qoricha aadaatiin itti dhimma bahame keessatti. Qabiyyeen kun, ogeessi qoricha aadaa qoricha kennu dhukkubsataan maalgochuu akka qabuu, nama qoricha aadaa fudhatee itti dhimma bahuuf ajaja kennu. Ragaaleen lakkoofsa 121, 135, 144, 149, 158, 159, 163 irratti ibsaman, *kinoo kana bunaan guyyaa sadiif obaasi, qoricha kana funyaanin fudhu, erga dibattee aduutti bahi, aduu keessa taa'i, qoricha kana obsii awwaalladhu, nyaata dhuka qabu nyaadhu, waan garaa laaffisu nyaadhuu, dhugi* kanneen jedhan, qabiyyee ajajaa namni qoricha fudhatee itti dhimma bahu, maalgochuu akka qabu muul'isu.

### 4.5.4.Akeekkachiisa Kennuu

Fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti, fayyadamni afaanii sadarkaa jechamaa jalatti ibsaman keessaa kan ogeessa qoricha aadaa kennuun dhimma itti bahamanii akeekkachiisa kennaan adda bahanii qabiyyee fayyadama afaanii akeekkachiisa jedhu kana jalatti xiinxalamanii dhihaataniiru. Akeekkachiisni ogeessa qoricha aadaa kennuun namoota qoricha aadaa fudhatanii itti fayyadaman maalgochuu akka hinqabnee akeekkachiisa kennamu. Kunneenis, ragaalee lakkoofsa 89, 90, 91 irratti ibsaman*, waan horii akka hintuqne*,*qamadii akka hintuqne*,*gaaddidduurraa ofeegi* jedhaan, akeekkachiisa yoo gochaalee kanneen hinraawwanne dhukkubichaa fayyuu caalaa midhamuu akka danda'an ergaa ibsuu danda'u ta'uu muul'isa. Kana malees, ragaan lakkoofsa 171 irratti ibsame, *waadadha, waadadha, waadadha* jedhu, akeekkachiisa, ogeessi nama biraa beekkumsa qoricha aadaa yeroo barsiisu haala inni itti himeen ala yoo waadaa seene cabsuun qoricha aadaatti dhimma bahe balaan isaafi dhaloota isaatti dhufu hamaa ta'uu isaa akeekkachiisuuf itti dhimma bahe.

### 4.5.5.Abdii Kennuu

Fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu kan sadarkaa jechamaa keessatti dhimma itti bahame, qabiyyee abdii kennuu yookin abdachisuuf ogeessoota qoricha aadaa kennaniifi namoota qoricha aadaatti fayyadamaniin tajaajilarra oole adda bahee xinxalameera. Qabiyyeen kun, ogeessi goricha aadaa kennu qorichicharraa abdii akka qabaatu gochuuf itti dhimma bahame. Akkasumas,

namoonni qoricha aadaa fayyadaman abdii qorichicharraa qaban ibsachuuf itti fayyadaman. Kunis, abdii fayyinaa dhukkubsataan qabu muul'isa.

Ragaaleen lakkoofsa 76, 116, 121, 136, 139 irratti ibsaman, *nakotteessa, garuu waan fayyuun se'a, qajeeleet fayyisa, kana booda utaaleet ka'a, erga qoricha kana torbaan tokkof fudhattee sirraa caba, ganama yeroo kaatu sirrumaa deema* kanneen jedhan, fayyadama afaanii ergaa abdii qabu agarsiisuuf itti dhimma bahamani. Qabiyyeen lakkoofsa 76 irratti ibsame, abdii dhukkubsataan qorichicharraa qabu muul'isa. Ragaaleen lakkoofsota 116, 121, 136fi 139 irratti ibsaman garuu, abdii ogeessi qoricha kennu dhukkubsataaf kenne mul'isuuf itti dhimma bahame.

**4.5.6.Gaaffii gaafachuu**

Fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti, dhimma itti bahame keessaa qabiyyeen fayyadama afaanii gaaffii gaafachuu isa tokko. Gaaffiin fayyadama afaanii kana keessatti tajaajilaaf oole, fayyadama afaanii ogeessi qoricha aadaa kennu dhimma itti bahe keessattiifi namni qoricha aadaa fuudhee dhukkubsataatti ulu dhimma itti bahe keessaa kan fudhatamee xiinxalame. Ragaaleen kunis, ragaalee lakkoofsa 54fi 173 irratti ibsaman, *maal sigoodha jedhuufi meeqa yuustee gadhiista* jedhu, Akka ragaa lakkoofsa 54 irratti ibsame agarsiisutti, *maal sigodha* jedhu irraa hubatamutti, ogeessi qoricha aadaa kennu mallattoo dhukkubichaa hubachuuf fayyadama afaanii qabiyyee gaaffii qabu nama qoricha fudhatuuf dhiheessuu muul'isa. Akkasumas, fayyadamni afaanii *meeqa yuustee gadhiista* jedhu, namni qoricha dhukkubsataaf fuudhe yeroo qoricha dhukkubsataatti ulu dhukkubichi gadhiisuu isaatiif mallattoo agarsiisu beekuuf fayyadama afaanii dhimma itti bahame.

## 4.6.Gahee Fayyadama Afaanii Qoricha Aadaa Kennuufi Fudhachuu Keessatti

Fayyadamni afaanii haalota adda addaa keessatti gahee adda addaa qaba. Haalota kana keessaa inni tokko kan hawaasni keessatti afaanitti dhimma bahu haala qoricha aadaa kennuufi fudhachuuti. Haala qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti, gaheen fayyadamni afaanii qabu kan ragaalee afgaaffiifi daawwannaan ogeessota qoricha aadaa kennaniifi namoota qoricha aadaatti dhimma bahanirraa argamee mata dureewwan xixiqqaa armaan gadii jalatti xiinxalamee dhihateera.

### 4.6.1.Akka Meeshaa Waliindubbiitti

Afaan hasdubbii qoricha aadaafi yaala aadaa keessatti akka meeshaa waliin dubbiitti gaheen inni qabu baay'ee murtessadha. Kunis, qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti dhimma qoricha aadaatin walqabatu qofa ibsuurratti hinxiyyeeffatu. Haalicha keessatti afaanichi akkamitti akka dhimma itti

bahamu agarsiisa. Kanaaf, qorannoo kana keessatti ragaaleen afgaaffiifi daawwannaan argama kan waliin dubbii ogeessa qoricha aadaa kennuufi namoota qoricha aadaatti dhimma bahan gidduutti taasifame ragaalee lakkoofsa 172 hanga 175 jalatti ibsamanirraa xiinxalamanii dhihataniru.

Akka ragaan afgaaffiifi daawwannaa mana aaddee Ibsoo simee, ogeettii qoricha sinbiraafi aaddee Xajjii Roobaa waliin gaafa guyyaa 06/09/2012 taasifamerraa argame kun ibsutti, dhukkubsataan dhukkubbiifi miira isatti dhagahamu fayyadama afaanitti dhimma bahuun ibsata. Ogeessi qoricha aadaa kennus, ibsa dhukkubsataan kennuuf irratti hunda'uun qoricha kenna. Qoricha kana yeroo kennu akkataa itti fayyadamaa, ofgeeggannoo taasisuufi gorsa afaanitti dhimma bahun kenna. Kanaaf, milkaa'inni qoricha argachuufi qoricha dhukkubicha fayyisuu danda'u kennuu waliin dubbii ogeessa qoricha aadaafi dhukkubsataa gidduutti taasifamu bu'ureeffata. Kun ammoo, fayyadamni afaanii akka meeshaa waliin dubbiitti tajaajile. Fakkeenya, akka ragaan lakkoofsa 172 irratti ibsame, *harka keessanan barbaadee dhufe* jedhu dubbii dhukkubsataan ogeessatti dhimma dhukkuba isaatiif qoricha ogeessarraa argachuuf dhaquu isaa ibsuuf dhimma itti bahe. Kana bu'uura godhachuun, ogeessi mallattoo dhukkubichaa gaafachuun gaaffii dhukkubsataaf deebii kennuuf qopha'aa ta'uu isaa ibsuuf ragaa lakkoofsa 173 irratti ibsametti dhimma bahuun, dubbii *akkam sigodha?* jedhutti fayyadamuun dhukkubsataan mallattoofi miira dhukkubichaa sirriitti akka ibsu gaafate. Dhukkubsataanis, ragaa lakkoofsa 174 irratti ibsame fayyadamuun, *funyaan keessaa nanyaata, mataa keessa nadeema, addeessarra natti ka'a* jedhuun haala dhukkubichaa ogeessaf ibse. Ogeessi ibsa dhukkubsataa kanatti fayyadamuun ragaa lakkoofsa 175 irratti ibsame, *waan sinbiraati, qorichan siif kenna, sirraa baddi* jedhutti dhimma bahuun dhukkubichi maal akka ta'e, qoricha akka kennuufi akka fayyuu danda'u dhukkubsataaf ibse. Walumaagalatti, ragaaleen lakkoofsa 172 hanga 175 jiran kan muul'isaan fayyadamni afaanii akka meeshaa waliin dubbiitti dhukkubsataafi ogeessa gidduutti riqicha ta'uun tajaajilaaf ooluu isaati.

### 4.6.2.Akka Yaala Xinsammuutti

Ogeessi qoricha aadaa kennu, yeroo dhukkubsataan qoricha gaafatu callisee qoricha hinkennu. Duraan dursee qopha'ummaa qaamaafi qorqalbii ilaala. Kana jechuun, dhukkubsataan qaamni isaa qorichaa fudhatu sana damdamachuu danda'uu isaa kan ijaan qaama dhukkubsataa ilaaluun alatti, dhukkuba dabalataa qabachuu isaa iyyaafata. Erga iyyaafannoo isaa xummureen booda, dhukkubsataan akka qorichicha hin sodaanne xiinsammuu isaa qopheessa. Itti ansuun, erga miira dhukkubsataa qopheesseen booda qoricha kennaaf. Qorichi kennamu, ibsa, akeekkachiisaafi gorsa gahaa kennuun akka seeran qorichichatti fayyadaman taasisa. Ogeessi yeroo kana taasisu kallattumaan dhimma dhukkubichaa hinibsu.

Fayyadama afaanii waa’ee dhukkubichaa kallattiin ibsu osoo hinfayyadamiin alkallattii ibsuun xiinsammuu dhukkubsatichaa qopheessa. Qorannoo kana keessatti fayyadamni afaanii ogeessonni qoricha aadaa kennan, kan yaala xinsammuu yookin dhukkubsataan dhukkubichaafi qorichicha akka hinsodaanneefi fayyuu isaatiif abdiin jirachuu itti himuun sammuu dhukkubsataa amansiisuuf fayyadamni afaanii itti dhimma bahan ragaaleen agarsiisan kan lakkoofsa 176 hanga 179tti jiran xiinxalamanii dhihaataniiru. Ragaaleen kun, afgaaffii gaafa 19/07/2012 obboo Fayyisaa Gurraachoo waliin taasifameefi daawwannaa mana obbo Abbabee Jorrootti taasifamerraa ragaalee argamani.

Ragaan lakkoofsa 176 irratti ibsame, *maaf na dhukkuba hinjedhan, na fayyisi jedhu malee* jedhu, dubbii ogeessi fayyaa yaadni dhukkubsataa dhimma dhukkubbii dhiisee dhimma fayyinaa akka yaaduufi xiinsammuun isaa fayyinaaf akka qophaa’u gochuuf fayyadama afaanii itti dhimma bahame. Ragaan lakkoofsa 177 irratti ibsame, *ilmoo waaqatu dhukkubsata* jedhu, dubbii ogeessi fayyaa dhukkubichi isa rakkisuuf osoo hintaane gaarummaaf na dhukkube jedhee akka yaaduuf dhimma itti bahe. Ragaan lakkoofsa 178 irratti ibsame, *amma fayyita* jedhu, fayyadama afaanii ogeessi dhukkubsataan osoo qoricha hinfudhatiin dura sammuu isaa keessatti nan fayya jedhee sammuun isaa dursee akka qophaa’u taasisuuf fayyadama afaanii itti dhimma bahame. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 179 irratti ibsame, *harki koo qabban* jedhu, dubbii ogeessi fayyaa qorichi inni kennu dhukkubsaticha fayyisuu akka danda’u amansiisuufi qoricha inni kennurratti dursee qophii xinsammuu akka taasisuuf fayyadama afaanii hojiirra oole.

Walumaagalatti, fayyadamni afaanii lakkoofsa 176 hanga 179 irratti dhihaatan gahee fayyadamni afaanii akka yaala xiinsammuutti ‘psychological relief’qabu agarsiisu.

### 4.6.3.Maqaa Dhukkubaafi Yaadrimeewwan Yaala Aadaa Moggaasuuf

Ogeessoonni qoricha aadaa kennaniifi namoonni qoricha aadaatti dhimma bahan adda addaa fayyadama afaanii dhimma itti bahan keessatti jechoonni isaan itti gargaarraman kan yaadrimee maqaa dhukkubaa, adeemsa qoricha qopheessuufi akkaataa itti dhimma bahan kan agarsiisan fayyadamu. jechoonni kun jechoota bu’uuraa qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti idileen mul’atani. Ragaaleen lakkoofsa 180 hanga 200 irratti ibsaman ragaalee afgaaffiifi daawwannaa ogeessotaafi namoota qoricha aadaatti dhimma bahan waliin taasifame keessaa filatamanii qinda’uun xiinxalamanii dhihaatan.

222. Fayyaa
223. Dhukkuba
224. Ogeessa
225. Dhukkubsataa
226. Qoricha
227. Mallattoo

228. Guuruu
229. Kutuu
230. Buqqisuu
231. Uluu
232. Obaasuu
233. Awwaaluu
234. Dibuu
235. Dhiqaa
236. Ija
237. Baarilee
238. Qufaa
239. Tonkaaritii
240. Sinbira
241. Gaaddidduu
242. Irreessa

Ragaan lakkoofsa 222 irratti ibsame, *fayyaa* jechi jedhu jecha bu'uuraa fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti ijoo ta'e. Sababnisaa, fayyadamni afaanii as keessatti dhimma itti bahaman kan irratti xiyyeeffatan dhimma fayyinaarratti. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 223 irratti ibsame, *dhukkuba* jedhu jecha fayyadama afaanii qoricha aadaa keessatti garagartoo jecha fayyina jedhu waliin itti tajaajilamu. Ragaaleen lakkoofsa 224fi 225 irratti ibsaman, *ogeessa, dhukkubsataa* jedhan fayyadama afaanii qoricha aadaa keessatti jechoota ijoo faallaa walii dhaabachuun dhimma ogummaafi dhukkubsataa ibsuuf itti dhimma bahamani.

Ragaan lakkoofsa 226 irratti ibsame, *qoricha* jedhu jecha bu'uuraa moggaasa maqaa gamtaa gosoota qoricha adda addaa jecha tokkoon yaamuuf mogga'e. Ragaan lakkoofsa 227 irratti ibsame, *mallattoo* jedhu jecha bu'uuraa fayyadama afaanii qoricha aadaa keessatti miira dhukkubbiifi wantoota qaama dhukkubsataarratti muul'atu ogeessa hubachiisuuf jecha moggaafame. Ragaaleen lakkoofsota 228, 229, 230 irratti ibsaman, *guuruu, kutuufi buqqisuu* jedhaman jechoota adeemsa qorichi aadaa itti qophaa'u agarsiisuuf moggaafamani. Jechi *guuruu* jedhu jecha bu'uura qorichoota baala biqiloota adda addaa walitti funaanuun qopha'aan agarsiisa. Jechi *kutuu* jedhu jecha qoricha baala biqilaa tokko irraa kutuun kennamu agarsiisuuf mogga'e. Akkasumas, jechi *buqqisuu* jedhu jecha qorichoota hidda mukaa buqqisuun qophaa'u agarsiisuuf mogga'e ta'uu mul'isa.

Ragaaleen lakkoofsota 231, 232, 233fi 234 irratti ibsaman, *uluu, obasuu, awwaaluufi dibuu* jedhaman jechoota bu'uura fayyadama afaanii qoricha aadaa keessatti adeemsa fayyadama qorichaa ibsuuf moggaafamani. Jechi uluu jedhu jecha qoricha ulachuun fudhatamu agarsiisu. Jechi obasuu jedhu ammo, jecha qoricha garaatti dhuguun fudhatamu agarsiisuuf mogga'e. Akkasumas, jechi awwaaluu jedhu jecha qoricha qaama dhukkubsataa muruun keessa awwaluun itti fayyadaman agarsiisuuf mogga'e. Akkasumas, jechi dibuu jedhu jecha qoricha qaama dhukkubsatu dibachuun dhimma itti bahamu muul'isuuf kan moggaafame ta'uu agarsiisa.

Ragaaleen lakkoofsota 235, 236, 237, 238, 239, 240 irratti ibsaman jechoota bu'uura moggaasa maqaa dhukkubootaa agarsiisuuf fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti moggaasaaf dhimma itti bahamani. Jechoonni kun ogeessota qoricha walfakkaata kennaniifi namoota qorichichaatti dhimma bahan biratti yaadrimee walfakkataa agarsiisuuf oolu. Kanaaf, jechoonni kun yaadrimee moggaasa maqaa agarsiisuuf akka mogga'an muul'isan. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 241 irratti ibsame *gaaddidduu* jechi jedhu moggaasa yaadrimee ofeeggannoo qorichichaaf godhamuu qabu agarsiisuuf moggaafame. Kana malees, ragaan lakkoofsa 242 irratti ibsame, *irreessa* jedhu jecha yaadrimee kanfaltii qorichaa aadaaf oolu agarsiisuuf moggaasa kenname.

Walumaagalatti, fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti gaheen afaanii yaadrimee maqaa qorichaa, adeemsa qoricha qopheessuufi akkaataa dhimma itti bahamufi yaadrimee yaala fayyaa aadaa keessa jiru moggaasuuf gahee olaanaa qabachuu agarsiisa.

### 4.6.4.Ulfina Qoricha Aadaa Agarsiisuu

Qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti qoricha fudhataniif hagan kanfali jedhanii murteessuun hindanda'amu. Kana jechuun kanfaluufi kanfalchiisuun hinjiru jechuu miti. Akka ragaan ogeessota qoricha aadaa kennaniifi namoota qoricha fudhachuun dhimma itti bahanirraa argame ibsuutti, dhukkubsataan waan qabu irreeffata jedhu. Ogeessis waan irreeffatame fudhata. Qabannisaa, beekkumsi qoricha aadaa ayyaanummaafi safeeffannaa qaba jedhamee waan yaaddamuuf beekkumsi kun kallattiin qarshiitti yoo jijjiirrame qorichichi humni fayyisummaa isaa baduu yookin hir'achuu danda'a jedhamee yaaddama.

Ragaan lakkoofsa 182 irratti ibsame kanuma mirkaneessa. Kanaaf, fayyadama afaaniitti dhimma bahuun duudhaafi safuu qorichichaaf hawaasni qabu eeguun irreessa fudhatuu, irreessa kennu. Akka ragaa obbo Abdiisaa Abarraafi Abbabee Jorroo irraa argame ibsuutti, "Qorichi irreessa malee, qoricha hinta'u" jedhu. Kana jechuun, qoricha kennamuuf kanfaltii fudhachuufi irreessa malee qoricha kennuun qorichi sun ulfina akka hinqabanne taasisa. Kanaaf, fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti, fayyadamni afaanii *irreessa* jedhu ulfina qoricha aadaa agarsiisuuf dhimma itti bahamuu mul'isaa. Walumaagalatti, fayyadamni afaanii *irreessa* jedhu, gahee afaan ulfiin qoricha aadaa agarsiisuu keessatti qabu muul'isa.

### 4.6.5. Iccitii Yaala Fayyaa Aadaa Eeguu

Akkuma yaalli fayyaa ammayyaa warra dhihaa adeemsa qoricha qopheessuu hanga hiccitii dhuunfaa dhukkubsataa eegan, qoricha aadaa keessattis, iccitummaan qoricha aadaafi nama qoricha fudhatee dhimma itti bahuu eeggamaadha. Iccitiin qoricha aadaa keessatti eeggamu dhimmoota gurguddoo lamaafi. Inni duraa, adeemsa qophii qorichaa keessatti iccitii qoricha waliin walqabatu. Inni lammataa, iccitii mirga abbuummaa nama qoricha kennuu eeguuf godhamu.

Beekkumsa aadaa kana tiksuufi abbummaa beekumsa kanaa kabachisuuf seerri qabatamaan hojiirra oole hinjiru. Kana waan beekaniif ogeessonni qoricha aadaa iccitummaa qoricha aadaafi mirga abbuummaa isaanii eegsisuuf fayyadama afaanitti dhimma bahuun beekumsa isaanii kana tikfatu. Fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti gaheen afaan taphatu, olaanaa ta’uu ragaaleen funaannamanii xiinxalaman nimuullisu. Akka ragaaleen kun ibsanitti, gaheen fayyadama afaanii iccitii qophii qorichaafi mirga abbintaa eeguuf kan dhimma itti bahamani. Ragaaleen afgaaffiifi daawwannaan ogeessota qoricha aadaafi namoota qoricha aadaatti dhimma bahanirraa funaannaman akka armaan gadiitti xiinxalamanii dhihaatanii jiru.

Fayyadamni afaanii armaan olitti ibsaman, fayyadama afaanii ogeessonni qoricha aadaa kennan dhimma itti bahani. Akkasuma, ragaan lakkoofsa 180 irratti ibsame, *cunuunfadhuu dhugi* jedhu, fayyadama afaanii ogeessi qoricha aadaa kennu; namni qorichaatti dhimma bahu maalummaa qorichichaa akka hubatee hinilaallee gochuun mirga abbintaafi maalummaa qorichicaa iccitiin qabuuf itti fayyadame. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 181 irratti ibsame, *gaaddidduu lagi* jedhu, ogeessi qoricha dhukkubsataaf kenne namoonni biroo dhukkubsataa harkatti ilaaluun maalummaa qorichichaa akka hinbarreefi mirga abbintaa isaa eegsisuuf qorichich namoonni biroo yoo ilaalaniifi bira gahan qoricharra gaaddidduun bu’uun qorichichi humna dhaba yaada jedhu sammuu nama qorichaatti dhimma bahuu keessa gochuun iccitiin qorichichaa eegameefi mirgi abbintaa ogeessichaas tikfamee akka turu gochuuf fayyadama afaanii dhimma itti bahame.

Ragaan lakkoofsa 212 irratti dhimma bahame, *qorichi dhoksaa jaalata* jedhu, fayyadama afaanii ogeessi qoricha yeroo qopheessu akka isa hinhordofneefi hinilaalleef dhimma itti bahe. Kana malees, namoonni qoricha fudhatan nama biraatti qorichicha yoo agarsiisan nomoonni kun bifa qorichichi qabu ilaaluun qorichichi maalirraa akka qophaa’e baru jedhanii waan shakkaniif akka namoota birootti himuul’isne, iccitii qophii qorichaafi mirga abbintaa isaanii eeguuf fayyadama afaanii dhimma itti bahame. Walumaagalatti, ragaalee kanarraa kan xiinxalamee argame: gaheen fayyadamni afaanii iccitii

qorichaafi mirga abbintaa namoonni beekkumsa qoricha aadaa qaban eeguu keessatti qabu olanaa ta'uu isaati.

### 4.6.6.Beekkumsa Qoricha Aadaa Tursiisuu

Mata duree kana jalatti fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti, akkamitti fayyadamni afaanii akka beekkumsa qorichaa aadaa qopheessuun kennuun dhalootatti dabarsu ragaalee funaannamanirraa xiinxalamee dhihaatera. Fayyadamni afaanii kun, qorichi aadaa safeeffannaa guddaa akka qabaatu taasisa. Ogeessii qoricha aadaa kennuufi namoonni qoricha aadaa kanatti dhimma bahan maqaa qorichoota aadaa akka feeteen hinwaamani. Kunis, qorichichi safeeffatamee akka turu taasisa. Kana malees, ogeessonni qoricha aadaa kennan beekkumsa kana namoota amantaa irraa qabanitti yeroo himan yookin barsiisan callisanii salphaatti dabarsanii hinlaatan. Kunis, waadaa cimaa galchuun beekkumsichi rakkoo tokko malee hawaasicha keessa akka turu taasisan.

#### 4.6.6.1.Safuun tursiisuu

Fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti, gaheen fayyadamni afaanii beekkumsa qoricha kana rakkoofi tutuqaarraa bilisa taaasisee dhalootatti akka darbu godhu ragaalee ogeeyyii qoricha aadaa kennaniifi namoota qoricha aadaa fudhatanii dhimma itti bahanirraa argame jechamoota safuu agarsiisani. Fakkeenya, jechamni lakkoofsa 35 irratti ibsame, *dhukkuba ijaa* jedhu kallattumaan ija ittiin ilaalaniin dhukkubsachuu jechuu miti. Kuni kan dhimma itti bahame, hawaasa keessatti namni uummamaan iji isaa yoo nama ilaale nama nyaata jedhamee amanamu waan jiruufi. Namoonni akkasii kun budaa jedhamu. Namoonni budaa jedhaman kun nama nyaatu jedhamee waan amanamuuf, hawaasni waliin jiraatu kun budaatu sinyaate jechuu safeeffaateetu, dhukkuba ijaati jechuun waama.

Akka afgaaffii obbo Abdiisaa Abarraafi obbo Tasfayee badhanee wallin taasifameetti "Kun waa lamarraa ka'a. Inni duraa hariiroo hawaasicha keessa jiru tursiisuuf jedhameeti. Inni lammataa, qoricha budaati jedhamee yoo dubbatame, namoonni waan kanaan shakkaman qorichicha haloon kaka'uun balleessu jedhameet amanama." jedhu. Fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti beekkumsa gama kanaa jiru tursiisuuf gahee fayyadama afaanii agarsiisu, jechamni lakkoofsa 123 irratti ibsame kan, *waan sinbiraa* jedhu. Akka adde **Ibsoo Simee** jedhanitti, "Dhukkuba sibiraa yoo jedhame, waan sinbiraa kun hinmisa yookin hinhammata; akkasumas, qorichi humna dhaba." jedhu. Kun kan muul'isu beekumsi qoricha aadaa waliin jiru akka turuuf maqaafi akkaataa dubbannaa safeeffachuun beekkumsichi akka turu taasisuu agarsiisa.

Fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti, jechamni lakkoofsa 110 irratti ibsame kan, *waan waaqaa* jedhu, fayyadama afaanii dubbii *dhukkuba allattii risaa jedhamurraa dhufu* jedhu safeeffachuun dhimma itti bahame. Akka **obbo Abbabee Jorroo** jedhanitti, ”Allattii risaa jennee yoo biratti dubbanne ayyaanummaa isaa dhaba; qorichaaf hinoolu yookin hindu’a.” jedhu. Kanarraa kan hubannu, akkataan fayyadama afaanii safuu hinqabe qoricha qorichummaarraa hanqisuun dhaloota itti aanuuf akka hinoolle taasisuu danda’uu isaati.

Fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti, jechamni lakkoofsa 77 irratti ibsame kan, *waan saree* jedhu safeeffannaaf dhubbatame. Akka ogeessi qoricha waan saree obbo Addisuu Margaatti, ”Dhukkuba saree maraatte jechuun safuudha. Akkas, yoo jedhan dhukkubichi hincima, qorichis hinbushaa’a.” jedhu. Yaada isaanii kanarraa kan hubannu, dhukkubichi akka hinmisneefi qorichichi akka hibushoofneef fayyadamni afaanii qoricha aadaa fudhachuufi kennuu keessatti dhimma itti bahamu murteessaa ta’uu isaati.

Fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti, fayyadamni afaanii dhimma itti bahamu jechama irreessa jedhu. Ragaan lakkoofsota 47, 59, 124fi 182 irraatti ibsaman, *irreessa kennina, irreessa qaba, irreessa fuudheen fayyisaa jiraafi qorichi irreessa malee, qorichaa hinta’uu* jedhu, yaadrime kanfaltii jedhu safeeffachuun yaadrimee irreessa jedhutti fayyadamuun safuun qoricha aadaa dhalootaatti dabarsuuf fayyadama afaanii hojiirra oole. Ragaa kanarraa kan hubatamu, namni qorcha kennuus, kan fudhatuus, wanti inni kanfalu irreessa jedhama malee, kanfaltii jecha jedhu hinfayyadamani. Kanfaltii keessatti kanfalchisuufi kanfaluutu jira. Kunimmoo, dirqamaafi dirqisiisuu ofkeessaa qaba. Qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti dirqiifi dirqamsisuun hinjiru. Kun safuudha. Namni qoricha fudhatu waan qabu irreeffata malee, waan hinqabeef hindirqamu. Kunimmoo, beekkumsichi haala salphaan dhalootatti akka darbu taasisa. Fayyadama afaanii qoricha aadaa keessatti, ogeessi kanfaltii safuun alaa yoo raawwachiise beekkumsi inni gama kanaan qabu jalaa bada jedhameet amanama. Kanaaf, *irreessa* kan jedhu jecha *kanfaltii* jedhu safeeffachuun kan itti dhimma bahame ta’uu agarsiisa.

Walumaagalatti, safuun fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti beekkumsa natoo gama kanaan jiru tursiisuu keessatti safuun seera namaan tumamee taa’e osoo hintaane, seera adeemsa jiruufi jireenya keessa xinsammuu hawaasichaa keessatti ijaarramee jiru.

**4.6.6.2.Waadaa Galchuun tursiisuu**

Ogeessi qoricha aadaa buqqisuun, guuruufi kutuun qopheessu namoonni baay'een akka beekkumsa kana baran fedhii hinqaban. Qabannisaa, waan lama. Inni duraa, qorichi aadaa beekkumsaafi hubannoo gahaa yoo qabatan malee callisamee yoo fayyadamaaf kenname miidhaa cimaa hanga lubbuu galaafachuutti gaha. Inni lammataa, akka madda galiitti waan ilaallamuuf salphumatti beekkumsichi gara nama biroo akka darbu hinfedhamu. Garuu, ogeessichi umrii guutuu jiraachuu waan hindandeenyeef, namoota qalbii qabaniifi waadaa eeguu danda'anitti dabarsu. Kunis, waadaa galchuun yeroo qoricha buqqisan, guuraniifi kutan waliin bosona, bu'aafi bahii keessa deemsisuun ilaalaa akka baratan taasisu.

Qoratichiis, ragaalee afgaaffiin argaman kan gahee fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti beekkumsi qoricha aadaa waliin jiru akka itti fufiinsa qabaatu gochuuf dhimma itti bahame xiinxalee dhiheessera. Fayyadamni afaanii lakkoofsa 166 irratti ibsame, *qorichi kun anaafis ormaafis* jedhu, ogeessichi namni beekumsa kana fudhachaa jiru qoricha ofii itti dhimma bahuu hinbarbaanne akka nama birootifis hinlaanne dhorkuuf itti dhimma bahe. Akkasumas, ragaan lakkoofsa 167 irratti ibsame, *akkisaas akkuma, hammisaas hammuma* jedhu qabiyyeefi hamma qorichichaa akka hinjijjiirreef waadaa galchuu agarsiisa. Kana malees, ragaan lakkoofsa 168 irratti ibsame kan, *alaafis manaafis hinhir'atu, hindabaluu* jedhuufi ragaan lakkoofsa 169 irratti ibsame kan, *safara hince'u, safara hinhanqatu* jedhu, kan firaafis halagaafis kennamu adda ta'uun dhorkaa ta'uu agarsiisuufi akkuma itti himameefi argeetti namoota hunda qixa akka tajaajiluuf itti dhimma bahame. Akkasumas, fayyadamni afaanii lakkoofsa 170 irratti ibsame, *faloof malee haloof hinoolu* kan jedhu qoricha aadaa buqqisuu, guuruufi kutuu namni barate, akka nama fayyisuuf malee itti yaadanii nama miidhuuf tajaajilarra oolchuun daraan dhorkaa ta'uu barsiisuuf dhimma itti bahame.

Fayyadamni afaanii inni ijoon waan itti himaame kana guduunfuuf oole, fayyadama afaanii lakkoofsa 171 irratti ibsame kan *waadadha, waadadha, waadadha* jedhu waan itti himameefi arge akkaata ogeessi qorichaa kennu sun itti himeefi itti agarsiiseen ala yoo itti dhimma bahe waadan akka isa qabuufi miidhamuu danda'u sirriitti hubachiisuuf dhimma itti bahame.

Walumaagalatti, fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti beekkumsa natoo tursisuuf itti dhimma bahame, qorichichi qabiyyee, gosaa, hammaafi walqixummaan dhaloota akka tajaajiluuf nama beekkumsicha argate xiinsammuusaa karaa sirrii ijaaruun akka beekkumsichi itti fufuuf gahee olanaa qabachuusaa qorannichi bira gaheera.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

## 5.1.Cuunfaa

Mata dureen qorannoo kanaa xiinxala fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti haala: uummata Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee kan jedhu. Qorannichis, kan gaggeeffame Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Hidhabuu Abooteetti. Kaayyoon qorannichaa fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti dhiimma itti bahaman xinxaluun adda baasuufi ibsuuun dhiheessudha.

Maddi ragaalee qorannoo kanaa, ogeessota qoricha aadaa kennaniifi namoota qoricha aadaa kana fudhatanii itti fayyadamuurratti muuxxannoo yeroo dheeraa qabani. Ogeessonni qoricha aadaa kennan kun, kan yeroo dheeraaf tajaajila kana kennaa turaaniifi kennaa jirani. Akkasumas, namoonni qoricha kana fuudhatan kan ofii isaanitiif, fudhataniifi namoota biroo yookin maatii isaanitiif ogeessarraa qoricha aadaa fuudhun itti tajaajilamani.

Malli iddattoo qorannicha keessatti dhimma itti bahame, mala iddatteessuu kaayyeeffataa ‘purposive sampling’fi mala walhnimaa yookin darbaadabarsaa ‘snowball sampling’dha. Malleen kanaan, dursa qoratichi ogeessota qoricha aadaa kennaniifi namoota qoricha aadaa fudhatanii itti fayyadamaa turan kan ofii isaatii beeku kaayyeeffate, iddattoof filate. Itti aansuun, ogeessonni qoricha aadaa kennan kuniinifi namoonni qoricha aadaa fudhatanii itti dhimma bahan kunneen ammoo, ogeessota qoricha aadaa isaan biroofi namoota isaan biraa qoricha fudhatan eruu kennuun, akkasumas, namoonni qoricha fudhatanii dhimma itti bahan ogeessota biraa qoricha fudhatanii beekaniifi namoota akka isaanii qoricha aadaa fayyadamanii beekan eruun filatamani.

Meeshalleen funaansa ragaalee qorannicha keessatti qoratichi dhimma itti bahe, afgaaffiifi daawwannaadha. Afgaaffiin ogeessota qoricha aadaa kennaniifi namoota qoricha aadaa fudhatanii itti dhimma bahaniif dhihaate. Akkasumas, daawwannan yeroo ogeessi qoricha aadaa kennu biratti argamuun waliin dubbii ogeessaafi nama qoricha fuudhu gidduutti ta’u, ilaalaafi dhagahaa waliin dubbii isaanii sagalee waraabuufi yaadannoo qabachuun ragaaleen fudhataman.

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa xiinqooqa hawaasaa waan ta’eef, qoratichi waliin dubbii ogeessa qoricha aadaa kennuufi namoota qoricha aadaa fudhatanii dhimma itti bahan kanneen iddattoof filatamaniirraa ragaalee funaannaman xiinxaluuf mala qorannoo akkamtaatti dhimma baheera. Ragaalee afagaaffiifi daawwannaarraa argaman akka walfakkeenya isaaniitti walitti qindeessuun yaaxina xiinqooqa tajaajila sirnawaafi yaaxina hasgochaa bu’uureeffachuun ragaalee tartiiba lakkoofsaa 1 hanga

242 jalatti dhihaatan mata duree walfakkaatu jalatti kurfaa’un xiixalamanii dhihaataniru. Akkasumas, fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti dhimma itti bahaman bu’uura yaaxina qorannichaatiin hiikni itti kennameera.

### 5.2.Argannoo

Mata duree qorannichaa Xiinxala fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti haala uummata Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee jedhu keessatti ragaaleen qorannichaa afgaaffiifi daawwannaan funannaman kurfaa’uun xiinxalamanii dhihaataniiru. Xiinxala ragaalee qorannoo kana keessatti, fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti jechoota afaan Amaraa Afaan Oromoo keessatti makuun dhimma itti bahameera. Kunis, jechoota Afaan Oromoo jechoota Afaan Amaratiin bakka buusuun fayyadama afaanichaa keessatti tajaajilaaf ooluu qorannichi adda baaseera.

Fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti jechoonni afaan Amaraa 34 jechoota Afaan Oromoo bakka bu’uun adda baheera. Akka ragaaleen lakkoofsa 1 hanga 34 irratti ibsaman muul’isanitti, jechoonni Afaan Amaraa fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti makaman; karaa lamaan ta’uu agarsiisu. Karaan inni duraa, jechootni Afaan Amaraa jechoota Afaan Oromoo bakka bu’uun yeroo fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti makamuun tajaajilaaf oolan; dhuma jechoota kanaatti dhamsaga Afaan Oromoo /ii/,/aa/fi /a/ dabaluun akka fayyadama afaanichaa keessatti mijatuutti dhimma itti bahaman. Jechoonni haala kanaan makaman, jechoota lakkoofsan 20 ta’ani. Karaan inni lammataa, jechoonni Afaan Amaaraa fayyadama afaanii kana keessatti makaman jechooticha akkuma jiranitti gara fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti makuun tajaajilaaf ooluu isaanitu qorannichaan bira gahame. Jechoonni haala kanaan makaman, jechoota lakkoofsaan 14 ta’antuu fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti makamuun dhimma itti bahame. Walumaagalatti, jechoonni fayyadama afaanii kana keessatti makamuun tajaajilaaf oolan jechoota 34 ta’an qorannichaan adda bahaniiru.

Qorannoo kana keessatti xiinxala ragaalee qorannicharraa fayyadama afaanii sadarkaa garagaraa jaha adda bahanii jiru. Isaniis: jecha makuu, jechama, mala dubbii akkasaa, mala dubbii nameessaa, mala dubbii iddeessaafi mammaaksa. Fayyadamni afaanii qorannoo kana keessatti adda bahan kan tartiiba ragaalee lakkoofsan ibsaman 221 qorannichaan adda bahaniiru. Bu’ura ibsa xinqooqa hawaasatiin fayyadamni afaanii sadarkaa jechoota makuu 34 yookin dhibbeentaa 15, sadarkaa jechamatti 148 yookin dhibbeentaa 67, malli dubbii akkasaa 20 yookin dhibbentaa 9, malli dubbii nameessaa 10 yookin dhibbentaa 5, malli dubbii iddeessaa 5 yookin dhibbeentaa 2fi mammaaksii 4 yookin dhibbentaan 2

tajaajila fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti dhimma itti bahamuu qorannichaan adda bahaniru. Fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatt dhimma itti bahaman harki caalaan jechama.

Itti fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti itti dhimma bahame qabiyyee faayyadama afaanii adda addaa akka qabu qorannichi bira gaheera. Akka ragaaleen qorannoo kana keessatti kurfaa'an mul'isanitti, qabiyyeen fayyadama afaanii ibsa kennuu, gorsa kennuu, ajaja kennuu, akeekkachiisa kennuu, abdii kennuufi gaaffii gaafachuu akka ta'an qorannichaan adda baheera.

Fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti qabiyyeen ibsa kennuuf dhimma itti bahame; fayyadama afaanii ibsa kennuu muul'isan 198 dhibbeentaa 90, qabiyyeen ajaja kennuu 7 yookin dhibbeentaa 3, qabiyyeen gorsa kennuu 6 yookin dhibbeentaa 3, qabiyyeen abdii kennuu 5 yookin dhibbeentaa 2, qabiyyeen akeekkachiisa kennuu 3 yookin dhibbeentaa 1fi qabiyyeen gaaffii gaafachuu 2 yookin dhibbeentaa 1 dhimma akka itti bahaman adda baheera. Kunis, kan agarsiisu itti fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti tajaajilaaf oolan harki caalaan qabiyyee ibsa kennuuti. Fayyadama afaanii kana keessatti ergaan cimaan dhimma dhukkubichaafi qoricha dhukkubichaaf tajaajilurratti ibsa gahaa kennuun akka murteessaa ta'e qorannichi ni agarsiisa.

Qorannoo kana keessatti, fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti gaheen fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti qabu adda baheera. Kunis, xiinxalli ragaalee funaanamanii kan agarsiisu, haala qorichi aadaa keessatti gaheen fayyadama afaanii qabiyyeen gurguddoo jaha adda bahee dhihaatera. Isaanis: akka meeshaa waliin dubbiitti, akka yaala xiinsammuutti, maqaa dhukkubootaafi yaadrimee yaala aadaa moggaasuu keessatti, ulfina qoricha aadaa agarsiisuu, iccitii yaala aadaa eeguudha. Gaheewwan fayyadama afaanii kunneen fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti iddoo olaanaa qabachuu qorannichi adda baasee dhiheessera. Kana malees, fayyadamni afaanii qoricha aadaa keessatti safuu eegsisuufi waadaa galchuun beekkumsa natoo qoricha aadaa keessa jiru tursiisuun dhalootatti dabarsuuf gahee qabachuun adda baheera.

Walumaagalatti, fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti xiinxalameen, haasgochi namoonni qoricha aadaa fuudhachuun dhimma itti bahan haala keessa jiran bu'uureeffachun akka dubbatan adda baheera. Haalli dubbiin namoota qoricha fudhatanii haala dhukkubichaa ibsuun qoricha dhukkuba isaanitiif furmaata ta'uu danda'u argachuuf ogeessa qoricha aadaa kennu irratti dhiibbaa uumuun akka ogeessichi qoricha sirriifi dhukkubicha gitu kennuu danda'u godheera. Kunis, namoonni qoricha ogeessa qoricha aadaatirraa fudhatanii itti dhimma bahan haala keessa jiran

hubachiisuf jechamootafi malleen dubbii akkasaa, nameessaa, iddeessaafi mammaaksa fayyadamuun waan dubbataniin waan argachuu barbaadan gochuu danda'uun isaanii qorannichi adda baasera.

Ogeessonni qoricha aadaa kennan waan namoonni qoricha aadaa fudhatanii dhimma itti bahan dubbatanirratti xiyyeeffachuun, dhukkuba isaanii hubachuun gorsa, akeekkachiisa, abdii, ibsaa, gaaffii gaafataniifi ajaja dubbii isaanitiin kennaniin dhukkubsattoonni dhukkuba isaanii sirriitti ibsuufi qoricha kennameef qixaan akka fudhatan gochuun akka fayyan gochuu danda'uu isaanii xiinxala ragaa qorannicharraa adda baheera.

Fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti waliin dubbii ogeessa qoricha aadaa kennuufi namoota qoricha aadaatti dhimma bahan gidduutti taasifamu waan dubbataniin gochi raawwatamu haala keessatti dubbatamu keessatti haala galumsaa qabun ergaan isaa hubatamuu argannoon qorannoo kanaa adda baasera.

## 5.3. Yaboo Qorannichaa

Qorannoon kun, bu'uura yaaxina xiinqooqa tajaajila sirnawaafi yaaxina hasgochatiin fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti haala uummata Oromoo aanaa Hidhabuu Abooterratti qofa xiyyeeffatamee kan gaggeeffame. Aadaa qoricha kennuufi fudhachuu keessatti akkaataan qoricha fudhachuufi kennuu keessatti afaanitti dhimma bahan akkaataa lamaan raawwata. Inni tokko qorichi tokko tokko yeroo ogeessi qoricha aadaa nama qoricha aadaa fudhatee fayyadamutti kennu kan walitti dubbachuun hindanda'amne. Qorichi akka kanaa namni qoricha kana fudhatee yeroo deemu, yoo namoonni karaatti itti dhufanis, dubbachuun dhorkaadha. Inni lammataa qorichoonni baay'een garuu fayyadama afaaniirratti xiyyeeffachuun kennamu. Qorichi akka waliin dubbii nama qoricha aadaa kennuufi namaa qoricha fudhatee dhimma itti bahu gidduutti taasiifamu fayyadama afaanii adda addaa dhimma itti bahuun hojiirra oola.

Yaaxinoonni qorannoo kana keessatti qoratichi dhimma itti bahe, qorichoota fayyadama afaanii dubbii bu'uura godhatan qofarratti hunda'uun fayyadama afaanii hawaasichi qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti dhimma itti bahe qabiyyeewwan gurguddoo afur jalatti kurfeessuun xinxalamaniiru. Isaanis: makaa afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti, fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti mula'atan, qabiyyeewwan fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti dhimma itti bahamaniifi gahee fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti qabu. Qabiyyeewwan afraan kurfaa'an kanarratti hunda'uun, fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi

fudhachuu hawaasichaa xiinxalee argannoo qorannichi bira gahe bu'uura godhachuun qoratichi, yaboo armaan gadii eerera.

- Fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu waliin dubbii malee raawwatu osoo xiinxalamee adda bahe.

- Fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti dhimma itti bahaman akkaataa hiika galumsa isaan haala qoricha aadaa keessatti qabaniin kurfeeffamanii sirna barnoota Afaan Oromoo keessa galanii dhaloonni haaraan falaasama afaanii qorichichaan walqabatu akka beekan osoo ta'ee.

- Ogeeyyii qoricha aadaa kennan fayyadama afaanii dhimma itti bahaa jiran qixaan akka itti fayyadamaniifi jechoota afaan biroo osoo itti hinmakiin jechoota Afaan Oromoo qofatti fayyadamuun fayyadama afaanii hawaasicha fakkaatu dhalootaaf akka dabarsuu danda'an leenjiin hubannoofi itti fayyadama afaan isaanii gabbisu osoo kennameefi.

- Fayyadamni afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti dhimma itti bahamu sadarkaa dubbii afaanitiin malee sadarkaa barreeffamaan galmaa'ee waan hinjirreef gara barreeffamaatti jijjiirramee galmeen jechootaa kan jechama, malleen dubbiifi mammaaksoota dhimma kanaan walqabatu osoo qophaa'efi.

- Qorichi aadaa fayyaa hawaasaafi beelladootaa tiksuu keessatti iddoo olaanaa waan qabuuf, waliin dubbii ogeessa qoricha aadaa kennuufi namoota qoricha aadaa fudhatanii itti fayyyadaman, fayyadama afaanii haala qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti muul'atu cimsuun, dhalootatti dabarsuun beekkumsa gama kana jiru gara diinagdeetti jijjiiruuf mootummaafi qaamoleen imaammata fayyaa baasan xiyyeeffannoo kennuun dagaaginni qoricha aadaafi itti fayyadamni afaan isaa akka beekkamtii argatu osoo taasisani.

- Waajjirri Aadaafi Turiizimii, Waajjira Eegumsa Fayyaa waliin ta'uun qorichoota aadaafi fayyadama afaan isaan waliin jirurratti qorannoo geggeessun yaala fayyaa ammayyaa keessatti akka xiyyeeffannoo argatu osoo godhani.

- Xumurarratti, namoonni gara fuulduraatti mata duree kanarratti qorannoo gaggeessu barbaadan yaaxinoota xiinqooqaa fayyadama afaanii qorachuuf gargaaraniifi itti fayyadama afaanii qorannoo kana keessatti dhihaatanirratti yookin fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti muul'atan kan biroo xiinxaluun qorannoo dabalataa dhimma kanarratti fuulleffatuun fayyadama afaanii dabalataa osoo adda baasani galmeessuun ka'anii.

**Wabiilee**


Abdallaa Nageesssoo. (2017) “Qaaccessa fayyadama afaaniifi adeemsa koottu-dhufee wal-dhabdee abbaa warraafi haadha warraa gidduu jiru furuu keesssatti.” Yuunivarsiitii Addis Abaabaa: Warqaa Qorannoo Digirii Lammaaffaa. Kan hinmaxxafamin.

Addunyaa Barkeessaa. (2011) *Akkamtaa: Yaadirmee Qorannoo Hujoo*, Finfinnee: Efficiency Printing press.

Addunyaa Barkeessaa.(2016) *Semmoo:Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*, Finfinnee:Far East Trading PLC.

Addunyaa Barkeessaa. (2010) *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*, Finfinnee: Mega Printing Press.

Alan Bryman. (2004) *Quantity and Quality in Social Research*, London and New York: Taylor& Francis e-Library.

Austin, J.L. (1962) .*How to do things with words*: London: Oxford University Press.

Beekan Gulummaa. (2015).*Tuujuba:Saayinsiifi Dandeettiiwwan afaanii*.Finfinnee:ELLENI P.P.PLC

Bierlich, B. (1999). ‘Sacrifice, Plants, and Western Pharmaceuticals: Money and Health Care in Northern Ghana.’ *Medical Anthropology Quarterly*, 13(3), 316-337

Birhaanuu Tasfaayee. (2017) “Xiinxala qabiyyee fayyadama afaanii gumaa baasuu keessatti: haala aanaa Abuunaa Gindabarat”Yuunivarsiitii Addis Abaabaa: Warqaa Qorannoo Digirii Lammaaffaa. Kan hinmaxxafamin.

Bogdan, R. and Biklen, S.K. (1998) Qualitative Research for Education: An Introduction to Theory and Methods. London: Allwyn and Bacon

Brown, Cheryl & Hatch, Evelyn. (1995) *Vocabulary, Semantics and Language Education*, Cambridge: Cambridge University Press.

Clark, H. (1996) *Using Language*, Cambridge: Cambridge University Press.

Creswell, J.W. (2003). *Research Design: Qualitative, quantitative, and mixed methods approaches* .(2nd ed.) Thousand Oaks, CA: Sage Publications.

Cunningham, M. (2013). Health. In The Secretariat of the UN Permanent Forum on Indigenous Issues on Health, The State of the World's Indigenous Peoples. New York: UNFPII Secretariat. (pp. 155-187).

Dastaa Dasaleeny. (2002) *Bu’uura Qorannoo, Finfinnee*: Yuunivartii Finfinnee.
Dastaa Dassaaleny. (2009) *Bu'uura Qorannoo*, Addis Ababaa: mana maxxansaa Boolee.

Dastaa Dassaaleny. (2013) *Bu’uura Qorannoo*, Finfinnee: Mana Maxxansaa Boolee.

David E. Gray (2004).Doing Research In The Real World, New Delhi: Sage Publications

Dirribachoo Tamasgeen. (2018) “Qaaccessaa fayyadama afaanii:qabiyyee faaruu goota dhugumaa jaldeessoo keessatti.” Yuunivarsiitii Addis Abaabaa: Warqaa Qorannoo Digirii Lammaaffaa. Kan hinmaxxafamin.

Fedhasaa Taaddasaa. (2013). *Bu'uuraalee Og-Barruu Oromoo* . Finfinnee: Subi Printing Press.

Filee Jaallataa.(2016) *Beekumtaa Oromoo*, Maxxansa Duraa, Finfinnee: Mana Maxxansaa Raajii.

Fufaa Dhaasaa. (2017) “Qaaccessa qabiyyee fayyadama afaanii mana murtii: haala aanaa Gindabarat” Yuunivarsiitii Addis Abaabaa: Warqaa Qorannoo Digirii Lammaaffaa. Kan hinmaxxafamin.

Gammachiis Zawduu. (2016) “Xiinxala Haasbarruufi Fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Hidhabuu Abootee” Yuunivarsiitii Addis Abaabaa: Warqaa Qorannoo Digirii Lammaaffaa. Kan hinmaxxafamin.

Gammachuu Raggasaa. (2018) “Xiinxala fayyadama afaanii hordoftoota qaalluu abbaa dhugaa biratti :godina Wallaggaa Bahaa, aanaa Haroo Limmuu” Yuunivarsiitii Addis Abaabaa: Warqaa Qorannoo Digirii Lammaaffaa. Kan hinmaxxafamin.

Girmaa Addunyaa. (2017) “Qaaccessa fayyadama afaanii asoosama ‘dibaa’’Yuunivarsiitii Addis Abaabaa: Warqaa Qorannoo Digirii Lammaaffaa. Kan hinmaxxafamin.

Gray, D. (2004) *Doing Research in the Real World*, London: SAGE Publications Ltd.

Grosjean, F. (1982). *Life With Two Language: An Introduction to Bilingualism*. Cambridge: Harvard University Press.

Guba, E.G. & Lincoln. Y.S. (1989). *What is This Constructivist Paradigm Anyway?* in Fourth Generation Evaluation, London: Sage Publications

Hamilton, E. H. and S. W. Chou (2014). *The Routledge Handbook of Language and Health Communication*. London and New York: Routledge, Taylor & Francis Group.

Hatim Basil & Mason Ian.(1990). *Discourse and the Translator*. London: Longman.

Helman, G. C. (2007). *Culture, Health and Illness* (5th ed). London: Hodder Education, An Hachette UK Company

Hudson,R.A.(1996) *Sociolinguistics*, (2nd ed), Cambridge: Cambridge University Press.

Juma, O.J.(2011). “African Worldviews-Their Impact on Psychopathology and Psychological Counseling.” Yuunivarsiitii Afrikaa Kibbaa: Warqaa Qorannoo Digirii Lammaaffaa. Kan hinmaxxafamin

Kitilaa Taddasaa. (2017) “Qaaccessa Qabiyyee Qoricha Aadaa: Godiina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu Irratt Kan Xiyyeeffate” Yuunivarsiitii Addis Abaabaa: Warqaa Qorannoo Digirii Lammaaffaa. Kan hinmaxxafamin

Kothari, C.R. (2004) *Research Methodology: Methods and Techniques* (2nd ed), New Delhi: International Publishers, Ltd.

Levinson, S. C. (1983) *Pragmatics,* Cambridge: Cambridge University Press.

Matras,Y.(2009).*Language Contact*, Cambridge: Cambridge University Press.

Miller R. and Greenberg R. A. ( 1991) . *Poetory on Introduction*. New York: Mc. Millian Education.

Nunan, D. (1993a) *Introducing Discourse Analysis*, London: Penguin.

OCTB, (2006) *History of the Oromo to the sixteenth century*,(second Edition). Finfinne.

Olanaa Dheeressaa. (2018) “Qaaccessa fayyadama afaanii gabaa keessatti: haala godina horroo guduruu wallaggaa aanaa horroo bulluq gabaa saqalaa” Yuunivarsiitii Addis Abaabaa: Warqaa Qorannoo Digirii Lammaaffaa. Kan hinmaxxafamin.

Oller, J. W. (1970) 'Transformational Theory and Pragmatics.'

Poplack, S. (2001). Code-switching (linguistic). International encyclopedia of the social and behavioral sciences, 2062-2065.

Ryan Abbott. (2014) Documenting Traditional Medical Knowledge, World Intellectual Property Organization.

Sapir, Edward. (1921) *An Introduction To The Study Of Speech*, New York: Harcourt.

Searle, J. (1969) *Speech Acts,* Cambridge: Cambridge University Press.

Searle, J. R. (1975). *Syntax And Semantics,* (Vol.3), Newyork: Academic Press.

Seidl, J. & Mc mordie, W. (1988) *English idiom*,(5th ed), Oxford: Oxford University press.

Suutumaa Naggasaa. (2019) “Xiinxala Fayyadama Afaanii Walqunnamtii Ogeeyyii Fayyaafi Wal’aannamtoota Hospitaala Aayiraa”:Yuunivarsiitii Addis Abaabaa: Warqaa Qorannoo Digirii Lammaaffaa. Kan hinmaxxafamin

Tsey, K. (1997). ‘Traditional Medicine in Contemporary Ghana: A Public Policy Analysis,’ *Social Science & Medicine,* 45(7), 1065-1074.

Wagaye Wade.(2016) Indigenous knowledge of herbal medicine and healing system among Gamo people, South Ethiopia,MA Thesis, Department of Social Anthropology, Addis Ababa University.

Wolf. E. (2000) *Language and Society, African Languages: An Introduction*, Cambridge University Press.

Yule, J. (2006) *The Study Of Language* (3rded), Cambridge: Cambridge University Press.

World Health Organization Western Pacific Region (2000) A Report of the Consultation Meeting on Traditional and Modern Medicine: Harmonizing the Two Approaches, 22-26 November 1999, Beijing, China.

WHO. (2004) Guidelines on Developing Consumer Information on Proper Use of Traditional, Complementary and Alternative Medicine: Geneva

WWF-World Wide Fund For Nature .(2009) Traditional Medicinal Plant Practice in Southern Africa: A Situation Analysis in Zambia and Zimbabwe: Harare, Zimbabwe

Zoltan D. (2007).Research method in Applied Linguistics.Quantitative,Qualitative and Mixed Methodologies.Oxford:Oxford University Press.

**DABALEE, A**

**YUUNVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI; MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIITTI**

Afgaaffii ogeessota qoricha aadaa aanaa Hidhabuu Abooteetti kennaniif kan Dhiyaate.

**Seensa**

Gaaffileen afgaaffii armaan gadii kun kan qophaa'e barataa eebba digrii lammaffaa barnoota Afaan Oromoo,Ogbarruufi Fooklorii Yuunivarsiitii Addis Ababaatiini. Kaayyoon afgaaffii kanaas ragaa fayyadama afaanii ogeessa qoricha aadaa aanaa Hidhabuu Abooteetti kennan biratti mul'atu funaanuunfi xiinxaluun argannoo qorannichaa beekumsaaf akka taa'u gochuufi yaboo gara fuula duraatiif kaahuudha. Odeeffannoon isin kennitan galma gahinsa kaayyoo qorannoo kanaafi dhimma barnootaa, dagaaginaafi guddina aadaa, duudhaafi Afaan Oromootiif qofa waan ooluuf rakkoon narra gaha jettanii hinyaadina.Ragaa kennuun qorannoo kanaaf deeggarsa gootaniif dursee isin galateeffachuun barbaada.

Maqaa Ogeessaa______________________ Saala_____Umrii_____ Ganda___________

Gaaffilee Afgaaffii:

1. Qoricha aadaa kennitanii beektuu?
2. Qoricha dhukkuba kamiit kennitu?
3. Qoricha aadaa kennuu akkamittiin bartan?
4. Namni dhukkubsate maalfaa jedheet sinitti himata?
5. Yeroo qoricha kennitan dhukkubsataa ykn nama qoricha fuudhutti maal himtu?
6. Gorsi ykn ajajni ykn akeekkachiifni isiin dhukkubsataaf kennitan maali?
7. Beekkumsa kana eenyu barsiistu? Akkamitti barsiistu?
8. Jechoota dhukkubsataan yookin namni qoricha fuudhu dubbatu keessaa kan isiniif hingalle jiraa?
9. Namni qoricha aadaa fudhatu maal kanfala?
10. Waa'ee qoricha aadaa waan hafe; kan itti dabaluu barbaaddan yoo jiraate osoo itti dabaltanii!

**Deebii naa Kennitaniif baay'ee galatoomaa!**

**DABALEE, B**

**YUUNVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI; MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIITTI**

1. **Odeeffannoo Iddattoo**

Maqaa ogeessa qoricha aadaa kennuu

Umrii___________________________________

Sadarkaa barumsaa________________________

Teessoo_________________________________

Guyyaa daawwannaa_______________________

Bakka Daawwannaa________________________

Dheerina Yeroo Daawwannichi Fudhate _________

**2. Qabxiilee daawwannaaf qophaa'an:**

1. Namoonni qoricha fudhachuuf gara mana ogeessa qoricha aadaa dhaqan maal dubbatu?

2. Ogeessi qoricha aadaa kennu namoota qoricha aadaa fudhachuu dhaqanitti maal dubbata?

3. Waliin dubbii ogeessaafi nama qoricha fudhatu gidduutti taasifamu keessa jechoonni afaan biroo jiruu?

4.Ogeessi ykn dhukkubsataan ykn namni qoricha fuudhatu akaakuu fayyadma afaanii kamfaa fayyadama?

5. Namoonni qoricha aadaa fuudhan yeroo qoricha dhukkubsataaf kennan maal dubbatu?

Adeemsi qoricha aadaa kennuufi fudhachuu maal jechuunifi gochuun akka raawwatu ilaaluun,bakka ibsa barbaadu ogeessa qoricha aadaa kennu gaafachuu,suuraa fudhachuufi sagalee waraabuun yaadannoo barreeffamaa qabachuun geggeeffame.

**DABALEE, C**

**YUUNVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI; MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIITTI**

Afgaaffii namoota qoricha aadaa ogeessa qoricha aadaa kennu biraa fudhatan ykn nama biroof fudhaniif dhiyaatu. Afgaaffiin kun gaaffiiwwan afaanii idaattoof fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu uummata Oromoo aanaa Hidhabu Abootee biratti mul'atu  maal akka fakkaatu xiinxaluuf qophaa'e.

**Odeeffannoo Iddattoo**

Maqaa____________________________ Saala______Umrii ____ Ganda _______________ Guyyaa gaaffiin dhiyaate ______________________

**Qajeelfama:**

Gaaffilee armaan gadii haala gaaffichaa irratti hunda'uun afaaniin deebii kennaa.

**Gaaffilee:**

1. Qoricha aadaa fudhattanii ykn namaaf fuutanii  beektuu?
2. Qoricha dhukkuba kamiit fuutan?
3. Qoricha yeroo fuutan ykn fudhattan akkam jettaniit gaafattu? Maalfaa itti himtu?
4. Qoricha fiddan dhukkubsataaf yeroo kennitan maal itti dubbattu?
5. Ogeessi gorsa ykn ajaja ykn akeekkachiisa isiniif kennaa/itii?Maal isiniin jedha/tti?
6. Qoricha yeroo dhukkubsataatti ultan ykn obaastn wanti dubbattan jiraa?
7. Nama qoricha aadaa isiniif kenneef maal kanfaltu?
8. Waa'ee qoricha aadaa waan hafee jettan osoo itti dabaltanii!

**Deebii naaf kennitaniif baay'ee galatoomaa!**

**DABALEE,D**

KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

Xiinxala fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti haala uummata Oromoo aanaa Hidhabuu Abootee; afgaaffii ogeessa qoricha aadaa kennuuf taasifame.

Baay'inna gaaffilee afgaaffii =10 (Gaaffileen biroo adeemsa keessa itti dabalamaniiru)

Baay'ina ogeessota qoricha aadaa kennanii=11

Iddoo itti raawwate=Mana ogeessota qoricha aadaa

Guyyaa =15/07/2012 A.L.H. hanga 06/01/2013 A.L.H.

| T.L | Maqaa Guutuu | Saala | Umrii | Gosa qoricha kennanii | Muuxannoo ogumichaa waggaan | yaada |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Abdiisaa Abarraa | Dhi | 53 | Qoricha ijaa | 23 | |
| 2 | Tasfayee Badhanee Tulluu | Dhi | | Qoricha ijaa | 10 | |
| 3 | Maammoo Bokii Araddaa | Dhi | 67 | Qoricha mortuu | 21 | |
| 4 | Nugusee Geergisaa Kabbadaa | Dhi | 55 | Qoricha mortuu | 16 | |
| 5 | Maammitee Toleeraa Goofee | Dub | 50 | Qoricha waan saree | 12 | |
| 6 | Addisuu Margaa Kabbadee | Dhi | 36 | Qoricha waan saree | 7 | |
| 7 | Abbabaa Jorroo Aagaa | Dhi | 57 | Qoricha dhiqaa | 20 | |
| 8 | Ibsoo Simee Hordofaa | Dub | 49 | Qoricha simbiraa | 15 | |
| 9 | Taayyee Gaarradoo Jimaa | Dhi | 58 | Qoricha qufaa | 13 | |
| 10 | Mangistuu Abbabaa Dabalee | Dhi | 42 | Qoricha Baarilee | 8 | |
| 11 | Birhaanuu Haabtamuu Addunya | Dhi | 37 | Qoricha tonkaaritii | 7 | |

**DABALEE,E**

KOLLEEJJII NAMOOMAA QO’ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

Xiinxala fayyadama afaanii qoricha aadaa kennuufi fudhachuu keessatti haala uummata Oromoo aanaa Hidhabuu Abootee; afgaaffii namoota qoricha fuudhaniif taasifame.

Baay’ina gaaffilee afgaaffii =8 (Gaaffileen biroo adeemsa keessa itti dabalamaniiru)

Baay’ina namoota afgaaffiin taasiifameef=11

Iddoo itti raawwate=Mana ogeessota qoricha aadaa kennuufi mana isaanitti.

Guyyaa =12/07/2012 A.L.H. hanga 06/01/2013 A.L.H.

| T.L | Maqaa Guutuu | Saala | Umrii | Gosa qoricha fayyadamanii | Yaada |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Abbitee Shaashoo Margaa | Dhi | 50 | Qoricha ijaa | |
| 2 | Alamii Baacaa Badhiyyee | Du | 47 | Qoricha ijaa | |
| 3 | Balgituu Waaqjiraa | Dub | 40 | Qoricha mortuu | |
| 4 | Fayyisaa Gurrachoo | Dhi | 68 | Qoricha mortuu | |
| 5 | Girmaa Hambahee | Dhi | 52 | Dhiqaa | |
| 6 | Xajjii Roobaa | Dub | 39 | Simbira | |
| 7 | Darajjee Katamaa Alamu | Dhi | 30 | Qufaa | |
| 8 | Tafarii Mokoonniin | Dhi | 60 | Tonkaaritii | |
| 9 | Fayyisaa Badhadha Mootii | Dhi | 40 | Baarilee | |
| 10 | Abarraa Dasaa | Dhi | 45 | Qoricha waan saree | |
| 11 | Maammoo Alii Dabalaa | Dhi | 57 | Qoricha waan saree | |

**DABALEE,F**

KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

Ragaalee fayyadama afaanii afgaaffiifi Dawwaannaan Waraabbaman.

1. **Fayyadama afaanii qoricha ijaa kennuufi fudhachuu keessatti**

**Afgaaffii obbo Abdiisaa Abarraa waliin mana jireenya isaatti gaafa guyyaa 12/07/2012fi obbo Tasfayee Badhaanee Tulluu waliin mana jireenya isaatti gaafa guyyaa 14/07/2012 godhameerraa ragaa argame.**

Ani qoricha ijaan kenna. Namni kan dhukkubsatee dhufu dhukkuba ijaati. Dhukkubni kun waan tasaati. Qorichi dhukkuba ijaatiif kennamu kun dhukkuba sinbiraafis hinkennama. Mallattoo dhukkuba kanaa yeroo himatan: hinadammama jedhu. Yeroo qoricha itti ulaan qaaliidhan gazzachiisu. Sana booda dhukkubichi missii qaba. Missii ishee yoo argatte hinjibbiti. Dhukkubichi nama dhukkubsateerraa nama ta'ee haasa'a. Yoo irraa ka'uu baate qoricha itti dabaluun itti ulu. Qoricha kana akka hinshakkineef, nyaadheen itti agarsiisa. Dura ofirrattan shaakala. Qoricha kana namoonni ija qabu yoo tuqe hinrakasa, hinbushaa'a. Beekkumsa kana ijoollee kiyya keessaa kan laphee qabu, kan qalbii qabuuttan hima. Namni qoricha kana fudhatu durilleen irreessi baalaa, ammas irreessa qaba. Irreessi ammaa qarshii ta'eera.

2. **Fayyadama afaanii qoricha ijaa fudhachuu keessatti**

**Ragaa afgaaffii obbo Abbitee Shaashoofi aadde Alamii Baacaa waliin mana jireenya isaanitti gaafa guyyaa 12/07/2012fi 14/07/2012 walduraa duuban taasifamerraa argame.**

Qoricha jara kanan fuudhe. Qoricha waan diingataa jennaan. Bobbaa isaanitirra itti uli naan jedhe. Yeroo itti ullu, hinkakachiisna. Meeqa yuustee gadhiista jennaan. Yoo gadhiisuu didde adda gubatta jedhiin naan jedhe ogeessi. Yeroo akkas jennuun,torba yookin shan yuuseen gadhiisa jetti. San booda, iyyiteet gadhiisti. Yeroo gadhiistu missii qabdi. Missiin ishee daaraafi atalaadha. Kanumaan gadhiisti. Qoricha kana yeroo fudhannu, irreessa kennina. Qorichi irreessa malee qoricha hinta'u.

3. **Fayyadama afaanii qoricha mortuu Kennuu keessatti**

**Afgaaffii obbo Maammoo BokiifiNugusee Geergisoo waliin mana jireenya isaanitti gaafa guyyaa 18/07/2012 taasifame .**

Namni yeroo rakkate qoricha mortuun kenna. Mortuun haala jireenya namaa keessatti horiifi sanyii faca'e balleessiti. Namoonni mortuun loon isaanitti morte yeroo himatan: sanyii yareessiti, ciraa horiit balleessiti, waatiin jala hinguddattu, horiin dhalatuus qajjisa hinqabu, sanyiin faca'ees oldeebii dide jedhu. Namni moruus qajjisa hinqabu, daaraa fakkaata hinuma beekkama.

4. **Fayyadama afaanii qoricha mortuu fudhachuu keessatti**

**Afgaaffii adde Balgituu Waaqjiraa waliin mana jireenya isheetti gaafa guyyaa 18/07/2012 taasifamerraa ragaan argame.**

Qoricha mortuu fuudhee beeka. Mortuun waan namaatti falfalti. Kun falala jedhama. Bara darbee sanyii facaaseen oldeebii dide. Akkasumaan natti hoodatan, maasaa hagaabuu najalaa bulchan, sanyumalleen nadhowwani. Irreessa kennina. Qorichi irreessa malee, qoricha hinta'u.

**Afgaaffii obbo Fayyisaa Gurrachoo waliin gaafa guyyaa 19/07/2012 taasifamerraa raga argame.**

Qoricha mortuun fudhe. Dhukkuba biraa miti. Harka namaati. Nama qoricha naaf kennetti yeroon waan nagodhu yeroon himadhu: mudhiidhaa gadi naqorra, jilba keessa nadhufa, asii naaf gadhiisaa deema, sarphaa kana nadhufa; faana bu'a, jilba keessa nabahee, kanuma keessa nagaadi'a, nakotteessa, qoricha yoon argadhe garuu waan fayyuun se;a jedheen itti himadhe. Kanuma ani itti himuun qoricha naaf kenneen dibachaa jira. Irreessuman kenne. Marree qorichi irreesa qaba, irreessa dhabaa?

5. **Fayyadama afaanii qoricha waan saree kennuu keessattiAfgaafii addee Maammitee Tolaarraa waliin gaafa guyyaa 21/08/2012fi obbo Addisuu Margaa waliin gaafa guyyaa 23/08/2012 mana jireenya isaanitti taasifamerraa raga argame.**

Ani qoricha waan sareen kenna. Dhukkuba kana sareetu kaasa. Dhukkubni kun yeroo hunda hinka'u. Dhukkubichi bara qaba. Milikkita agarsiistettii? Eeyyee, gorora harcaasisa, eega suuqqatti, miilli lafa hinqabu, iji boolla bu'eet mammarattee ciisti. Milikkituma isaati; akkas godhee gaafa mataa dhuunfate, waan argite hunda ciniinti. Sareen akkas taate, horiis, namas hinfaalti. Qoricha kun xiniqqaaqee barbaada, safara kana akka hindabarsine. Qoricha kana kutuu, guuruu, buqqisuu dandeenya. Qoricha kana yeroo itti fayyyadamnu bishaaniin bulbulleet obaasna. Kanaaf qorichichi afaaniin cunuunfachuun fudhatama, ni obaafama. Erga qoricha kana kenniteefi booda namni akka bira hingeenye, gaaddidduu

qaba. Meeqan kanfala? Qorichii kanfaltii miti irreessa qaba. Qorichichi akka human godhatuuf, waanuma harkaa qabdu irreessi.

6. **Fayyadama afaanii qoricha waan saree fudhachuu keessatti**

**Afgaaffii obbo Abarraa Dasaafi obbo Maammoo Alii Waliin gaafa guyyaa 30/08/2012 taasifamerraa raga argame.**

Qoricha waan saree fuudhera. Daa'ima kiyya tuqxe. Sarittiin eega ofjala suuqxi, iji keessatti dhuma, oliigadi fiigdi, waanuma argite ciniinaa deemti, gorora harcaafti, gorora sana wahiin martee yoo olkeeche hinuummati, afuuraafi gororaan faalti, garaatti naqattee meeshaa garaa fixxee ajjeefti. Osoo hingodhatiin qoricha obaasta; Cireet keessaa yaasa. Ogeessi, Afaan isaaniis qabbana, harki isaanis qabbana. Qorichuma kanaan qulqullaa'e; naaf fayye, daaa'imni kiyya dhukkuba kanaan tuqamee. Kan miidhamus jira; waan ogeessi jedhu hanqisuun yookin osoo ofirratti hinbeekin. Yeroo qoricha fudhannu irreessa kennina. Qorichi kan hojjetu irreessa yoo qabaate.

7. **Fayyadama afaanii qoricha dhiqaa kennuufi fudhachuu keesssatti**

**Afgaafiifi daawwannaa obbo Abbabee Jorroo Aagaafi Obbo Girmaa Ambaahee waliin mana jireenya isaanitti gaafa guyyaa 11/07/2012 taasifamerraa argame.**

Dhukkubichi akkam godha? Waan waaqaa kanatu irra bu'e natti fakkaata, daa'imuma nagaha kanatu rifeensi ishee barbaree fakkaate, erga dhalattee gaduma deemti, olhinjettu, ija tana boolla buusee qaqalliseetuma migira taate, morma kana cabseet, duddas kute, qaaruu kanatu walrukkute. Dhukkubni kun dhiqaa jedhama. daa'imni qaqallisa, mataa dhaha

Hiddi dhiigaa arraba muraa fakkaata, hinlaassasa, hinalba'a, dudda kuta, daa'imni sun olhinjedhu, morma tana sarasara, hudduu lamaan nyaatee fixee, hinlasallasa, carquma ishee godha, gaduma deemti, ija keessatti fixee daa'ima yareessa, tibba tokko hindhaha, tibba tokko irraa dhaabbata kuni dhukkubuma dhiqaati. Anas nama yaali jedheetuma, handhuurri waaqarraa dhufee naharka bu'ee, waaqumatu na amalakkate addunnaa akkasii hinagarre, gaaddidduun isaa nafsaxuurirras hinbu'a, garuma keessatti irra qubata, gaafa dhaltu jirtuu miti. Risaan kun, dubartiin hababaa qabdu yoo tuqxe hinqassamama. Risaan kun gaaddidduu qaba, kinoo kana bunaan guyyaa sadiif obaasi,kana booda utaalet ka'a; Isa arginaan, daa'imni sun utaalee ka'e, kana irraan marstee yookin udaan isaa obasnan, qajeelet fayyisa. Akki itti fudhatan obsuu yookiin irraan marsuun dhiqama. Irreessi hoo? Jala muree dhibba shanan kanfalchisa, irreessa isaati, dalagee ofhaajiraachisu, uummata haayaalu, durilleen baalliis irreessa jedhu. Amma garuu wanni nyaatuus hinjiru kanuma inni nyaatu ittiin bituuf kanfalchiisna malee, irreessuma isaatiyyu.

8. **Qaaccessa fayyadama afaanii qoricha simbiraa kennuufi fudhachuu keessatti**

**Ragaa afgaaffiifi dawwannaa aadde Ibsoo Simeefi Xajjii Roobaa waliin gaafa guyyaa 06/09/2012, mana jireenya isaanitti taasifamerraa argame.**

Qoricha waan sinbiraan kenna. Dhukkubichi dhukkuba simbiraa jedhama. Akkam sigodha? Mallattoon isaa, matumatu bishaan naqata, nahooksisa, mataas nanyaata,funyaanis naqoxoqqoxa Waan simbiraa kana natti fakkaata, ija keessa akka wayiitti nanyaata, gurrarraa na iyya, funyaan kana keessa nanyaata, sammuu keessaa akka bineensatti nanyaata, furrii qallaatu akka bishaanitti nakeessaa yaa'a, fuula kana akka ibiddaatti naguba, addeessa waliin natti kaati. Kun dhukkuba waansinbiraati. Dhukkuba kana sinbiratu fida. Sinbira jedhamti malee, simbira hinfakkaattu, Simbira halkanii jedhamti; rifeensa ishee kana keessa akka buqqee fakkaatti, dhukkubni kun, madeesseet nyaata, hinhooksisa, deebi'ee iji baala fakkaatti, akka hiddaa yaasa, madeesseet nyaata, hinhooksisa, deebi'ee iji baala fakkaatti, akka hiddaa yaasa. Dhukkunni tun, ijas nama balleessiti, gurras nama qabdi, lafti siin mara, lafti sitti diimata,akkanumatti siindeema. Simbirumatu akkana sigodha, qoricha kana funyaaniin fudhadhu, erga qoricha kana torban tokkoof fudhattee sirraa caba. Anis, gaafa nadhukkube nan godha, namas hiikan jira. Qorichi kan dibachuufi obaasuu dandeenya, garuu garaagarummaa qaba. Qorichi dibatamu qibaatii waliin dibatama. Qorichu kun xiniqaaqeefi nitsinnaa isaa eeguu barbaada. Fakkeenyaa qoricha kana, dibatanii yeroo xinnoo bubbulan; kan akka bishaan suummoo keessaa yaasa. Ogummaa kana ijoollee kiyya keessaa kan qalbii qabuttan hima. Yeroon itti himu qaalii galu. Irreessi keessan hoo? Irreessi kan qorichaati. Qorichi irreessa malee qoricha hinta'u.

9. **Fayyadama afaanii qoricha qufaa kennuu keessatti**

**Afgaaffii obbo Taayyee Gaarradoo waliin mana jireenya isaanitti gaafa guyyaa 23/10/2012 taasifamerraa argame.**

Qoricha qufaan kuta. Qufaan quufa jennaan. Namoonni qufaan qabe, mataa nafalaxa jedhu. Midhaan natti hadheesa kan jedhus jira. Qoricha kana danfisanii aara isaa ulatanii shafaffanatanii,ofukkaamsanii rafu, ganama yeroo ka'an,irrumaa deema. Kanaaf, hooma hinkanfalchiisu,kaanilleen irreessa qaba.

**Afgaaffii obbo Darajjee Katamaa waliin gaafa guyyaa 21/08/2012 taasifamerraa ragaa argame.**

Qoricha qufaa fayyadamee beeka, ofumaafan fuudhee itti fayyadame. Ajaarraa nadhahe, isumaan naqabe. Nama qoricha kennutti kanan himu: qoonqoofi funyaan nanyaata,huuruu kana naqabe, boyyoo natti gadiise,mataa nafalaxa, furrii qarruu fakkaatu,nakeessaa dhangalaase, qorichicha affeelii aara bishaan isaa uladhuu ofukkaamsii rafi jedha.Qorichicha fudhadhee, barii lafaa yoon ka'uu kan qoonqoo

fi funyaan keessa nayaatu asbuuten isaa hinjiru. Sana booda furriifi akkitaan kiyya bicaa fakkaate, sana booda inuman fayye. Qorichi aadaa kaan irreessa fudhatu. Inni garuu hooma narraa hinfudhanne.

**Afgaaffiifi Dawwannaan obbo Mangistuu Abbabaafi Fayyisaa Badhadhaa waliin mana jireenya isaanitti gaafa guyyaa 05/12/2012 taasifamerraa argame.**

Qoricha baarileen guura.mallattoo isaa yeroo himatan: dhukkubichi waan akka ikakii qaba, na nyanyaata jedhu. Mee akkam faa sigodha? Waatu natti bahe, yeroo qaba. Dhukkubni kun dhukkuba baarillee natti fakkaata. yoon, qibaatii dibadhuus hincululuuqsu. Ogeessi  qoricha kennu qoricha dibachuun dura akka nitsinnaa eegan nama gorsa. Qorichi qixalii mukaa walitti guuruun kennamu kun baay’ee gaariidha. Qoricha kana dibannaan, gogaa na laxxaxe. Akkasumas, yeroo dibattu si hanadada. Dibattee guyyaa saddeetiti milikkita agarta. Erga dibattee aduutti bahi. Nama amantaa qabuun barsiisa Biqiltoonni qoricha kanaaf oolan fagaataniiru. Aduu keessa taa’i. Irreessi hoo? Irreessi beekkamaadha. Waanuma qabani.

**10. Fayyadama afaanii qoricha tonkaaritii Kennuufi fudhachuu keessatti**

**Afgaaffii obbo Birhanuu Habtaamuu waliin gaafa guyyaa 06/01/2013fi obbo Tafarii Mokoonniin waliin gaafa guyyaa 07/06/2012 taasifamerraa argame.**

Qoricha tonkaaritiin kenna. Tonkaaritiin dhiiraafi dhalaa qaba. Qorichi kun kan awwalluu, kan dibatanis jira. Kanaan ani kennu kan awwallamu. Namni dhukkubsatee dhufu mallattoo irratti mul’atu himata. Yeroo mallattoo kana himatan: gadteessumni kiyya dhiiga qaba , hidda walitti naguura, karaa bobbaa kana fuchee baha, teessuma nadhorka, mataatti naguba jechuun himatu. Ogeessi erga mallattoo qaama kiyyaafi waanan itti himu dhaggeeffatee booda, yoo qaamni kee fayyaa ta’e qorichan siif awwaala, yoo qaamni kee miidhamaa ta’e; dura waan gaarii nyaadhu, waan garaa laaffisu nyaadhuu dhugi jechuun natti hima. Qoricha yeroo naaf kennuuf jedhu, qoricha kana obsii awwaalladhu jechuun na jajjabeessan. Erga qoricha naaf kenneen booda: nyaata dhuka qabu nyaadhu, qurichi kun hiddaan buqqisa jechuun natty himan. Qorichicha, nama human hinqabneef hingodhu. Karaa gadteessumaa kanarratti nabahe.Dhukkubni kun, arraabeet nafixe. Du’een deebi’e. Beekkumsa kana nama qalbii qabu, kan laphee qabuuttan dabarsa. Yeroon beekkumsa kiyya kana itti himu waadaan galcha, nan kakachiisa: qorichi kun anaafis ormaafis, akkisaas akkuma, hammisaas hammuma alaafis manaafis hinhir’atu, hindabalu, safara hince’u safara hinhanqatu, faloof malee haloof hinoolu, waadadha, waadadha, waadadha akka jedhanii kakataan gochuun, malee callisee namatti hinhimu. Sababnisaa, qoricha kanaan nama miidhuu danda’u. Namni qoricha kan fudhatu irreessa kenna

**DABALEE,G**

KOLLEEJJII NAMOOMAA QO’ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

Suuraawwan Ragaaleen Qorannichaa Daaawwannaafi Afgaaffiin Funaannaman Agarsiisan



Suuraa 1: Afgaaffii nama qoricha

fudhate waliin taasifame





Suuraa2:Afgaaffiifi daawwannaa qoricha dhiqaa



Suuraa 3: Afgaaffii Ogeessa Qoricha Ijaa



Suuraa 4: Afgaaffii Ogeettii Qoricha Simbiraa

**Mirkaneessa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti ibsame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta’uu ibsaa;hojiin kun kanaan dura yuunvarsiitii kam keesssattuu kan hindhihaannee ta’uu mirkaneessaa;yaadrimeewwan qorannoo kanaaf dhimma itti bahe hunda wabii keessa kaa’uu koo mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa Qorataa____________________________________________________

Mallattoo________________________________

Guyyaa__________________________________

Ani gorsaan barataa____________________________________________________waraqaan qorannoo isaa ofittisuuf ‘Defence’ dhihaachuu danda’uu isaa mallattoo kootiin mirkaneessera.

Maqaa Gorsaa_______________________________________

Mallattoo_________________________

Guyyaa__________________________